

**XIINXALA HAASBARRUUFU FAYYADAMA
AFAAN OROMOO MANA MURTII AANAA HIDHABUU
ABOOTE**

GAMMACHIIS ZAWDUU CHARUU

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA (MA)
GAMISAAN GUUTTACHUUF
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU
FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII**

HAGAYYA, 2016

FINFINNEE

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OG-BARRUUFII FOOKLOORII

XIINXALA HAASBARRUUFII FAYYADAMA AFAAN OROMOO
MANA MURTII AANAA HIDHABUU ABOOTEE

QOPHEESSAAN: GAMMACHIIS ZAWDUU

GORSAAN: DR. AMAANU'EEL ALAMAAYYOO

HAGAYYA, 2008/2016

FINFINNEE

Yuunivarsitii Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Warqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun gamisaan guutachuuf Gammachiis Zawduutiin, Mataduree “*Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee*” keessatti raawwatame waliin hidhata qabaachuun qophaa’e sadarkaa ulaagaa Yuunvarsitiin kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Dura taa’aa Muummee yookaan walitti qabaa Digirii lammaffaa (MA)

Axereera

Qorannoo kana gaggeessuudhaaf wanti qorataa kakaase, abbootiin dhimmaa mana murtii kanati gargaaramanii yemmuu bahan haali fayyadama afaanii achi keessatti akka isaan rakkise yeroo komatan dhagahuufi namoonni waa'ee mana murtiifi haala itti fayyadama afaan achi jiruu hinbeekne gara mana murtii deemuuf sodaa isaan ibsan waan argeefiidha. Kanaafuu, qoratichi haali fayyadama afaan mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee rakkoo qabaachuufi dhiisuu isaa addaan baasee ibsuuf, qorannoo gaggeessuuf kaka'umsa argatee jira. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa immoo haasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessaa xiinxaluun ibsuudha. Akkasumas qorataan kaayyoo isaa galmaan gahuuf mala qorannoo makooti dhimma bahameera. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa immoo madda odeeffannoo tokkoffaafi lamaffaati. Kana malees malli iddattoo qorannoo kanaa kan of keessatti hammatu mala iddatteessuu akayyoo, eer-dabarsaafi carraa sirnaawati fayyadamuun odeef-kennitoonni filatamanii jiru. Ragaalee qorannoo kanaaf oolan funaanuufis mala funaansa odeeffannoo kanneen akka af-gaaffii, bargaaaffii, daawwannaafi sakatta'a dokumantiin funaanaman lakkoofsafi jechaan qaacceffamee jira. Argannoon gurguddoo qorannoo kanaa akka ibsanitti abbootiin dhimmaa yeroo duraaf gara mana murtii dhufan yoomeessa fayyadama haasbarruu bakka sanaa walaaluun yaada isaanii ibsachuuf kan rakkatan ta'uu, dhimmoonni baay'een mana murtii keessatti gabaajeefi lakkoofsaan waan ibsamuuf abbootii dhimmaan hubatamuu dhabuu, mana murtii keessatti jijjiirraan afaan biroorraa Afaan Oromootti taasifamu dhimmoota yakkaa keessaa kanneen akka dirqisiisanii gudeeduu, reebichaa, nama tasa du'e reeffa isaa qorachiisuufi dhimmoota hariiroo hawaasaa keessa immoo ragaalee Afaan Oromoon ala hojjataman qorachuuf kan taasifamu ta'uu, jijjiirraan afaan seeraas kan taasifamu namoota eeyyama turjumanummaa qabaniin ta'us rakkoolee hedduun kan guutame ta'uu, kitaabileen seeraa baay'een qaamoleen haqaa haqa mirkaneessuuf itti fayyadaman kan Afaan Amaaraa waan ta'eef hunduu akka yaada isaaniitti hiikachuun murtii kan dabarsan waan ta'eef haqa saffisaa kennuu dhabuu, yakka walfakkaataa irratti murtii gara garaa dabarsuufi jechoonni haaraan mana murtii keessatti dhimma itti bahaman karaaleen isaan uumaman ergifannaa, suphuu, digalaafi gabaajeen ta'uu bira gahameera. Kanarraa ka'uun yaboon qorannoo kanaa immoo hubannoon afaan seeraa dhaddaahan dura qaama dhimmi ilaaluun osoo abbootii dhimmaaf godhamee, eeyyamni jijjiirraa afaan seeraa ga'umsa ogummaa afaaniifi seeraa bu'ureeffatee osoo kennamee, kitaabileen Afaan Amaaraan tajaajila kennaa jiran kun osoo Afaan Oromootti jijjiiramee dhiyaateefi jechoonni haaraan mana murtiiti dhimma itti bahaman kun osoo koree walitinaan moggaafamee afaan seeraati dabalamee kan jedhuudha.

Galata

Duraan dursee waaqni fayyaa naa kennee asiin nagahe galanni isaa guddaadha. Itti aansee, gorsaa koo Dr. Amaanu'eel Alammaayyoo qorannoon kun akka fixa bahu deeggarsa ogummaa naa taasisaniif galanni isaanii yoomiiyyuu na biratti guddaadha.

Akkasumas adeemsa funaansa ragaa keessatti deeggarsa barbaachisaa kan naaf godhan hojjatoota waajjiraa mana murtii, haqaafi poolisii aanaa Hidhabuu Abooteef galanni koo guddaadha. Ragaan barbaadu naaf qindeessuun yeroo isaa arsaa godhee kan na deeggare abbaa seeraa obboo Tulluu Adaanaa cimseen galateeffadha.

Dhumarrattis haadha manaa koo barsiistuu Mabraat Tafarraafi ilma koo Firoomsaa Gammachiis obsaan na barsiisuu keessaniif galata argadhaa.

Jibsoo

Jechooni haaraan armaan gadiitti tarreeffamanii hiikaan isaanii Afaan Ingiliffaan dhiyaate kun kan qorannoo kana keessatti dhimma itti bahamaniidha.

- Haasbarruu: discourse
- Maleenya qaaccessa haasbarruu: approaches to discourse analysis
- Haasbarruu akka gocha hawaasaa guyyaa guyyaa keessatti: Discourse as social practice
- Maleenya Walqunnamtii Sanyaabaa: The Ethnography Of Communication
- Maleenya yaaxxina garagaraa: Variation theory
- Maleenya qabatamaa: Pragmatics
- Maleenya qaaccessa haasbarruu gadi fageenyaan: Critical discourse analysis
- Waljafuu: code-switching
- Makuu: code-mixing
- Naamusa Ogummaa: Ethical consideration

Jechoota Gabaajee fi Kottoonfachiiftuu

Gabaajee fi kottoonfachiiftuun armaan gadii kun jechoota qorannoo kana keessatti dhimma itti bahamaniidha.

- Fkn ----- fakkeenya
- ILQSO ----- Institiyutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa
- S/D/F ----- Sirna deemsa falmii
- KKF ----- Kan kana fakkaatan
- KTAS ----- Karoora tajaajila abbaa seerummaa
- S/A/F/S ----- Sirna adeemsa falmii sivilii
- S/A/F/Y-----Sirna adeemsa falmii yakkaa
- Q/p -----Qorannoo pooliisii
- Ykn ----- Yookaan
- CDA----- Critical Discourse Analysis

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereera.....	i
Galata.....	ii
Jibsoo.....	iii
Jechoota Gabaajee fi Kottoonfachiiftuu.....	iv
Baafata.....	v
Tarreeffama Gabateewwanii.....	ix
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1 Ariirrata.....	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	6
1.3.2 Kaayyoowwan Gooree.....	7
1.4 Faayidaa Qorannichaa.....	7
1.5 Daangaa Qorannichaa.....	8
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU.....	9
2.1 Maalummaa Haasbarruu.....	9
2.1.1 Haasbarruufi yoomessa.....	11
2.1.2 Ilaalchafi Haasbarruu.....	11
2.1.3 Aangoofi Haasbarruu.....	12
2.1.4 Maleenya Qaaccessa Haasbarruu.....	12
2.1.4.1 Haasbarruu Akka Gocha Hawaasaa Guyyaa Guyyaa Keessatti.....	12
2.1.4.2 Maleenya Walqunnamtii Sanyaabaa.....	13
2.1.4.3 Maleenya Yaaxxina Garagaraa.....	13
2.1.4.4 Maleenya Qabatamaa.....	14

2.1.4.5 Maleenya Qaaccessa Haasbarruu Gadi Fageenyaan.....	14
2.2Maalummaa Afaanii.....	15
2.2.1 Fayyadama Afaanii Dhimmoota Hawaasaa Keessatti	17
2.2.2 Haalota fayyadama Afaanii Murteessan	21
2.2.2.1 Diinagdee	21
2.2.2.2 Teeknoolojii.....	21
2.2.2.3 Aadaa	22
2.3 Fayyadama Afaanii Mana Murtii Keessatti	23
2.3.1 Waljafuu.....	26
2.3.2 Makuu	27
2.3.3 Ergifachuu.....	28
2.4 Haala Dagaagina Jechootaa Fayyadama Afaanii Keessatti	28
2.4.1 Diigala.....	29
2.4.2 Suphuu	30
2.4.3 Gabaajee.....	30
2.5 Maalummaa Jijjiirraa	30
2.5.1 Jijjiirraa Raawwachuuf Seerota Hordofamuu Qaban.....	31
2.5.2 Kaayyoofi Yaaxina Jijjiirraa	33
2.5.3 Jijjiirraa Gama Ogummaatiin.....	33
2.5.4 Jijjiirraa Gama Seeraatiin Raawwatu.....	34
2.6 Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii	34
2.6.1 Qorannoowwan Digirii Jalqabaa.....	35
2. 6.2 Qorannoowwan Digrii Lammaffaa	37
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA.....	39
3.1 Saxaxa Qorannichaa.....	39
3.2 Mala Iddatteessuu	39
3.3 Madda odeeffannoo	41
3.3.1 Odeeffannoo Dhunfaa Hirmaatootaa	41

3.3.1.1 Odeeffannoo Abbootii seeraa, Abbootii alangaa, Poolisiifi Abukaatoo	42
3.3.1.2 Odeeffannoo Abbootii dhimmaa Qorannicha Keessatti Hirmaatan	43
3.3.1.3 Odeeffannoo Dhuunfaa Itti gaafatamtoota Waajjira Haqaa, Mana Murtiifi Pooliisii Qorannicha Keessatti Hirmaatanii.....	43
3.4 Adeemsa Qorannoo.....	44
3.5 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanaman	44
3.5.1 Afgaaffii.....	45
3.5.2 Bargaaffii	45
3.5.3 Daawwannaa.....	46
3.5.4 Sakatta'a Dookumantii.....	47
3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee	47
3.7 Naamusa Ogummaa (Ethical Consideration).....	47
BOQONNAA AFUR: QAACCESSAFI IBSA RAGAALÉE	49
4.1 Qaaceessa Ragaalee Daawwannaan Argamanii	49
4.1.1 Fayyadama Haasbarruu Sirna Kabaja Kennuu Keessatti.....	49
4.1.2 Fayyadama Haasbarruu Adeemsa Sirna Ragaa Dhaggeeffachuurratti	51
4.1.2.1 Fayyadama Haasbarruu Sirna Kakuu keessatti	51
4.1.2.1.1 Xinxala Fakkoommii Mallattoolee Sirna Kakuu	52
4.1.2.2 Sirna Fayyadama Haasbarruu Gaaffii Duraa Keessatti	56
4.1.2.3 Sirna Fayyadama Haasbarruu Gaaffii Qaxaamuraa Keessatti.....	57
4.1.2.4 Sirna Fayyadama Haasbarruu Gaaffii Irra Deebii Keessatti	58
4.1.2.5 Sirna Fayyadama Haasbarruu Gaaffii Qulqulleeffannaa Keessatti	59
4.1.2.6 Sirna Fayyadama Haasbarruu Miira Ibsachuu Keessatti.....	59
4.1.2.7 Sirna Fayyadama Haasbarruu Adabbii Salphisuu Keessatti.....	62
4.1.2.8 Sirna Fayyadama Haasbarruu Adabbii cimsuu Keessatti.....	63
4.2 Qaaceessa Ragaalee Bargaaffii Haala Fayyadama Afaan Oromoorratti: Abbootii seeraa, Abbaa alangaa, Poolisiifi Abukaatootaan Dhiyaatan.....	64
4.3 Qaaceessa Odeeffannoo Bargaaffii Abbootii dhimmaa Haala Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Keessaa Ilaalchisee	74

4.4 Qaaccessa Ragaalee Dokumantii Irraa Argamanii.....	81
4.4.1 Fayyadama Hanqina Qubee	81
4.4.2 Fayyadama Jechaa	83
4.4.3 Haala Fayyadama Hima	84
4.4.4 Haala Fayyadama Keeyyataa	85
4.4.5 Haala Fayyadama Jijjiirraa	85
4.4.6 Haala Uumamsa Jechoota Haaraa Mana Murtiitti Keessatti.....	86
4.4.6.1 Ergifannaa	86
4.4.6.2 Diigala	88
4.4.6.3 Diigala Makoo.....	89
4.4.6.4 Suphuu.....	90
4.4.6.5 Gabaajeessuun	90
BOQONNAA SHAN: CUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	92
5.1 Cuunfaa.....	92
5.2 Argannoo Qorannichaa	93
5.3 Yaboo Qorannichaa	95
Kitabilee Wabii	97
Dabaleewwan.....	105

Tarreeffama Gabateewwanii

Gabatee 1a Ibsa Ragaa Abbootii seeraa, Abbootii alangaa, Poolisiifi Abukatootaa.....	42
Gabatee 1b Ibsa Ragaa Abbootii dhimmaa.....	43
Gabatee 2a-c Haala Fayyadama Afaanii Abbootii dhimmaa	74
Gabatee 3 Madaallii Hubannoo Jechoota Haaraa Mana Murtii.....	76
Gabatee 4a-b Madaallii Fayyadama Afaan Oromoo Dhaddacharratti	78

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun kutaalee ja'a kan of keessaa qabu yoo ta'u isaanis: Ariirrata, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaafi hanqina qorannichaatu dhiyaata.

1.1 Ariirrata

Afaan tajaajila hawaasaa keessatti gahee olaanaa qaba. Afaan meeshaa waliigaltee ilma namaa ta'ee kan namoonni iddoowwan gara garaatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchaniidha. Dhimma kana ilaalchisee hayyuun Hudson (1996: 230) yoo ibsu, "The social functions of language are the ways in which we use language to give our view of our relationships to other people." Jedha. Akka yaada kana irraa hubanutti afaan tajaajila hawaasa keessatti karaa yaada keenyaa ittiin ibsanuufi hariiroo namoota biroo waliin qabnu ittiin cimsanuudha. Dabalataanis waa'ee afaanii ilaalchisee hayoonni (Hodge and Kress, 1993) akka ibsanitti, Afaan kan dhalli namaa hawwii, fedhiifi yaada isaa mallattoolee adda addaatti gargaaramuun ittiin ibsatuudha jedhu. Kana irraa kan hubannu, afaan handhuura jireenya ilmaan namaa ta'uu isaafi namni miira isatti dhagahame jaalala, jibba, gadda, gammachuufi kan kana fakkaataan afaaniin ibsata. Afaaniin gochaawwan sammuu isa guddaa ta'uun waa'ee achii as dhufaatii keenyaa maal akka taane, akka nam-tokkeetti, akka hawaasaatiifi akka aadaatti kan nuti ittiin of ibsiinuudha.

Haali fayyadama afaanii iddoowwaniifi akkaataa dhimma itti bahan irratti garaa garummaa qabaachuu danda'a. Haaluma kanaan haala fayyadama afaanii ilaalchisee, hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irratti hundaa'ee garaa garummaa looga fayyadamuu akka danda'an hubachuun nidanda'ama.

Namoonni haala jireenya isaanii irratti hundaa'anii fayyadama afaanii kanneen akka: bakka daldalaa, waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa, mana yaalaa, bakka taphaa, dirree lolaa, dirree siyaasaa, mana amantaa, mana nyaataafi dhugaatii, mana murtiifi kan kana fakkaataan keessatti haala garaa garaatiin afaanitti fayyadamu. Namoonni

dhimmoota adda addaatiif kutaa hawaasaa garaa garaa irraa walitti dhufan yeroo afaanitti tajaajilaman ilaalcha isaanii karaa ibsuu danda'uun dubbiin yaada yookiin miira fedhii isaanii walii ibsu. Hawaasni aadaan, amantaan, ilaalchiifi fedhiin isaanii gara garaa yeroo walitti dhufan akka haala jireenya garee isaanii irratti hundaa'uun waan waliitti dhufaniif, yeroo kana afaanonni wal-jafuu, wal-makuun akkasumas ergifachuun walkeessa afaanitti fayyadamaa waliigalu (Muysken, 2000).

Namoonni yeroo afaanitti fayyadaman haala tajaajila afaanii iddoo sanii beekuufi beekuun dhabuun hubannoofi walqunnamtiirratti dhiibbaa geessisa. Namoonni sadarkaa adda addaa hawaasa keessatti argaman maaliif bifa gara garaatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo gaaffilee handhuura xinqooqa hawaasaa kan ta'an eenyutu, maaliif, haala akkamii keessattifi eessatti akka dubbatamu beekuun barbachisaadha (Clark:1996, Fishman: 1971, Wolff: 2000). Dhimmi afaan keessaa hafe hin jiru: kallattiinis ta'ee alkallatiin jiruufi jireenyi dhala namaa afaanirratti ijaarame. Isa malee baatii galli, allii manni ona. Daangaan hubannoo dubbataa afaan tokkoo murtaawaa ta'uyyuu, afaan waamara. Haaluma kanaan hawaasni gosa hojii garaa garaatti bobba'ee jiraata. Bakka hojii isaatti ammoo, dubbiidhaanis ta'ee barreeffamaan wal-qunnamtii nitaasiisa. Wal-qunnamtii kana keessatti afaan bakka hojii sanaa gahee guddaa qaba. Afaan hojiin ittiin geggeeffamu beekuufi dhisuun hojichaan gahaa ta'uufi dhiisuu waan murteessuuf, hamma galii keenyaallee nidaangeessa. Kanaafuu haala itti fayyadama afaaniifi hidhata inni aangoo waliin qabu karoorsa afaanii qopheessuurratti faayidaa guddaa qaba. Kun ammoo, seera biyya tokkoo hojiirra oolchuurratti gumaacha. Seera ittisa yakkaa keessatti sagalee waraabuudhaan yakkamoota addaan baasuun nidanda'ama (Addunyaa, 2010).

Uummanni Oromoo aadaa, duudhaa, sonaafi afaan tokko qabaatus fayyadama logaa irratti garaa garummaa qaba. Kunis, hawaasni tokko ta'ee ilaalcha ofii ibsachuu irratti adda addummaa qabaachuu danda'a. Fayyadama afaanii kana keessatti kutaan hawaasa

gara garaa haala dhimma isaanii irratti hundaa’uun afaan biraa wajjiin afaanonni wal-makuufi walirraa ergifachuun waliigaltee taasisuu danda’u. Yeroo kana ta’u immoo afaanichi dubbattoota isaatiin jechoonni haala kanaan afaanichatti dabalaman hubatamuu dhiisuu waan danda’uuf waliigaltee irratti dhibbaa fidu. Fayyadama afaanotaa ilaalchisee yaadimeewwan furmaata barbaadan kallattiiwwan adda addaatiin mul’achuu danda’u. Kanaaf ammoo, direewwan hojii afaanichaan tajaajilaman haala fayyadama afaanichaa hojiirra olaa jiru xiinxaluun wantoonni sirreeffamuu qaban yoo jiraatan kallattii kaa’uun barbaachisaadha. Haaluma kanaan Afaan Oromoo, Naannoo Oromiyaa keessatti, afaan hojii mootummaa naannoofi manneen barnootaa sadarkaa tokkooffaa hanga sadarkaa lammaffaa ta’ee akka tajaajilu Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii lakkoofsa 46/1994 keewwata(5) irratti tumamee jira. Dabalataanis yeroo ammaa kana dhabbiilee barnoota olaanaa keessatti, akka barnoota afaanitti kennamaa jira. Kanaafuu adeemsa itti fayyadama afaanichaa keessatti yaadimeewwan furmaata barbaadan karaa adda addaatiin mul’achuu danda’u. Haaluma kanaan, iddoowwan hojii Afaan Oromooti dhimma bahan rakkoolee haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee isaan muudatu karaa xinqooqa hawaasaatiin maali akka fakkaatu addaan baasanii ilaaluufi yaada furmaataa kennuun barbaachisaadha.

Qorannoon kunis kan irratti xiyyeeffatamee gaggeeffamu manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Afaan Oromootiin tajaajilaman keessaa isaan tokko kan ta’an Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Kaabaa keessa haala mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee irratti hundaa’uun akkaataa fayyadama afaanii maali akka fakkaatu qaaccesuufi rakkoolee gama kanaan muudatan addaan baasuun yaada furmaataa barbaaduuf kan gaggeeffameedha.

Aanaan Hidhabuu Abootee, Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa keessatti kan argamu yoo ta’u, aanoolee godina kanaa kudha afur keessaa isa tokkoodha. Aanaan Hidhabuu Abootee Finfinnee irraa kiiloo meetira dhibba tokkoofi shantamii afur fagaatee gara kaaba bahaatti kan argamu yoo ta’u, karaa bahaa aanaa Dagam, karaa dhihaa aanaa

Kuyyuufi Warra Jaarsoo, karaa kibbaa aanaa Dagamfi karaa kaabaa immoo aanaa Darraatiin daangafamtee jirti. Aanaan kun gandoota baadiyyaa kudha sagaliifi magaala tokko walitti ganda diigdama qabdi. Akka lakkoofsa uummataa bara 1999 A. L. I gaggeeffame agarsiisutti baay'inni uummata aanaa Hidhabuu Abootee dhiira 44,248, dhalaa 48,120 waliigalatti = 92,368 kan qabuudha. Akka odeeffannoon bulchiinsa aanaa Hidhabuu Abootee irraa argame ibsutti uumanni aanichaa harki caalu Afaan Oromoo kan dubbatu yoo ta'u, darbee darbee magaala irra warri Afaan Amaaraa dubbatanis nijiru. Akkasumas yeroo ammaa kana aanichi tajaajila haqaa saffisaa ta'e uummataaf kennuuf mana murtii hawaasummaa gandaa tokkoon tokkoo gandoonni aanicha keessa jirani kan mataa isaanii kan qabaniifi manni murtii aanaa tokko kan jiruudha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Manni murtii bakka seerri biyya tokko keessatti iddoo itti olaantummaan seerri qabu itti hojiirra oluudha. Seerri kunis kan inni ittiin hojiirra ooluu mirkana'uu danda'uudha. afaaniinidha. Haalli itti fayyadama afaan seeraas kan isa biraarraa adda. Waliin dubbiin mana murtii keessatti himataa, himatamaafi abbootii seeraa gidduutti geggeeffamu akka qaba. Abbootiin seeraa yeroo fedhan dubbachuufi callisuu, gaaffii gaafatamaniif akka seerichaatti deebii laachuufi dhiisuu danda'u. Himataafi himatamtoonni garuu, yoo hayyamameef malee dubbachuu akkasumas, callisuu hindanda'an. Kanaafuu, sodaa olaantummaa seeraa qofa osoo hintaane, olaantummaan abbootii seeraallee waan jiruuf, haalli itti dubbatan, wanti dubbataniifi isa dubbatame hubatan, akkasumas, wanti dubbatan isa bakka birootti dubbatanirraa adda. Addummaa kanas kan fide, bakkaafi gosa hojichaati. Isa tokkoof humana yoo laatu kaan immoo humana dhabsiisa (Addunyaa, 2010).

Jireenyi ilma namaa guyyaa guyyaan dhimmoota seraatiin kan guutameedha. Kana ilaalchisuun (Gibbons 2001) karaa yeroo deemnu wantoonni raawwatan, hojiin bakka adda addaatti hojjannu, jireenyi maatii keessatti qabnu hundi bu'ura seeraatiin kan

guutamaniidha. Seerri afaanitti fayyadamuun walitti bu'insa waliin jireenya hawaasaa keessatti uumamaniif kan furmaata kennuudha (Grewendorf and Rathert, 2009).

Hawaasni mana murtii hawaasummaa gandaa irraa kaasee sadarkaa sadarkaan rakkoolee humna isaati ol ta'eef furmaata barbaaddachuuf gara mana murtii dhaqa. Dhimooni hawaasni mana murtiiti dhiyeeffatu hundi jalqabaa hanga dhumaatti itti fayyadama afaanii mataasaanii danda'e qaba. Manneen murtiis, seera irratti hundaa'un furmaata barbaadu. Yeroo kanatti, itti fayyadamni afaanii gahee olaanaa qaba. Haali itti fayyadama afaanii dhimmi tokko furmaata akka argatuuf iddoo guddaa yoo qabaatu, hubannoo itti fayyadama afaanii kana dhabuun immoo, dhimma sana dabsuu danda'a.

Afaan akka barbaanetti kan itti fayyadamnu miti. Sirna itti fayyadama mataa isaa danda'e qaba. Kunis namni tokko fedhiifi miira itti dhagahame akkasumas waan beeku hunda kan hubachiisuu danda'u afaanitti fayyadameeti. Haata'u malee, yaada isaa dubbinis ta'ee barreefamaan yeroo dabarsu afaanitti akka barbaadeetti fayyadamee osoo hinta'in seera itti fayyadama afaani hawaasni baafate hordoofuu waan qabuufiidha (Clark, 1996). Yaada kanarraa akka hubannuutti, itti fayyadamni afaanii sirna mataa isaa kan qabu ta'u isaati. Keessattuu naannoo mana murtiiti afaan itti fayyadamnu caalaati sirna hedduu kan mataa isaa ta'e qaba. Itti fayyadamni afaanii, gaaffilee bu'uura xinqooqa hawaasaa kan deebisuudha. Dhimma kana ilaalchisee (Wolff, 2000) yaadasaa akka ibsutti, fayyadamni afaanii gaaffilee ijoo xinqooqa hawaasaa irratti kan ka'an kan akka eenyutu eenyuuf maali dubbata, yoomiifi eessatti dubbata, maaliifi akkamitti dubbata, kan jedhu haala itti fayyadama afaaniirratti bu'uureeffata. Gaaffileen bu'uura xinqooqa hawaasaa kun, kan hubachiisan eenyutu, eenyuuf maal dubbata kan jedhu haala hirmaattootaa waliin dubbii sana irratti argaman kan agarsiisu yeroo ta'u, yoomiifi eessatti dubbanna inni jedhu bakka waliin dubbii sun itti dubbatamuufi haala hawaasa waliin dubbii sana irratti hirmaatan kan ilaallatuudha. Maaliifi akkam kan jedhu immoo, afaan dubbatamu sun haala qabatamaan tajaajila maaliif akka oolu kan agarsiisudha. Kana irraa kan hubannu, afaan tokkotti namoonni fayyadaman mata dureen irratti dubbatan, bakkaafi iddoo itti

dubbataniifi namoota itti dubbatan irratti hundaa’ un haala itti fayyadama afaaniifi sirni dubbi keenyas haaloota kana faana kan jijjiramu ta’uu isaati.

Qoratichi ka’umsa kanaafi qabatama ofii yeroo adda addaa dhimmaaf mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee dhaqee, abbootiin dhimmaa mana murtii kanatti gargaaramanii yemmuu bahan itti fayyadamni afaanii achi keessatti akka isaan rakkise yeroo komatan dhagahuufi namoonni waa’ee mana murtiifi itti fayyadama afaanii achi jiruu hinbeekne gara mana murtii deemuuf sodaa isaan ibsan waan argeefiidha. Kanaafuu, qoratichi itti fayyadamni afaanii mana murtii aanichaa rakkoo qabaachuufi dhiisuu isaa addaan baasee ibsuuf qorannoo gaggeessuuf kaka’umsa argatee jira. Haaluma kanaan mata duree haasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee irratti ragaa abbootii dhimmaafi qaamolee haqa mirkaneessan irraa argate xiinxaluun qorannoo kanaan gaaffilee bu’uuraa armaan gadii deebisuuf qophaa’era.

1. Mana murtii keessatti sirni fayyadama haasbarruu maali fakkaata?
2. Jechoonni haaraa mana murtii keessatti dhimma itti bahaman haala akkamiin uumamu?
3. Mana murtii keessatti jijjiraan afaanota biroo irraa gara Afaan Oromootti jijjiiramu dhimmoota maaliif, eenyuufi haala kamiin raawwataa?
4. Rakkooleen fayyadama afaaniin walqabatani mana murtii keessatti muudatan kan akkamiiti?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Mata dureen kun kaayyoowwan gurguddoo lama of jalaa qaba. Isaanis: kaayyoo gooroofi gooreeti.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, haasbarruufi haali fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maal akka fakkaatu sakkata’uun ibsuudha.

1.3.2 Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa immoo Kan armaan gadii ta'u.

- Sirni fayyadama haasbarruu mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maali akka fakkaatu addaan baasuu.
- Jechoonni haaraan mana murtii keessatti dhimma itti bahaman haala akkamiin akka uumaman ibsuu.
- Mana murtii keessatti jijjiirraan afaan biroo irraa gara Afaan Oromootti taasifamu dhimmoota maaliifi eenyuun akka taasifamu ibsuu.
- Rakkoolee fayyadama Afaan Oromootiin walqabatani manna murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti muudatan addaan baasuun ibsuu.

1.4 Faayidaa Qorannichaa

Bu'aan qorannoo kanarraa argamu faayidaalee armaan gadii argamsiisuu danda'a.

- Inistituyutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiif akka madda odeeffannoo tajaajiluu danda'a.
- Qophiilee kitaabolee Afaan Oromoo keessatti akka madda ragaati fayyaduu danda'a.
- Koree waalta'ina Afaan Oromoo irratti hojjataniif akka madda ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.
- Namoonni waa'ee xinqooqa hawaasummaa irratti barreessuu barbaadan itti fayyadamuu danda'u.
- Namoota gara fuladuratti mata duree kanaan wal-fakkaatu irratti qorannoo gaggeessaniif akka yaada ka'umsaati madda ta'uu danda'a.
- Manneen murtii Afaan Oromootiin hojjetan bu'aa qorannoo kanarraa fayyadamoo ta'uu danda'u.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaatti Godina Shawaa Kaabaa aanaa Hidhabuu Abooteetti mana murtii aanichaa keessatti dhimmoota haasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoon walqabatan ilaalchisee haala fayyadama haasbarruu, haala fayyadama Afaan Oromoo qaamolee haqa mirkaneessaniifi abbootii dhimmaa, haala jijjiirraa afaaniifi uumamsa jechoota haaraa mana murtii keessaatti ragaa onkololeessaa hanga caamsaa bara ‘2008’ raawwataman xiinxaluun ibsuu irratti xiyyeeffata.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Hanqinaaleen qorannoo kanaa, gabaabina yeroofi hanqina baajataa irraa kan ka’e abbootii dhimmaa hunda irraa ragaa funaanachuu dhabuu, mataduree kanaan walfakkaatanirratti akka aanaa kanatti kanaan dura qorannoon waan hinhojjatamneef ragaa gahaa dhabuufi abbootiin dhimma tokko tokko mata duree qorannoo kanaa ilaaluun barmatileen hawaasni naannoo mana murtiitti qabu sodaan kan guutame waan ta’eef odeeffannoo gahaa kennuu irraa of qusachuu isaaniiti. Haata’u malee, qoratichi hanqinoota ibsaman kanaaf akka furmaatatti kan fayyadame, yeroo argameetti karooraan fayyadamuun iddattoo isaa filateera. Hanqina baajataa immoo gargaarsa gaafatee itti fayyadamee jira. Dabalataanis mata duree qorannoo kanarratti Afaan Oromoon kan hojjetaman bal’inaan dhabamus, kanneen walfakkiiifi walitti dhufeenya qaban Afaan Amaaraafi Ingiliffaatiin naannoo biraatti digirii jalqabaafi digirii lammaffaan hojjetaman itti gargaaramee jira. Dhumarratis abbootii dhimmaafi qaamolee haqa mirkanneessaniif dursa kaayyoo qorannichaa akka hubatan gochuun odeeffannoo akka kennan taasisee jira.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqannaan kun, sakatta’a barruuwwan qorannoo kana cimsan of keessatti hammata. Haaluma kanaan boqannaa kana jalatti maalummaa haasbarruu, ilaalchafi haasbarruu, aangoofi haasbarruu, maleenya qaaccessa haasbarruu, maalummaa afaanii, fayyadama afaanii, haalota fayyadama afaanii murteessan, faayyadama afaanii mana murtii keessatti, haala uumamsa jechootaa, maalummaa jijjiirraafi sakkata’a qorannoo wal-fakkiitu duraa duubaan ibsamani jiru.

2.1 Maalummaa Haasbarruu

Maalummaa haasbarruu ilaalchisee yeroo gara garaatti hayyoota adda addaatiin hiikaan gara garaa itti kennamaa tureera. Haasbarruu yeroo jennu wanta barreeffaman jiru tokko yookaan wanta afaniin dubbatamu tokko akkasumas, mallattoowwan adda addaa kan hiika dabarsuu danda’an of keessatti hammata. Hayyuun Teubert (2010:115) yaada kana ilaalchisee “ It is the discourse that makes reality available to us” jedha. Kana jechuunis, dhugaan tokko akka jiraatu kan taasisu haasbarruudha jechuudha. Wanti tokko bifa dubbiitiin, barreeffamaan yookaan mallattoodhaan yoo dhihaate dhugaa tokko nu hubachiisa jechuudha. Dhugaan kunis wantoota hawaasni guyyaa guyyaan raawwatu of keessatti hammata. Haasbarruu jechuun maal jechuu akka ta’e hayyuun Schiffirin (1994: 20-21) haala kanaan kaa’ee jira. “Discourse is often difined in two ways. A particular unit of language (above the sentences) and a particular focus (on language use). These two definitions of discourse reflect the difference between formalist and functionalist paradigm.”

Akkuma ibsa armaan oliirraa hubachuun danda’amuttii haasbarruu karaalee gurguddoo lamaan hiikuu dandeenya. Tokkoffaa haasbarruu jechuun qaama murtaawaa afaanii kan himaa ol ta’e tokko jechuudha. Akka ilaalcha modeela kanaatti haasbarruu yeroo qacceessinu seerluga afaaniirratti yookaan caasaa afaaniirratti hundoofnee qaacceessina jechuudha. Lammaffaan immoo haasbarruu jechuun faayidaa afaan hawaasa keessatti

qabu yoomessa keessatti dubbatame yookaan barreeffame walitti fiduun ilaaluu jechuudha. Hiikaawwan lamaan haasbarruudhaaf kennaman kunneen garaagarummaa modeeli caasaa bu'uureffateefi tajaajila bu'uureffate qaban kan agarsiisuudha. Kanaafuu qorataan kunis haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo haala mana murtii aanaa Hidhabu Abootee yoo xinxaalu modeela tajaajila bu'uureffate irratti Xiyyeeffateeti.

Hayyuun Stubbs (1993: 1) maalummaa qaaccessa haasbarruu ilaalchisee haala kanaan ibsa. "Discourse analysis is also concerned with language in use in social context and in particular with interaction or dialogue between speakers" jedha.

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubachuun danda'amu, qaaceessi haasbarruu akka waliigalatti afaan yoomessa hawaasaa keessatti dubbatame tokko kessatti faayidaa maalii akka qabuufi waliin dubbii namoota gidduutti taasifamu keessatti maali akka fakkaatu qaaceessuuf kan gargaaru ta'uusaati. Hayyuun Yule (2010: 142) akkana jedha. "The word 'discourse' is usually defined as language beyond the sentence and so the analysis of discourse is typically concerned with the study of language in texts and conversation."

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti jechi haasbarruu jedhu hiikaan isaa afaan himaa oliiti jedha. Kanaafuu, qaaceessi haasbarruu afaan yoomessa tokko keessatti maali akka fakkaatuufi waliin dubbii namoota gidduutti taasifamu xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Qaaccessa haasbarruu jechuun afaan walqunnamtii kessatti qo'achuu yookaan walqunnamtii namoota gidduutti adeemsifamu karaa xinqooqaatiin ilaaluu jechuudha. Kana jechuunis haasbarruu jechuun yeroo namoonni walqunnamtii adeemsisan afaan achi keessatti fayyadaman sun maaliif akka oole ilaaluu yookaan immoo yeroo namoonni waliin dubbii adeemsisan waliin dubbii sana karaa xinqooqaatiin maali akka fakkaatu ilaaluu jechuudha. Qorannoon kunis walqunnamtii namoota gidduutti taasifamu yookaan waliin dubbii namoota gidduutti adeemsifamu keessatti afaan itti fayyadaman maaliif akka ooleefi jechoonni itti fayyadaman haala kamiin akka dhufan qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

2.1.1 Haasbarruufi yoomessa

Yoomessa jechuun hawaasni tokko afaan isaatti fayyadamee yeroo gochaalee adda addaa raawwatu haala isaan afaan sana keessatti dubbatan jechuudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Malinowski (1923: 307) haala armaan gadiitiin kaa'ee jira.

Without some imperative stimulus of the moment, there can be no spoken statement. In each case, there fore, utterance and situation are bound up inextricably with each other and the context of situation is indispensable for understanding of the words. Exactly as the reality of spoken or written languages, a word without linguistic context is a mere fragment and stands for nothing by itself, so in the reality of spoken living tongue, the utterance has no meaning except in the context of situation.

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amuutti, namni tokko secondii muraasaaf illee fedhii isaa malee jecha tokko dubbachuu hinbarbaadu. Dubbiifi haalli keessatti dubbatamu walitti dhufeenya guddaa qabu. Akkasumas, dubbii dubbatame tokko hubachuuf haalli dubbatame baay'ee barbaachisaadha. Barreeffama yookaan haasawa guyyaa guyyaan taasifamu keessatti jechi tokko yoomessa xinqooqaa malee yoo dubbatame yookaan barreeffame waan tokko ibsuu akka hindandeenye ibsee jira. Walumaagalatti, haasbarruu guyyaa guyyaan godhamu keessatti dubbiin tokko yoomessa keessatti dubbatame malee faayidaa akka hinqabne yaada kanarraa hubachuun nama hinrakkisu.

2.1.2 Ilaalchafi Haasbarruu

Yaadirmeen ilaalcha jedhu kun qaaccessa haasbarruu gadifageenyaa keessatti baay'ee barbachisaadha. Ilaalchi walitti qindaa'ina tuuta aadaa tokkoo ta'ee kan hojiirra oolmaa aadaa tokkootiif ija hawaasni walqixummaa yookaan wal caalmaa aadaa sana itti ilaalu kan keessatti balbaloomsinuudha. Ilaalchi fedhiifi aangoo garee hawaasa tokkoo hubachuudhaaf nu tajaajila. Ilaalchi faayidaalee kana galmaan gahuudhaaf nu fayyada. Sababni isaas, ilaalchi karaa hawaasni tokko addunyaa naannoo isaanii jiru ittiin ibsu waan ta'eef. Yaada kanas hayyuun Woofitt (2005: 140) irratti yaaduma kana cimsuun haala armaan gadiitiin kaa'ee jira.

The concept of ideology is crucial in CDA. Ideologies are taken to be organized sets of beliefs which mobilize practices and view points which sustain inequalities a cross society. Ideologies thus serve to protect the interests of powerful groups. They perform this function in subtle ways because they inform how we come to interpret the world around us.

2.1.3 Aangoofi Haasbarruu

Qaaccessa haasbarruu gadifageenyaa keessatti aangoon iddoo guddaa qaba. Hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti seera ittiin buluufi akkaataa aangoo itti walii kennutu jira. Yaada kana ilaalchisees hayyuun Wooffit (2005:140) haala kanaan yaada isaa kenneera. "... the ways in which we talk and write about the world reflect wider ideological pressures and ultimately, particular constellations of power relations. Discourse, then, is the site of power" jedha. Akka yaada kanatti, akkaataan nuti waa'ee addunyaa naannoo keenyaa itti dubbannuufi barreessinu, ilaalcha keenya irratti dhibbaa uuma. Akkasumas dhuma irratti aangoo hawaasni tokko qabu murteessa. Kanaafuu, haasbarruun, aangoo keessattis iddoo guddaa qaba jechuudha.

2.1.4 Maleenya Qaaccessa Haasbarruu (Approaches To Discourse Analysis)

Haasbarruun tokko yeroo qaacceeffamu maleenyaalee adda addaa hordofuudhaan qaacceeffama. Maleenya kanneenis hayyoonni adda addaa haala adda addaatiin dhiheessanii jiru. Maleenyaaleen qaacceessa haasbarruu isaan ijoo ta'an, maleenya haasbarruu akka gochaawwan hawaasa guyyaa guyyaatti, maleenya walqunnamtii sanyaabaasaa, maleenya qabatamaa, maleenya yaaxxina garagaraafi maleenya qaaccessa haasbarruu gadi fageenyaa. Maleenyi kun tokkoon tokkoo isaa haala armaan gadiitiin dhiyataniiru.

2.1.4.1 Haasbarruu Akka Gocha Hawaasaa Guyyaa Guyyaa Keessatti (Discourse as Social Practice)

Maleenya haasbarruu keessaa tokko haasbarruu akka taateewwan hawaasatti kan jedhuudha. Kana jechuun haali fayyadama afaanii yookaan haasbarruun tokko kan ilaalamu karaa hojii hawaasatiin malee karaa hojii dhunfaa nama tokkootiin miti

jechuudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Fairclough (1992:63) “ in using the term ‘discourse’, I am proposing to regard language use as a form of social practice, rather than a purely individual activity or a reflex of situational variables.” Haasbarruu yookaan fayyadama afaanii akka taateewwan hawaasatti yeroo jennu, gareen hawaasa tokkoo addunyaa kanarrattii waan tokko akkamiitti akka hojjetu yookaan raawwatu ilaalchisee fayyadama afaanii isaan achi keessatti uumaan ibsuu ilaallata. Akkasumas, haasbarruufi caasaa hawaasaa tokko gidduu walitti dhufeenyi afaanii kan jiru ta’uusaa ibsa.

2.1.4.2 Maleenya Walqunnamtii Sanyaabaa (The Ethnography Of Communication)

Maleenyaan walqunnamtii sanyaabaa haala haasbarruun tokko ittiin dhihaatu keessa isa tokkoodha. Kanas hayyuun Schiffrin (1994: 137) akka jetetti, “The ethnography of communication is an approach to discourse that is based in anthropology and linguistics”. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, walqunnamtiin sanyaabaa haala maleenya qaaccessa haasbarruu keessa tokko yoo ta’u kanirratti xiyyeeffatus xinmadda hawaasaafi xinqooqa ta’uusaati. Maleenyaan kun odeeffannoo haaraa barbaaduudhaan akkasumas, gaaffilee haaraa gaafachuudhaan yaaxinna haaraa maddisiisuudhaaf hojjata. Kana galmaan gahuudhaaf immoo walqunnamtii hawaasa gidduutti adeemsifamu tokko akka aadaa hawaasa sanaafi amala hawaasa sanaati fudhatee qaacceessuudha.

2.1.4.3 Maleenya Yaaxxina Garagaraa (Variation Theory)

Maleenyaan kun haala haasbarruun tokko itti dhihaatu keessaa isa birooti. Yaaxinni kun irra caalaa haasbarruu barreeffamaa giddugaleessa godhata. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan, barreeffama keessatti wanta barreeffame tokko karaa xinawaasanis ta’ee xinqooqa keessatti kan wanta dubbatame yookaan wanta barreeffame tokko wajjiin walfakkaatu barbaadurratti xiyyeeffata. Schiffrin (1994:130) akkana jetti, “variationists try to discover patterns in the distribution of alternative ways of saying the same thing”.

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda’amutti namoonni yaaxina kanaan haasbarruu qaacceessuurratti hirmaatan yaada yookiin dubbii tokko karaa gara garaatiin dubbachuu

akka danda'amu fakkeenya uumuudhaan filannoo adda addaa dhiheessu. Kanaafuu, yaaxxinni kun kallattii adda addaatiin xinxaluudhaan haasbarruu balballoomsa.

2.1.4.4 Maleenya Qabatamaa (Pragmatics)

Maleenyaan qabatamaa maleenyaalee qaaccessa haasbarruu keessa isa birootiifi isa bal'aadha. Dhihannaan kun yaadirmeewwan sadeen qo'ata. Isaanis: hiikaa, yoomessafi walqunnamtiiidha. Kana jechuunis walqunnamtii godhamu keessatti jechi tokko mallattoo maali akka bakka bu'uufi hiika akkamii akka qabu ilaala. Kanas hayyuun Schiffirin (1994: 194) haala kanaan ibsitee jirti, "...pragmatics is the study of the relation of sign to interpreters." Akka yaada kanaatti maleenyaan qabatamaan kun yoomessa dhugaa keessatti hiika mallattoon tokko qabu nama isa fayyadame sana wajjiin walbira qabee kan qo'atuudha. Haaluma kanaan namni qorannoo tokko irratti hirmaatu, yaaxxina kaayyoo qorannoo isaa waliin deemu yoo filate milkaa'ina qorannoo isaaf barbaachisaadha. Kanuma irraa ka'uudhaan qorataan tokko walitti dhufeenya mallattoofi nama mallattoo sanatti fayyadamu gidduu jiru bu'ura godhachuun kan xiinxaluudha.

2.1.4.5 Maleenya Qaaccessa Haasbarruu Gadi Fageenyaan (Critical Discourse Analysis (CDA))

Qaaccessa haasbarruu gadi fageenyaa yoo jennu aadaa hawaasa tokkoo keessatti faayidaa afaan yoomessa dubbatame keessatti qabu gadi fageenyaan kan xiinxalu jechuudha. Hayyoonni adda addaa sakatta'a qaaccessa og-barruu karaalee adda addaatiin hiika adda addaa itti laataa turaniiru Wodak and Meyer (2001 :2) irratti Habermas (1977:259) waabeffachuun akka armaan gaditti ibsanii jiru.

CDA may be defined as fundamentally concerned with analyzing opaque as well as transparent structural relationships of dominance, discrimination, power and control as manifested in language. In other words, CDA aims to investigate critically social inequality as it is expressed, signaled, constituted, legitimized and so on by language use (or in discourse)

Akka ibsa armaan oliitti qaaccessa haasbarruu gadi fageenyaa jechuun hariiroo hawaasa giddu jiru kanneen akka wantoota aadaa sana keessatti beekaman, aangoo, haala itti

fayyadamiinsa aangoo, halli itti walyakkaniifi kan kana fakkaataan akkamitti afaanitti fayyadamanii hojii irraa akkamitti akka oolchan kan qo'atuudha. Karaa biraatiin immoo gadi fageenyaan qaaccessi haasbarruu kan kaayyeffameef, hawaasni afaan sanatti fayyadamu akamitti walqixummaa isaanii akka kabajan, seeraafi heera isaanii seera qabeessa akkamitti akka taasisan kan sakatta'uudha. Kanaafuu, gadi fageenyaan qaaccessi haasbarruu aadaa hawaasa tokkoo keessatti haasbarruu hawaasa sanaa kallattiiwwan adda addaatiin gadi fageenyaan qaaccessuudhaaf kan gargaaruudha.

Walumaagalatti namni qorannoo tokko gaggeessuudhaaf jedhu yaaxinni itti gargaaramee qorannoo sana gaggeessu murteessaadha. Kana jechuun qorataan yaaxxina kaayyoo qorannoo isaa wajjiin deemu filata.

2.2 Maalummaa Afaanii

Maalummaa afaanii ilaalchisee hayyoonni gara garaa karaa adda addaatiin hiika kennanii jiru. Akka Krauss and Chiu (1993: 87) “Language is the medium of communication through which we express our emotions, ideas, feelings and thoughts to our fellow people” jedhu. Ibsa kana irraa akka hubannutti afaan karaa ilmi namaa walqunnamtii ittiin adeemsisu ta'ee, kan namoonni miira isaaniitti dhagahame: yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsataniidha.

Afaan yoo jedhamu akka feeteen kan uumame, qaamolee dubbii uumanitti fayyadamuudhaan dhalli namaa waliigalteen akka fudhateef akka isaa galutti yaada isaa kan dabarsu meeshaa waliigalteeti. Afaan ilaalchisee Addunyaan (2012: 1)

*Afaan waahalle kan itti jiraatan; kan ittiin jiraatan immoo jireenya.
Jiraachuuf ammoo, afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati.
Afuura baafannaan, lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal-fakkeessu yoo ta'u,
yaaduun garuu, bakka addaaniiti (point of departure). Afaan, kan ittiin
yaadaniifi wal-qunnamaniidha.*

Dabalataanis waa'ee afaanii ilaalchisee Goshgarian (2001:26) akka armaan gadiitti ibseera.

Language is the highest intellectual activity we practice. It is the way we define our selves who we practice. It is the way we define ourselves who we are as a species, as individuals, as society and as a culture. It is the bases of thought because it contains the symbols of thought.

Akka ibsa armaan olii kanarraa hubannutti, afaan gocha sammuu isa olaanaa dhalli namaa badhaafame ta'ee, afaan yaada nama dhuunfaa yookaan akka hawaasaatti dhagahame kan ittiin ibsataniidha. Akkasums, mallattoo eenyummaa aadaa saba tokkoo kan ittiin ibsatan jedha. Kana malee, afaan handhuura jireenya dhala namaati jedha. Namni miira isatti dhagahame afaan isaatiin ibsata. Waa'ee faayidaa afaanii ilaalchisee Cook (2010: 85) akka ibseeti,

Language is at the center of human life. We use it to express our love or our hatred, to achieve our goals and further our cares, to gain artistic satisfaction or simple pleasure. Through language we plan our live and remember our past: we exchange ideas and experiences, we from our social and individual identities.

Akka yaada kanarraa hubannutti, afaan meeshaa bu'uuraa ilma namaa ta'ee ilaalcha jaalala yookaan jibba nutti dhagahame muuxannoo qabnu irraa ka'uun kan ittiin ibsannuudha. Faayidaa afaanii keessaa muraasni, qorannoofi qo'annoo dhimmoota hawaasummaan wal-qabatan ifa baasuuf beekumsa dhokate sammuu keessaa ifa godhee agarsiisuuf, miira sammuu keessa jiru ifa gochuuf, aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo ifatti baasuuf, siyaasa hawaasa tokkoo olkaasee dubbachuufi kan kana fakkaatan ibsachuu danda'uudha (Beekaan, 2015). Waa'ee xinqooqa hujoo ilaalchisee hayyoonni garaa garaa yaada isaanii kennanii jiru. Akka Cooper (1976- 41) "Applied linguistics is the one of several academic disciplines focusing on how language is acquired and used in the modern world." Akka yaada kana irraa hubannutti, fayyadama afaanii jechuun naamusa dandeettii afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, akkaataa afaan itti baramuufi addunyaa hammaayaa'aa ta'e keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatu jechuudha.

Applied linguistics provides the theoretical and descriptive foundation for the investigation and solution of language related problems, especially those of language education (first language, second language and foreign teaching and learning), but also the problem of translations and

interpretation, lexicography, forensic linguistic and perhaps. (Richard 2008: 54)

Fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin wal-qabataniif furmaata barbaaduun yaaddiddama bu'uuraa kaa'uudha. Keessattuu rakkoo afaan barnootaa yoo ta'e afaan tokkoffaa, afaan lammaffaa yookaan afaan alaa baruu-barsiiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul'ataniif furmaata kennuudha. Akkasumas, rakkoo jijjiirraa afaanii keessatti mul'ataniifis furmaata barbaaduudha. Kana malee, caasaa afaan tokkoo qaaccessuun yookaan qorannoofi qu'annoo taasisuun furmaata kaa'uudha jedha.

Goldman-Rakic (1998) "Applied linguistic is concerned with the promoting our understanding of the role of language plays in human life. At its centers are theatrical investigations real world issues in which language plays leading role." Hayyuun kun fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsetti, xiinxalli fayyadama afaanii afaan guddisuufi hubannaa kennuu irratti gahee guddaa qaba. Gaheen fayyadamni afaanii jireeyna namaa keessatti taphatu xiinxaluu keessatti jiddu-galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojii irra oolmaa isaa kan qo'atuudha.

2.2.1 Fayyadama Afaanii Dhimoota Hawaasaa Keessatti

Akka Clork (1996) jedhutti, afaan kan qo'atamu haala caasaafi itti fayyadama isaatiniidha. Caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa, xinjechaa, xinhimaafi xinhiika afaanichaati. Haata'u malee, fayyadama afaanii qo'achuun akka caasaa afaanii qo'achuu salphaa miti. Kunis, fayyadama afaanii qo'achuun xinqooqa hawaasaa qo'achuu waan ta'eef. Itti dabaluun, qo'annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu, qo'annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qorachuudha. Haala kanaan, Liulseged (1994), qo'annoo fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti, hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanichaa waliin qaban filachuu kan gaafatudha. Seerichis haala adda addaarratti kan hundaa'u ta'uusaafi haalootiin kunis naannoo, mataduree, bakka hojiifi kan kana fakkaataan fa'a ta'uu danda'a jedha.

Gama biroon, haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976) Itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokko yookaan looga tokko keessatti haala dubbiin seerlugaan yookaan jechaan uumamu yookaan adda addummaa afaanota yookaan loogota gidduutti uumamudha. Kana malees, qo'annoon itti fayyadama afaanii xiyyeeffannoo garaa garummaa xinqooqaa garee murtaawaa tokko keessatti jiru kan ilaalu yookaan haala itti fayyadamaarratti adda addummaa garee hedduurratti mul'atu kan ilaalu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Gama kaaniin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaani iddoo adda addaa dhimmoota hawaasaa keessatti qabuudha. Haala kana Clark (1996) yoo ibsu, fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaa ta'uusaa lafa kaa'ee jira. Kanaafuu, hojiin fayyadama afaaniirratti hojjetamu, garaa garummaa haala xiinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun, haala itti fayyadama afaanii hunda adda addummaa hawaasaa sababa afaaniin uumamu kan hammatudha. As keessatti, garaa garummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garaa garaa afaanicha keessa jiru filatee kan dubbatu ta'uusaati. Fakkeenyaaf, bakka hawaasni tokko afaan adda addaa beekuti, afaan tokko hojii tokkoof afaan biroo immoo hojii gara biroof fayyadamuu danda'u.

Fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta'uu isaa, Coulmas (1997) Labov (1972a) wabeeffachuun ibseera. kunis, itti fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa calaqisiisa. Haaluma kana fakkaatun, Clark (1996) gama isaatiin, itti fayyadamni afaanii waliti dhufeenya hawaasaa waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsa. Itti fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee itti fayyadama afaanii haala hawaasaa kaamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachu qaba.

Itti fayyadama afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan hammatuudha. Walff (2000) itti fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaafilee akka yoom, eessatti, maaliif akkamitti, maaliin, eenyuuf

kan kana fakkaataan gaaffilee xinqooqa hawaasaa wal-qabatan kaasuun hubachuun akka danda'amu addeessa.

Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu, asxaa hawaasaa (sanyii, aadaa) isa olaanaa akka ta'etti ibsa. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda'a. Kanarraa ka'uun, Columas (1997) Tabouret-Keller (1985) wabeeffachuun akka ibseetti, itti fayyadama afaaniirratti hundaa'uun amala afaanii namichi dubbaturraa miseensa garee kamii akka ta'e adda baasuun akka danda'u ibsaniiru. Akka ibsa hayyoota kanaati, fayyadamni afaanii amala afaanii keessaa isa guddaafi salphaatti namni tokko garee hawaasaa kamii akka ta'e ittiin addaan baafanu ta'uu hubachuun nidanda'ama. Haala yaaxina xinqooqa hawaasaa ibsuun fayyadama afaaniirratti haala qabatamaa lamatu jira. Isaanis: fayyadamni afaanii haala hojiirra ooluun jijjiirama hammadamuufi hawaasni hunduu afaan akkuma dhimmichaatti garaa garummaan fayyadamuudha.

Gabaabumati, fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu otoo hinta'iin, haala qabatamaa hojii hawaasichaan kan dhugoomudha. Itti fayyadama afaanii ilaalchisee Clark (1996) qabxiilee afur lafa kaa'e: isaanis, fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii (Instances of language use), bal'ina itti fayyadama afaanii (arenas of language use), ta'iinsa itti fayyadama afaanii (assumption of language use)fi haala dhiyaannaa itti fayyadama afaanii (approach of Language use).

Fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii jechuun haala hawaasni tokko afaan gargaaramuun hojii tokko hojjetuudha. Kunis ergaa afaan waan tokko hojjechuuf kan gargaaru ta'ee, namoonni haala haasawa guyyaa guyyaa keessatti dhimma daldalaa, karoora, boqonnaa, falmii siyaasaafi kan kana fakkaataan itti fayyadamni jechuun nidanda'ama. Kana malees, afaan hojii guyyaa guyyaa keessatti raawwataman bashananuu, araarsuu, amansiisufi kkf hojiira kan ooluudha.

Bal'ina itti fayyadama afaanii kan jedhamu ammoo iddoo namoonni afaaniin waan tokko itti hojjetaniidha. Dhimmi bal'ina teessoofi dubbataa sanii kan agarsiifamuudha. Gama biraan,

ta'iinsa itti fayyadama afaanii akka Clark (1996) jedhutti qabxiilee hojiirra oolmaa jaha tarreesseera:

1. Jalqabarratti faayidaan afaanii dhimma hawasaaf ooluusaati. Hawaasni callisee afaanitti hinfayyadamu. Afaan dhimmota hedduuf itti gargaarama. Kunis, gumgummii irraa jalqabee hanga wal-beekuuti hojii guyyaa karoorsuu, hojii daldalaa, falmii siyaasaa, baruufi barsiisuu, bashannansisuuf, hojii mana murtii keessati, hojii dippiloomaasii, walitti dhufeenya biyyootaafi kan kana fakkaataan fayyadama. Isaan kunniin, hojiilee hawaasaati. Kanaafuu, afaan ammoo, meeshaa wantoonni kun ittiin raawwataniidha. Akkuma beekamuuti, afaan tajajila hojii hawaasummaa keessatti meeshaa ta'ee otoo hintajaajilu ta'ee, jirachuun hindanda'amu. Kanaafuu, afaan meeshaa waliigaltee ta'ee tajaajila jechuudha.

2. Itti fayyadamni afaanii gochoota adda addaa walqabsiisuuf fayyada. Afaaniiti fayyadamuuf yoo xiqqaate bakka bu'oota lama of danda'anii dhaabbatan barbaada. Bakka bu'oonni kunniin lamaan walitti dhufeenya qabaachuu qabu. Kunis, yeroofi iddoo murtaa'e keessatti qaamaan fuulaafi fulaan walarguu yookaan walii barreessuu qabu.

Yeroo hunda itti fayyadamni afaanii ergaa dubbataan darbu isa dhaggeeffatu biratti hiiknisaa hubatamuu qaba. Kana ta'uu baannaan, itti fayyadamni afaanii gatii dhabeessa ta'a. Yoomessi bu'uura itti fayyadama afaanii haasawa fuulaafi fuulaan gaggeeffamudha. Itti fayyadamni afaanii yeroo baay'ee gochaa boqqoonnaa tokkoon ol ta'e qaba. Gochoonni afaanii kunis kan itti adda bahan gosoota hirmaatotaan, yeroo, iddoofi gocha raawwatamuuniidha. Qo'annoon itti fayyadama afaanii saayinsii beekumsa hawaasaati. Saayintistoonni beekumsa (Cognitive) warra dubbataniifi dhaggeeffatan adda addaan qoratan. Yaaxinni isaanis waa'ee yaadaafi gochaa dubbataa yookaan dhaggeefata adda addaa baasuun kan xiinxaluudha. Gama biraan, qoratoonni hawaasaa gama isaaniitiin itti fayyadama afaanii jalqabarratti walitti dhufeenya qabanirratti gaggeessan. Xiyyeeffannoon isaanis haala yaadaafi gochaa namootaa otoo hinta'iin haala itti

fayyadama afaanichaarratti kan bu'uureffateedha. Kanaafuu, itti fayyadamni afaanii gosoota gocha adda addaa walqabsiisuuf yookaan walitti fiduuf kan fayyadu waan ta'eef qorannoon afaanii gama lamaaniin beekumsaafi hawaasaan qoratamuu qaba.

2.2.2 Haalota fayyadama Afaanii Murteessan

Afaanonni addunyaa kana irra jiran sababa adda addaan garaa garummaa adda addaa akka qaban beekamaadha. Garaa garummaan kun kan dhufuu danda'us sababa garaa garummaa seenaa, iddoo, siyaasa, teeknoolojii, amantaa, aadaafi kan kana fakkaatan irraa kan uumameedha. Yaada kana ilaalchisee, Crystal (1987:84) "Language varies enormously in global importance because of historical, demographic, political, technological and social uses." Akka ibsa kanaati, haalan fayyadama afaanii murteessan diinagdee, teeknoolojii, aadaa, gahee hojiifi kan kana fakkaataniidha.

2.2.2.1 Diinagdee

Afaaniifi diinagdeen wantoota addaan bahanii hinilaalamneedha. Namni yoo diinagdeeti dhimma bahu dirqama afaan isaati dhimma baha. Afaan isaati fayyadamuun kun ammoo eenyummaa hawaasa sanaa of keessatti hammata jechuudha. Diinagdeen biyya tokkoo gara biyyoota birootti yookaan ammoo iddoo tokko irraa gara iddoo biraati nice'a. Yeroo diinagdeen hawaasa tokko irraa gara hawaasa birootti deemu afaanis diinagdee faana waan deemuuf afaan duraan ture sana keessatti waan makamuuf sababa diingdee afaanichi hanga tokko jechoota afaan biroo of keessatti qabata (Marshack, 1965).

2. 2.2.2 Teeknoolojii

Waa'ee teeknoolojii ilaalchisee Warshauer (2003) " In this world, we are now firmly embedded in a time when digital technologies, so in daily life in many parts of the world, not amongst all people as there are digital divisions every where." Akka yaada kana irraa hubanutti, addunyaan yeroo ammaa kana akka ganda tokkootti ilaalamaa jira. Kanarraan kan ka'e, jaarraan amma keessa jirru bara teeknoolojiin itti babal'ate kan ta'eedha. Yeroo

ammaa ilmi namaa jireenya guyyaa guyyaa gaggeessuuf harki baay'een isaa meeshaa teeknoolojiiti dhimma baha.

Hayyuun Motteram (2009) yaada kana gama isaan akka ibsutti, ilmi namaa yeroo mara guddina faana deema. Kanaaf, meeshaalee teeknoolojiitti dhimma baha. Meeshaaleen teeknoolojii kunniin yeroo ammaa hawaasa addunyaa baay'ee bira qaqqabee jira. Meeshaaleen teeknoolojii jedhaman ammoo kanneen akka Koompiitaraa, moobaayilii, televizhiinii, raadiyoofi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Namoonni fayyadama meeshaalee kanaa, afaaniin ibsaa hubannoo fayyadama isaa gabbifatu. Si'a kana namoonni waan isaanii hingalle mirga gaafachuu, kan hubannoo qaban ammoo ibsa kennuun isaanii waan jiruudha. Namoonni yoo waa'ee tajaajilaafi fayyadama meeshaa teeknoolojii kanaa waliif ibsan afaan teeknoolojii kana faana hawaasa duraan tureeti makaa waliigaltee taasisu jechuudha.

2.2.2.3 Aadaa

Aadaa ilaalchisee Wallace (1974: 21) "people from different cultural or linguistic background think differently and it even make fairly good social scientificense." Akka yaada kanaatti, dhimmoota haalan fayyadama afaanii murteessan keessaa aadaan isa tokko ta'uun beekamaadha. Namoonni aadaafi dandeettii garaa garaa qaban sadarkaafi hawaasummaa garaa garaa qabu.

Dabalataan hayyuun Levy- brljia, Lucien (1985) "The thinking of primitive peoples highly differed in substance and structures from that of more civilized man." Akka yaada kanaatti, fayyadamaafi caasaa afaan namoota bara duriifi kan bara qaroominaa yoo wal-bira qabnee ilaalle, garaagarummaa guddaa akka qabu ibsa. Akkasumas, haalli jiruufi jireenya ilma namaa aadaafi duudhaa isaa irratti hundaa'a jechuudha. Kanarraa akka hubannutti, akkuma aadaan hawaasa tokkoo jijjiiramaa deemuun haali fayyadama afaan isaatis wal-faana jijjiiramaa deema jechuudha.

2.3 Fayyadama Afaanii Mana Murtii Keessatti

Manni murtii bakka seerri biyya tokko keessatti iddoo olaanaa qabu itti hojiirra ooluudha. Seerri kunis, kan ittin hojiirra oolu afaanitti fayyadamuudhaani. Haali itti fayyadama afaan seeraas kan isa biraarraa adda. Waliin dubbii mana murtii keessatti himataa, himatamaafi abbootii seeraa jidduutti geggeeffamu akka qaba. Abbootiin seeraa yeroo fedhan dubbachuufi callisuu, gaaffii gaafatamaniif akka seerichaatti deebii laachuufi dhiisuu danda’u. Himataafi himatamtoonni garuu, yoo hayyamameef malee dubbachuu akkasumas callisuu hindanda’an. Kanaafuu, sodaa ol aantummaa seeraa qofa osoo hintaane, ol aantummaa abbootii seeraa illee waan jiruuf, haali itti dubbatan, wanti dubbataniifi isa dubbatame hubatan, akkasumas, wanti dubbatan isa bakka birootti dubbatan irraa adda. Adda addummaa kanas kan fide, bakkaafi gosa hojichaati. Isa tokkoof humna yoo laatu kaan ammoo humna dhabsiisa. Kun ammo afaaniifi aangoo (language and power) yaada jedhurratti akka xiyyeeffannu nu taasisa.

Afaaniifi aangoon hidhata guddaa qabu. Aangoon haala afaanitti fayyadamuu humna qabeessa ta’ee yoo argamsiisu, gahumsa itti fayyadama afaanii qabaachuun ammoo, wal-qunnamtii taasifamu keessatti hubachuufi hubachiisuuf anniisaa namati hora. Barruun armaan gadii kun dhimma kanarratti yaada dhiyeessa.

Language has a key role in transforming power into right and obedience into duty We also find power at work in our every day use of language. Discourse structures create power relations in terms of how we negotiate our relative status through interaction with others. (Wareing 1999: 11-12).

Kana malees afaaniifi seerri dhimoota hariiroo cimaa qabaniidha. Seera yeroo jennu, kanneen akka seera yakkaa, seera hariiroo hawaasaa, seera daldalaa, seera maatii, seera tiraafikaafi kan kana fakkaatan of keessatti hammatuudha. Akkasumas, qajeelfamoonni, danbilleefi labsiin adda addaa qaama aangoo qabuun bahu hundi akka waliigalaatti seera jedhame beekama. Akka Gibbons (2001) xinqooqni hawaasaa afaan seeraatiif iddoo olaanaa qaba. Sababni isaas, seerri dhaabbata humnaafi dhiibbaa gaggeessu waan ta’eef, rakkoolee itti fayyadama afaaniitiin kan guutame ta’uu isaati. Gochoonni guyyaa

guyyaan raawwannu baay'een isaanii bu'ura seeraa kan qabaniidha. Gibbons kana fakkeenyaan yeroo ibsu tikeetiin konkoolaataa yaabbachuuf nuti kunnu waliigaltee kontiraataa waligallee ta'uu agarsiisa jedha. Tajaajili geejibaa hundi isaa hariiroo seeraa qaba. Walitti dhufeenyi maatii keessatti guyyaa guyyaan taasiifnu bu'ura seera maatiitiin kan hamatamuudha. Sab-qunnamtiin nuti itti fayyadamnu seeraan kan to'atamuudha. Jireenya ammayyummaa keessatti dhimmi seeraan wal hinqabanne hinjiru. Itti dabaluun Seeri tumamu kamiyyuu haala xiinqooqa afaaniitiin yoo ilaalamuu baate hiika hinargatu. Mani murtiifi qorannoon poolisiin gaggeessu kamiyyuu haasbarruu dubbiifi barreeffamaan kan guutameedha. Namoonni afaan seeraa kana hinbeekne immoo falmii mana murtiiti gaggeefamu irratti of irraa ittisuu nirakatu. Xiinqooqni hawaasaa dhimma afaaniifi seeraa wajjiin walqabatan irratti hubannoo kennuufi furmaata kennuu irratti xiyyeeffata.

Heutger (2003) seeriifi afaan walitti dhufenyaa hedduu qabachuu kaa'a. Beekuumsi seeraa kan ittiin ibsamuufi babal'atu afaan dubbiifi afaan barreeffaman. Afaanfi seerri yakkaa haala adda addaan raawwataman baasuurratti waliin jirata. Afaan pooliisiifi shakkiiwwan duraa akkasumas ragaan afaan yeroo sakatta'amu walitti dhufenyaa qaba (Tiirsma and Solan 2005). Odeeffannoon bareeffamaafi odeeffannoon dubbii dhimma yakkaa irratti akka ragaa afaaniiti ilaalama.

Afaan poolisiin fayyadamu, himataafi himatamaan fayyadaman dhimma yakkaa irrattii walitti dhufeenya waan qabuuf yeroo abbaa murtii (abbaa seeraa) biratti dhiyaatu rakkisaa ta'a. Hiikaafi jijjirraan waliin dubbii seera qabeessa akka ogeessoota dhimma kanaati jijjirraan waliin dubbii irra jireessa dhaggeeffataafi dubbisaa irratti xiyyeeffata. Haata'u malee, jijjirraan waliin dubbii seera qabeessa garuu, kan irratti hundaa'u bakkaafi dhimma murteesaa ta'e irraatiidha. Makoodiya (2007) akka Sikoloo (1998) wabeeffachuun ibsutti afaan seera keessatti fayyadamnuufi afaan abbaan seeraa fayyadamu rakkoon kan guutameedha. Yeroo baay'ees nama kamiiniyyuu hubatamuufi hiikamuuf baay'ee cima. Haala fayyadama afaan pooliisiifi mana murtii beekuun baay'ee

faayidaa qabeessa. Akka Tirsema and Solan (2005) ibsaniiti yeroo poolisiin gafannoo dhiyeessuu namootaa waa'ee seeraa irratti mana murtii keessatti hojjeetaniifi nama yakkaa hojate gidduuti waliigaluufi dhisuun dhimma afaanii adda addaa ta'uu kaa'a. Kanaaf, afaan poolisiifi afaan shakkamaan fayyadamu murtii seeraa irratti bakka guddaa qaba. Yeroo gafannoo yakkaa afaan jechoota teekniikaa kan namaaf hingalle poolisiin fayyadamu abbootiin dhimmaa hinhubanne jiraachuu danda'u.

Kanatti dabaluun akka Tirsema and Solan (2005) ibsaniti, fayyadamni afaanii namoota dhimma yakkaa qulqulleessuu keessatti hirmaatanii yeroo morman, sababa yeroo dhiyeessaniifi amanan afaan baay'ee fayyadamu. Mani murtii bakka namooni dhimma yakkaas ta'ee dhimmoota hariiroo hawaasa irratti wal-dhaban waliin falmii gageessanii furmaata itti argataniidha. Furmaata haqa qabeessa ta'e tokko argachuuf immoo haala fayyadama afaan seeraa baay'ee beekuun barbaachisaadha.

Gama biraan afaaniifi aangoon hidhata guddaa qabu. Aangoon haala afaanitti fayyadamuun humna qabeessa ta'uu yoo agarsiisu, ga'umsa itti fayyadama afaanii qabaachuun immoo, walqunnamtii taasifamu keessatti hubachuufi hubachiisuuf gahee olaanaa qaba. Akka Gudykunst and Kiim (2003) ibsanitti, aangooniifi afaan walitti dhufeenya cimaa qabu. Aangoo jechuun dandeettii dhibbaa namni tokko nama biraa irratti gochuu danda'u jechuudha. Itti fayyadamni afaanii aangoo ibsa. Akka Holmes (1992) namooni naannoo hawwasummaa isaaniitti dhibbaa geessisuuf jechoota filachuun afaan fayyadamu. Akkasumas, dhimma kana ilaalchisee Wareing (1999) afaanfi aangoon mirga kabachiisuu keessatti gahee olaanaa akka taphatuufi mirgaafi dirqama keenya hubachiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu ibsee jira. Dhimmoonni seeraafi siyaasaa hundi isaanii hojiirra kan oolan, qajeelfamoonni bahan kan darban afaaniin. Hojiin guyya guyyaan hojjannu hundi ga'umsa afaanii barbaadu. Walqunamtiin abbaan aangoo hawa asa waliin taasiisu afaanitti gargaaramuuniidha. Manneen hojii mootummaafi mit-mootummaa keessatti hojii hojjatamu kamiyyuu milka'uuf haali fayyadama afaanii iddoo

sanaa gahee olaanaa qaba. Haala fayyadama afaan iddoo kanaa beekuufi beekuu dhabuun immoo tajaajila irratti dhibbaa olaanaa qaba.

Walumaagalatti, mana murtii keessatti hallaan fayyadama afaan tokkoo karaalee adda addaa kan raawwatamu ta'uu isaa ibsa hayyoonni bifa gara garaatiin kennan irraa hubachuun nidanda'ama. Sababa wantoonni gara garaa (dinagdee, siyaasa, teknooloojii, aadaa, amantiifi kanaaf kana fakkaatan hallaan fayyadama afaanii waan murtaa'aniif, sababa kanarraa ka'uun afaanonni waan wal-tuttuqaniif yeroo kana haalonni akka afaan wal-jafuu, afaan makamuufi afaan tokko afaan biroo irraa ergifachuufi kan kana fakkaatan afaanota jidduutti ni'uumama.

2.3.1 Waljafuu (code-switching)

Akkuma maqaa isaarraa hubannutti, jechi 'waljafuu' jedhu jechoota lamarraa kan ijaarame yoo ta'u, kunis, waljalaafi fuudhuu kan jedhu irraa waljafuu kan jedhu uumame. Afaan waljafuu ilaalchisee, dubbattoonni aflamee yookaan afheddee ta'an afaanota lama wal jala fuudhanii haasaa yookaan waliin dubbii isaanii keessatti kan fayyadamaniidha. Kunis, sadarkaa himaafi keeyyataatti kan waljafu ta'ee, sababa garaa garummaa afaanii hawaasummaa adda addaa keessatti kan uumamuudha. Kun ammoo, sadarkaa biyyoota kamuu, namoota umurii kamuufi garee hawaasa kamuu keessatti kan raawwatamu jedha. "code-switching means the mixing of two languages when speaking. This situation of bilingualism is present in every country, in all classes of society and at all age levels." (Grosejean, 1982). Ammas (Milroy and Muysken, 1995) yaaduma kana dabalataan yoo ibsu, afaan wal-jafuu jechuun dubbattoonni aflamee ta'an yeroo waliin dubbii taasisan yookiin afaaniin yaada wal-jijjiiran afaan lama waljala fuudhanii yoo dhimma itti bahaniidha. Kunis, tooftaa namoonni waliin dubbii tokko keessatti afaan lama waljala fuudhanii itti gargaaramaniidha. Dabalataan, dubbattoonni aflamee rakkoo tokko malee afaan lama waljafsiisanii kan itti waliigalaniidha. Haalli kun, yeroo baay'ee kan taasifamu dubbattoonni ga'eessotas ta'anii daa'imman afaan lammaffaa baruuf kan itti fayyadamaniidha.

Code-switchin seems to be a common phenomenon among bilinguals without a clear excuse for it to exist. Most recent works on code-switching have been concerned about how bilinguals, either children or adults, come to acquire a second language and start to switch codes. (Genesee, 2004:41)

Haaluma kanaan, aflameen ykn afheddeen kan uumamuu danda'eef, sababa garaagarummaa hawaasummaa adda addaa addunyaa kan irratti uumamuu isaarraa kan ka'eedha. Kunis, garaa garummaa diinagdee, barnootaa, siyaasaa, amantaa, federaalummaa, aadaa daldalaafi kan kana fakkaataan irraa kan uumameedha jedha.

A number of social factors have been brought forward which could bring languages together to construct bilingual societies such as, migration for different purposes (economic, educational, political, or religious, nationalism and federalism, culture and education, trading and business or inter marriage. (Grosjean, 1994)

Akka Reyes (2004) jedhutti, namooni afaan kan wal-jafsiisaniif sababa gara garaatiif akka ta'e ni'ibsa. Kunis, hanqina jechoota afaan itti fayyadamanii qabu guutuuf, afaan dura itti dubbatamu sana ergaa isaa afaan birootiin akka hubatamu taasisuuf dubbiin taasisamu akka xiyyeeffannoo argatu gochuuf, yeroo tokko tokko ergaan akka qulqullina qabaatu taasisuuf, hirmaannaa dubbatoota cimsuuf eenyummaa garee hawaasaa ibsuufi akkasumas, miira ofii ittiin ibsachuuf namoonni afaan wal-jafuun itti fayyadamu jedha.

2.3.2 Makuu (codemixing)

Afaan makuu ilaalchisee hayyoonni gara garaa hiikaa kennanii jiru. Akka Muysken (2000) ibsutti, afaan makuu jechuun akkuma afaan wal-jafuu dubbattooni af-lamee yookaan af-heddee kan fayyadaman yoo ta'u, afaan makuu jechuun dubbattooni afaan tokkoo dubbatan jechoota afaan biroo afaanicha dubbatan keessa makani yoo dhimma bahaniidha. Afaan makuu jechuuniifi kanneen biroo akka ibsaniitti, afaan dubbattooni osoo waliin dubbii taasisan afaan tokko afaan biroo itti makuun kan raawwatamu jedha. Kunis, sadarkaa dhamjetchaa, jechaafi gaaleetti kan makamuudha. “ codemixing is the change of one language to another within the same utterance or in the same oral/ written

text. It is a common phenomenon in societies in which two or more languages are used.” (Myers-scotton, 1993).

2.3.3 Ergifachuu

Afaan egifachuu jechuun katamba (1994) akka ibsutti, jechoota afaan tokkoo gara afaan birooti fudhachuun fayyadamuu jechuudha. Yeroo kanatti, afaanonni waan wal-keessa makamanii yookiin waljafaniif carraan jechoota afaan tokko irraa gara afaan birooti ce’uu bal’aadha. Kanarraan ka’ee, jechoonni ergifannaan bal’inaan uumamuu. Sababni afaanonni jechoota ergifataniif inni biroo akka hayyuun kun dabalataan ibsutti, jechoonni mijatoo yaada haaraa afaan tokkoo keessa jiru gara afaan birootti fudhachuuf jecha kan bakka bu’u yoo dhabame maqaan jecha haaraa sanaa wajjumaan gara afaan birooti darba. Yeroo kanati, jechoonni haaraan gara afaan birooti darban kun jecha ergisaa jedhamu. Akka Takele (2000) ibsutti, jechoota afaan maddaatiin ibsachuu hindadeenye, afaan madda biroo irraa fudhannee itti fayyadamnu ergisaa jedhama. Kun ammoo, walitti dhufeenya afaanotaa irraa kan madde jedha. Ergifannaa jechootaa ilaalchisee Katambaan (1994) akka ibsutti, karaa sadiin raawwata jedha. Inni duraa ergifannaa kallattii jedhamuudha. Ergifannaan kallattii kan raawwatamu jechoota afaan maddaa akkuma jirutti ergifataniif afaan xiyyeeffannoo keessatti yoo itti fayyadamneedha. Ergifannaan inni lamaffaa ergifannaa fooyyeessanii ergifachuuti. Kana keessatti, dhamsaga yookiin dhamjechoota caas-lugaa jijjiiruun yookiin fooyyeessuun hiika jechaa akkuma jirutti waliin ergifachuudha. Ergifannaan inni sadaffaa, ergaa afaan jechi irraa ergifamee hubachuun jecha yookiin yaada sana bakka bu’aa afaan xiyyefannootiin moggaasuudha.

2.4 Haala Dagaagina Jechootaa Fayyadama Afaanii Keessatti

Amala afaanii keessaa tokko tooftaa jechoota haarawaa itti uumamaniidha (Yule, 1985) yaada kana yeroo ibsu, afaan tokko yaadarimee haaraa maddisiisuun jechoota duraan jiraniin kan hinbeekamne jechoota haaraa dagaagsuu danda’a. Dagaaginni jechootaa kunis, ammayummaa afaanii keessaa tokko ta’ee, yeroo dubbattoonni afaanichaa addunyaa ammayyaa’e qunnamuuf madda xiinqooqa saanii bal’ifatan hojjiira oola.

Spolsk (1998) yaada kana deeggaruun, namoonni hojii tokko irratti boba'an yaadarimee haaraa tokkoof jecha haaraa dagaagsu. Addunyaa (2010) haala kana ilaalchisee Afaan Oromoo afaan guddinnarra jiru waan ta'ef, yaadarimeen haarawaa bu'aa teeknoolojii ta'an gara afaanichaa dhufuun isaanii waan hinoolle akka ta'eefi jechoota haarawa moggaasuun akka sirna barreefamichaa mijatuutti jijjirama tokko tokko irratti gaggeessuun ergifachuunifi kan kana fakkaatan gaggeessuun hojii hayyoota xiinqooqaa ta'uu hubachiisa. Kanaaf, ammoo qo'annoo xinjecha afaanichaa gaggeessuun barbaachisaadha. Kana ilaalchisee, Radford et al (1999) xinjechi qaama xiinqooqaa ta'ee, waa'ee caasaa jechootaa, adeemsa uumamsaafi hormaata jechootaa kan qo'atuudha jechuun ibseera. Gama birootiin, Addunyaa (2011) uumamsaafi hormaata jechaa ilaalchisee, jechoonni Afaan Oromoo warra bu'uraafi warra uumamtee jechuun bakka lamatti akka qoodamaniifi adeemsa jechooni afaanichaa itti uumamaniis yaasaa, diigalaa, suphuufi kan kana fakkaataan ta'uu kaa'a. Kanneen keessaa muraasa haa'ilaallu.

2.4.1 Diigala

Tooftaan ijaarsa jechootaa keessa tokko diigalaan (jechoota tishoo) ijaaruudha. Kunis, jechoota duraan jiran lama walitti fiduun jecha haaraa uumuudha. Adeemsa jechoonni lama walitti dhufanii jecha hiika haaraa qabu biroo ijaaraniidha. Namoonni jireenya isaanii keessatti jechoota digaalaatti guyyaa guyyaatti dhimma itti bahu. Haala jireenya hawwaasummaa keessatti qaama tokkoofi kutaa isa keessa jiruun yookiin bakka bu'aafi mallattoo inni qabuun jechoonni digaalaa hiikaa biroo qabaachuu danda'u (Mitikkuufi Tashoomee, 2000).

Fakkeenya:

Mana + murtii	mana murtii
Mana + galmee	mana galmee

2.4.2 Suphuu

Suphuun jechoota lama yookiin isaa ol qaama isaaniirraa mummuruun kanneen hafan waliitti suphuun geggeeffama. Kunis jechoota walitti dhufan keessaa isa tokko akkuma jirutti fudhachuun, jecha isa jalqabarraa immoo, birsaga jalqabaa fudhachuun jecha hiika biroo qabu uumuudha jedha. Inni lammaffaa immoo, jechoota lamanirrayyuu birsaga muraasa haquun kanneen hafan walitti suphuudha jedha (Addunyaa, 2011)

Fakkeenya:

Xiinxala + qooqa xinqooqa

Xiinxala + looga xinlooga

2.4.3 Gabaajee

Gabaajeen jechoota barreeffama tokko keessa jiran irraa qubee jalqabaa funaanuun mala gabaabsanii barreessaniidha. Haala kanas Geetaachoo (2005) yoo ibsu, barreeffama keessaa qubee jalqabaa funaananii barreesuu akka ta`eeti ibsa. Haala walfakkaatuun, Brown and Hatch (1995) gabaajeen gabaabatee kan barreeffaman ta`uufi dhuma irratti akka jechaatti kan waamamaniidha jechuun lafa kaa`u.

Fakkeenya: Biiroo Barnoota Oromiyaa BBO

2.5 Maalummaa Jijjiirraa

Malli afaan seeraa mana murtii keessatti itti fayyadamu keessaa tokko jijjiiraadha. Maalummaa jijjiirraa ilaalchisee hayyuun, Newmark (1988:7) hiikaa yoo kennu, “Translation is a craft consisting in the attempt to replace a written message and statement in one language by the same message and statement in another language,” jedha. Hiika hayyuu kanaatti jijjiirraan ogummaa ergaa barreeffamaa yookiin yaada afaan tokkoo haala walfakkaatuun ergaa yookiin yaada sana afaan birootiin bakka buusuudha. Akka hiika kanaatti jijjiirraan ergaa walfakkaataa dabarsuu irratti kan xiyyeeffatu ta`uu hubanna.

Omens (1996) “Translation is the transfer of meaning of text which may be a word or a book from one language to another for a new readership,” jedha. Kunis jijjiirraan ergaa barreeffama tokkoo afaan tokkorraa afaan birootti qaxxamursuu akka ta’e nuuf ibsa. Dabalataanis (Crystal, 1987) akka ibsetti, jijjiirraan jecha waliigalaa yaadaafi beekumsa afaan tokorraa gara afaan biraatti jijjiiruudha. Afaanichi kan barreeffamaan dhiyaate ykn haala dubbiiin akkasumas mallattoo dhaan (Mallattoo warra gurraan hin dhageenye) ta’uu danda’a. Yaaduma kana Nida and Taber (1982) akka ibsanitti jijjiirraan hiika, ergaafi tooftaa barreeffama afaan maddaa irraa gara afaan galmaatti dabarsuudha. Akka hiika kanaaatti xiyyeeffannoon ergaa dabarsuudha.

Walumaa galatti yaada hayyoonni adda addaa kennan irraa akka hubanutti jijjiirraan ergaafi haala barreeffamaarratti hundaa’uun afaan maddaatiin akka walmadaalutti afaan biroon ergaa dabarsuudha. Kunis hojiin jijjiirraa afaan tokkorraa afaan birootti ergaa dabarsuu kan jedhuudha.

2.5.1 Jijjiirraa Raawwachuuf Seerota Hordofamuu Qaban

Jijjiirraa namani eeyyama qabu kamiyyuu calisee kan raawwatu osoo hinta’in seera mataa isaa hordoofuun raawwachuu qaba. Kana ilaalchisee, Newmark (1988) maqaan dhaabbilee dhuunfaa, manneen barnootaa, hospitaalotaafi waan kana fakkaatan jijjiiramuu hinqabu jedha. Sababanisaa maqaaleen kunniin aadaa afaan maddaa wajjiin hidhata waan qabaniif ta’uu dhiheessa. Jijjiirraa raawwachuuf gahumsi nama hojii kanarratti bobba’ee murteessaadha. Kanaafuu, nama jijjiirraa raawwatu (jijjiirraa) tokkorraa kanneen barbaadaman beektonni garaa garaa bifa itti aanu kanaan ibsu. Newmark (1988) namni jijjiirraa raawwatu tokko gosti barreeffamichaa kamiyyuu yoo ta’e barreeffama gaarii uumuuf caasaafi qabiyyee afaanichaatiif iddoo kennuun barbaachisaa ta’uu nutti agarsiisa.

Dabalataan, Newmark (1988) hojiin jijjiirraa inni jalqabaa barreeffamicha hubachuu, xiinxaluu yookiin yaada wliigalaa tokko qabaachuun barbaachisaa ta’uu dhiheessa. Gama birootiin, beekumsa afaanii ilaalchisee namni jijjiirraa raawwatu akka yaaxinaatti

beekumsa afaan irraa jijjiiruu, afaan itti jijjiiruufi dhimma sana sirriitti qabaachuun barbaachisaa ta'uudha. Dani'el (2000) jijjiirraa yoo ibsu, namni jijjiirraa raawwatu tokko afaan maddaa, afaan itti jijjiirramuufi dhimmicha yoo beeke hojii isaa haalaan raawwachuu kan danda'uta'uu kaa'a. Qabannisaas hanqina inni gama afaanotalachuun qabu jijjiiruu irratti dhiibbaa geessisa waan ta'eefiidha. Kanaafuu, kan jijjiiramu qabu unka isaa yoo ta'u; ergaafi hiikni isaa tuqamuu akka hinqabne ibsa. Dabalataanis, namni jijjiirraa raawwatu tokko waa'ee namoota jijjiirraan sun raawwatamuuf (dubbistoota) hubannaa qabaachuu qaba. Sababnisaas, jechoota akkamii fayyadamuu akka qabu waan hubachiisuuf.

Akka Daniel (2000) ibseetti, namoonni yeroo afaan lamaffaa yookiin afaan alaa wallaalani rakkatan nama gara afaan isaaniitti jijjiiruuf barbaadu. Yeroo tokko tokko hojiin baay'ee walxaxaan hamma jijjiirraa ga'u hinjiru jedhama. Sababnisaas, namoonni hojii jijjiirraa hojjeetan afaanicha qofaa sirriitti beekuun gaha miti. Dabalataanis, hubannoo gahaa beekumsa waan jijjiiramu saniifi aadaa, duudhaa, miiraafi safuu hawaasaa sirriitti beekuun waan dabarsuun yaadame sana haala barbaadameen akka dabarsaniif waan gargaaruuf, kanas dabalani beekuun waan barbaachisaa ta'eefi akkasumas jechoota lagu hawaasa afaanicha dubbatuu xiyyeeffannaa keessa galchuun barbachisaadha. Yaaduma kana deeggaruun Newmark (1988) yeroo ibsu, jijjiiraan afaan maddaa yoo sirriitti beeke, dogoggora gama dhimmichaafi afaan jijjiirraa irratti uumamu salphisuuf gargaaruu isaa agarsiisa. Gama biroon, Bovee (1989) nama jijjiirraa raawwatu ilaalchisee seerota bu'uura armaan gadii kaa'a.

1. Namni jijjiirraa raawwatu sun barreessaa bu'a qabeessa ta'uu qaba. Jijjiiraan dubbataa afaanichaa ta'eef ga'umsaan jijjiirraa raawwata jechuun hindanda'amu. Namoonni hunduu dandeettii afaan dubbachuu qabaatanillee afaanichaan barreessuurratti namoota muraasa qofatu barreessitoota bu'a qabeessadha. Kanaaf, furmaata kan ta'uu danda'u irra deddeebi'uun barreessuun shakaluudha.

2. Jijjiiraan waa'ee dhimma jijjiiru Sanaa hubannoo qabaachuu qaba. Yeroo hunda jijjiirraa waliigalaarra jijjiirraa ogeessaan ta'e filachuun gaariidha.

2.5.2 Kaayyoofi Yaaxina Jijjiirraa

Yaaxinni jijjiirraa xinqooqa walmaddisiisaarraa akka maddeefi xinqooquma gidduutti waa'ee hiikaa kan ilaallatu; akkasumas, gaaffileen hiikaan walqabatan hundi yaaxina jijjiirraa wajjin hidhata akka qaban Newmark (1988) akkanatti ibsa, yaaxinni jijjiirraa madduu isaatiif sababa kan ta'e namoonni jijjiirraa raawwataniifi gulaaltonni baayyachuurraa kan ka'e akka wabiitti isaan tajaajiluuf maloota jijjiirraa irraa maddisiisuun dhimma itti ba'uuf akka ta'e kaa'a. Yaaxinni jijjiirraa ergaa yookiin hiikarratti akka xiyyeeffatu deeggara. Yaaxinni kun jijjiirraa kitaaba qulqulluutiif hojjiirra oole (Nida, 1974). Kunis, ergaa walmadaalaa ta'e afaan jijjiirraatti hojjiirra oolchuu irratti xiyyeeffata. (Newmark, 1988) kaayyoo guddaa yaaxina jijjiirraa ilaalchisee haala kanaan ibsa. Kaayyoon yaaxina jijjiirraa mala jijjiirraa mijataa ta'e gosoota barreeffamaafi barreeffamoota bal'ina qabaniif murteessuudha. Kanamalees, kanneen jijjiiramaan qeequun qajeelfamoota, seerotaafi yaada kennuufiin furmaata akka argatan taasisuuf kan ooluudha.

2.5.3 Jijjiirraa Gama Ogummaatiin

Qabata hojiin jijjiirraa guddachaafi babal'achaa dhufeen yeroo ammaa kana jechoonni tokko tokko ogummaadhaan kan walqabatan ta'anii jijjiirraa waliigalaan alatti ogeessa beekumsa jechoota ogummaa sanaa qaban kan barbaadaniidha. Ogummaawwan hunduu jijjiirraa haala hojii keessatti barbaadu. Dhimmoonni bulchiinsaa, dhimmoonni daldalaa, dhimmoonni dinagdee, dhimmoonni seeraafi kkf hunduu adeemsa hojii keessatti hiika mataa isaanii barbaadu. Keessattuu Afaan Oromoo yeroo dhiyoo afaan barnootaafi afaan hojii ta'uu isaarraa kan ka'e dirreewwan hojii hundi jechoota haaraa barbaaduun isaanii waan hin ooleef jijjiiruun itti fayyadamuun yaadarimee haaraa gara afaanichaa dhufan itti simannu keessaa tokko jijjiiraadha (Addunyaa, 210).

2.5.4 Jijjiirraa Gama Seeraatiin Raawwatu

Gibbons (2001) jijjiirraa afaan seeraa ilaalichiisee yaada kaa'en gaheen afaan bakka kanarraatti rakkoo hiikuufi uumurratti qaburraa kan ka'e jijjiirraan afaanii bakka kanaa baay'ee rakkisaafi of eegannoo guddaa kan barbaadu ta'uu ibsa. Jechoota hiika guutuufi wal-madaalaa ta'e afaanoota jijjiramuutti dhabuun rakkachuu danda'a. Namoonni jijjiiraaniis haala xiinqooqa afaan seeraa kan beekaniifi hubannoo seeraa kan qaban ta'uu qabu jedha. Kanaaf, gosti jijjiirraa kun gosoota jijjiirraa jiran keessaa ulfaataa waan ta'eef ofeeggannoofi dandeettii ga'aa kan gaafatuudha. Jijjiirraa kana namoonni ogummaafi dandeettii jechootaafi galmeewwan seeraa qaban ofeeggannoodhaan yoo raawwatan malee ergaan barreeffama maddaa irraa barreeffamee gara afaan barbaadameetti akka darbuuf yaadame harca'ee hafuu danda'a. Kan irratti xiyyeeffatus galmeewwan kanneen akka waliigaltee barreeffamaa yookaan afaanii gama seeraatiin raawwatamuufi waliigaltee seeraqabeessa mootummoota adda addaa giduutti taasifamu ilaalchisee jijjiirraa dalagamuudha. Gosti jijjiirraa kun yeroo mara namoota ogummaafi dandeettii gama jechootaafi yaadrimeewwan seeraatiin beekamaniin yoo taasifame malee ergaa darbu irratti hanqinni mul'achuu danda'a. Sababiinisaa, seerri sirna xiinqooqa mataa isaa irratti hundaa'ee waan deemuuf nama hubannoo aadaa barreeffama maddaafi aadaa barreeffama galmaa qabuun dalagamuu qaba. Sababni isaas waliigaltee haala idileetiin mootummoota adda addaa gidduutti taasifame tokko ergaan isaa dogoggoraan jijjiiramnaan yakka biraa uumuu waan danda'uufiidha. Walumaagalatti namoonni jijjiirraa afaan seeraa hojjatan afaan seeraa kan beekan, muuxannoo seeraa kan qabaniifi ogummaa isaa qabaachuu akka qaban hubachiisa.

2.6 Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Mata duree qorannoo kanaatiin kan walitti dhiheenya qaban qorannoon digirii tokkoffaafi digirii lammaffaa kan kanaan dura hojjataman dhiyaatanii jiru.

2.6.1 Qorannoowwan Digirii Jalqabaa

Qorannoowwan sadarkaa digrii jalqabaa guutachuuf hojjataman keessa **አመስገን** (1978) “**የቋንቋ አጠቃቀም በዕድገት ጥጥ ፋብሪካ፡፡**” [Fayyadama afaanii warshaa guddinaa jirbii] mata duree jedhuratti gaggeeffamee ture yoo ta’u qorataan qorannoo isaa keessatti qabxileen kaase, af-heddeefi af-lamee sababoota ka’umsaa dafqaan buloota warshaa jirbii guddinaa keessatti maali akka fakkatu ibsee jira. Afaanota achitti dubbataman parsantiin addaan baasee jira. Kayyoon qorannoo isaa afaanota baay’inaan achitti dubbataman addaan baasuun ibsuudha.

Qorannoon koo ammoo, fayyadama haasbarruufi Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee irratti xiyyeeffata. Qorannoo koo kanaafi kan Amasgan kan wal fakkeessu lamaanuu fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaafi garaagarummaan isaa immoo qorannoon koo fayyadama afaanii mana murtii keessatti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati.

ሙሉነሽ (1976) “**የቋንቋ አጠቃቀም በነገሌ ቦራና**” [Fayyadama afaanii Nagalee Boranaati] mata duree jedhuun dhiyeesitee jirti. Qorannoo kana keessatti waa’ee af-heddeef ibsi bal’inaan kenamee jira. Magaalicha keessatti afaan dubbataman tarreessuun afaan dhalootaa isaanii maali maali akka ta’eefi bakka addaa addaatti afaan itti fayyadaman afaan kamiin akka waliigalan dhiyeesitee jirti.

ነጋሽ (1978) “**የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ ስታዲየም**” [Fayyadama afaanii Istaadiyeemii Addis Ababaa keessatti] mata duree jedhuun qo’annoo dhiyeessee jira. Qo’ataan qo’annoo isaa keessatti ittifayyadama afaanii ilaalchisee ibsa kennuun bakkeewwan addaa addaatti daawattoonni, tophatoonni afaan akkamii bakka akkamitti akka fayyadaman ibsee jira. Akkasumas **ደረጀ** (1979) “**የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ ማረጋገጫ ቤት**” [Fayyadama afaanii Mana Sireessaa Addis Ababaa keessatti] jedhuun Yunivarsiitii Addis Ababaatti hojjatameedha. Qorannoo kanaratti qo’ataan kan xiyyeeffate itti fayyadama afaan namoota to’annoo seeraa jala jiranii yeroo ta’an haala

ummamsa afaanii, uumamsa jechoota haaraafi kan kana fakkaatan ibsee jira. Dhimma kana irrattis namoonni mana sirreessaa jiran afaan danda'an irratti ibsa bal'aa kennuun qaaccessee jira.

ትዕግስት (1982) “የፍርድ ቤቶች ሥነ-ልሳን አጠቃቀም” [Fayyadama caas-luga mana murtii] mata duree jedhuun qorannoo hojjateen manneen murtii kamitti Afaan kami sadarkaa ol'aanaatti fayyadamuu yookiin hojjiirra oola kan jedhu irratti xiyyeeffata. Qorannoo ishee keessatti dhuftee seera Itiyooophiyaa ilaalchisee ibsa bal'aa yammuu itti kennitu xiyyeeffannoon qorannoo ishee garuu, manneen murtii biyyaatti keessatti argaman Addiis Ababaa dabalatee afaan irra caalaa fayyadaman kami akka ta'e addaan baasuu irrattiidha. Haaluma kanaan argannoo ishee irratti Afaan Amaariffaa sadarkaa tokkooffaatti manneen murtii biyyattii keessatti akka itti fayyadaman yaada adda addaa kaa'uun xumurte. Qorannoon kun kan Tigist irraa adda kan ta'u itti fayyadama afaan hedduu osoo hinta'iin Afaan Oromoo qofarratti xiyyeeffachuu isaati.

አዲስ (1997) mata duree “በኢትዮጵያ ውስጥ ከሀገር ጋራ ተያያዥነት ያላቸው ጽንሰ ሀሳቦች ስያሜና አሰያሮቻቸው” [Itoophiyaa keessatti moggaasa yaada biyyaan wal-qabatan] kan jedhu irratti kan gaggeeffame yeroo ta'u xiyyeeffannoon isaas seeraafi mana murtii ilaalchisee heerri motuummaafi dhimmoonni seera wajjiin wal-qabatan haala jechoonnn isaa itti moggaafamaniitti yaaadrimee isaaniirratti ibsa kennuun xumureera. Qorannoon kun kan amma gaggeeffamuun walfakatuuyuu, garagarummaan isaa garuu afaan ittiin gaggeefamaniidha.

Qo'annoowwan wal-fakkii armaan olii hundi kan agarsiisaan hojjattootaafi magaloota irratti bakkeewwan adda addaatti haala iratti hundaa'un afaan kami iddoo akkamittifi hawaasni afaaniif ilaalcha akkamii qaba kan jedhuufi waa'ee af-heddee fi af-tokkee ibsu irratti kan xiyyeefatuudha. Baay'een isaanii goolabani isaanii kan agarsiisuus bal'inaan dubbatamuun af-heddee dhamoo? Af-tokkeedha? kan jedhu kaasuun gara af-tokkeetti irra caalaa Amaariiffatti akka tajaajilamaniifi gara af-tokkeetti akka deemu ibsu. Qorannoowwan kun qorannoo gaggeefamaa jiruun kan adda ta'u ittifayyadama afaan

irratti xiyyeefannoon isaanii afaan lamaafi isaa ol namootni danda'an eessattifi maaliif itti fayyadamu jechuun haala afaan lama namooni danda'an walijijiruun itti fayyadman kan jedhu irratti yeroo ta'u, qo'annoon kana irraa wantooni gargar isa baasan hedduu jira. Qo'anoo kana keessatti kan ilaalamu Afaan Oromoo keessatti haala itti fayyadama isaa, sirna itti fayyadama haasbarruurratti rakkoolee jiran ilaaluun irratti waan ta'eef qorannoowwan olitti gaggeefaman irraa adda. Afaan isaan ittiin gaggeefaman Afaan Amaaraa yoo ta'u, qorannoon kun immoo Afaan Oromootiin waan ta'eef garagarummaa gama kanaanis niqabu.

2. 6.2 Qorannoowwan Digrii Lammaffaa

Cooper and Nahum (1976) "Language in the Court" mata duree jedhuun qo'atanii tureen. Naannoon qorannichaa Shawaa, Wallaggaa, Harar, Kafaafi Ertiraadha. Akka argannoo qoratoota kanaatti, itti fayyadamni afaanii, mana murtii akka waligalaatti Afaan Amaaraa akka ta'eefi magaala tokko tokko keessatti immoo manneen murtii shari'aa Afaan Amaaraa, Afaan Oromoofi Hararii dabalataan akka fayyadaman kaa'anii jiru. Akka waligalaatti nannooleen qorannoon irratti gaggeeffame hundi Eritiraan alatti Afaan Amaaraa abbaan seeraa, himataa, himatamaafi ragooleen akka fayyadamaniifi Eritiraatti garuu Tigriiffaan akka fayyadaman ibsanii jiru. Akkasuma Mitsiwwaatti Afaan Amaaraa, Xaaliyaaniifi Tigree akka fayyadaman agarsiisanii jiru. Qorannoon kun kan amma gaggeeffamuun garaagarummaa hedduu qaba. Qorannoon isaanii naannoo bal'aa irratti kan xiyyeefate yemmuu ta'u, qorannoon kun garuu naannoo tokko keessaa aanaa tokko fudhachuun itti fayyadama Afaan Oromoo qofa ilaaluun garaagarummaa qaba.

Qorannoo biroo kan itti fayyadama afaanii waliin kan walitti dhiyeenya qabu immoo, kan Ayub (2008) mata duree "Language use of Jamican and Rastafarian Community in shashemene" jedhurratti hojjetameedha. Qorannichis itti fayyadama afaanii hawaasa Raastafariyaan kan hawaasa naannoo Shaashamannee waliin madaaluudha. Argannoon qorannoo kanaas, fayyadanni afaanii hawaasa Jamaikaafi Raastafariyaan kan hawaasa naannoo waliin madaaluudha. Argannonn qorannoo kanaas fayyadamni afaanii hawaasa

Jamaikaafi rastafariyaan Shashamannee keessa jiraatu kan hawaasa waliin walitti firoomsuun itti gargaaramuu isaaniiti. Keessatuu xinqooqa hawaasa biyyatii keessatti afaanonni hedduun akka afaan tokkofi lammaffaatti dubbatamaniyyuu Afaan Amaaraa irra caalaa akka filataniifi hawaasa kan biratti akka dubbatamu ibsa. Kunis seenaa darbee keessatti waan waliin qaban irraa kan madde akka ta'e lafa kaa'a. Haa ta'u malee qorannoon Ayub itti fayyadama afaan hawaasa Jamaayikaa kan hawaasa naannoo waliin yeroo ilaalu qorannoon koo garuu, itti fayyadama Afaan Oromoo haala mana hojii tokkoon waan ta'eef garaagarummaa qabu.

Qorannoon gama Afaan Oromoon fayyadama afaanii waliin walitti dhufeenya qabu, Zalaalam (2012) mataduree “xinxala fayyadama Afaan Oromoo Beeksisoota taappeellaa magaalaa Adaamaa” jedhu irratti hojjateedha. Argannoon qorannoo kanaa, beeksisoota taapeellaa magaalaa Adaamaa keessa jiran dogogora caasaa, qubee, sirna tuqaalee, hanqina jijjiirraa maqaafi fayyadama jechoota mijatoo hintaane akka qaban ibsee jira. Haata'u malee, qorannoon zalaalam itti fayyadama afaanii beeksisoota taappellaa Adaamaatiin yoo wal-qabatu, qorannoon koo garuu, haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti xinxaaluu irratti xiyyeeffata. Qorannoowwan kana wanti tokko isaan taasisu lamaanuu qorannoo itti fayyadama Afaan Oromorraa irratti kan taasifamaman ta'uu isaati. Qorannoon kun kan adda isa taasisu, itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti maali akka fakkaatu qaacceessuu irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoon Zalaalam irraa adda isa taasisa. Haaluma walfakkaatuun qorannoon biroo fayyadama Afaan Oromoo ilaalchisee hojjatame, Gabii (2015) mata duree “ Xinxala fayyadama Afaan Oromoo Hordoftoota Amantaa Islaamaa Birati” kan jedhuudha yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa dhibbaa Afaan Arabaa jechoota Afaan Oromoo irraan gahu xinxaaludha. Qorannoon kiyya garuu haasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti maali akka fakkaatu qaacceessuun ibsuu irratti kan xiyyeeffatu waanta'eef kaayyoon qorannoo kanaa haala kanaan kan Gabii irraa adda.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti dhimmoonni dhiyaatan: saxaxa qorannoo, mala iddatteessuu, madda odeeffannoo, adeemsa qorannoo, meeshaalee funaansa odeeffannoo, mala qaaccessa ragaaleefi naamusi ogummaa duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

3.1 Saxaxa Qorannichaa

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsamuuf yaalametti xiyyeeffannaan qorannoo kanaa inni guddaan haasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti yeroo ammaa hojjiirra oolaa jiru xiinxaluun ibsuudha. Dhimmoota akkanaa qorachuuf ammoo mala qorannoo makoo gargaaramuun gaarii ta'a. Yaada kana Addunyaan (2011-61) akka ibseetti, "Malli qorannoo makoo, mala akkamtaafi ammamta qorannoo tokko keessatti dhimma ba'uun mala tokko qofaatti dhimma ba'uurra hubannoo cimaa barbaada. Bu'aan adeemsa kanaan argamus isa odeeffannoo akaakuu tokkoorraa argamurra guulaadha" jedha. Haaluma kanaan, qorataan kunis mala kanatti dhimma bahee bakka od-himtoonni jiran deemuun odeeffannoo kaayyoo qorannoo isaa deeggaran funaaneera. Yeroo odeeffannoo kana funaanu namoota miiltoota isaaf ta'an deeggarsa gafaachuun odeeffannoo argame yaadannoo qabachuun walitti qabatee jira. Sababni qorataan gosa qorannoo kanaa filateef ragaa od-himtoonni kennan faana bu'ee hordofuun iddoo gaaffii kaasutti qulqulleeffataa akka deemuuf waan gargaarufiidha. Malli qaaccessa ragaalee qorannoo kanaa immoo lakkoofsaafi ibsa fayyadamuun qorataan ragaalee bifa garaa garaatiin sassaabaman gadi fageenyaan xinxalee tokkoon tokkoo isaa adda baasee qaccessee ibseera.

3.2 Mala Iddatteessuu (Sampling Method)

Qorannoo gaggeessuuf kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun iddattoota filachuun barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti otoo hintaane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama. Flick (2002:61) yoo ibsu,

The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)...Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding (presentation sampling).

Akka yaada kanaatti qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu otoo hintaane bakka sadiitti itti gargaaramna. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda'antu filatama; Achiis wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaaceffamu itti fayyadamama. Ragaan qaaceffamee bu'aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiin filamuudha. Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta'u innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi kan kana fakkaataan qusachuuf yaadameeti. Haala kanaan qorataan mala iddatteessuu kaayyeffannoo fayyadamuun iddattoon dhimma itti ba'e, Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee, Waajjira Haqaafi Waajjira Poolisii Aanaa Hidhabuu Abootee keessa hojjatoota jiran: Abbootii seeraa(7), Abbootii alangaa(6), Abukaatoota (4) akkuma jiranitti yeroo fudhatu Poolisii(30) keessa Poolisoonni kutaa qorannoo yakkaa irra hojjatan(7) akkuma jiranitti mala iddatteessuu eer-dabarsaa ykn iyyaafannoo fayyadamuun filatamaniiru. Sababiin isaas eeruu fuudhuun falmiifi ragaa afaanii dhagahuun kan qulqulleessan isaan waan ta'aniif. Abbootii dhimmaa keessaa himataa (16), himatamaa (16)fi ragooleen (16) lakkoofsa galmee himataafi himatamaa lama lamarra utaalaa mala iddaattoo carraa sirnaawaatiin fudhatamaniiru. Akkasumas, itti gaafatamtoonni waajjraa (3) akkaayyoon filataman hirmaattota qorannichaati.

Haaluma kanaan, qoratichi iddattoo haala kanan fudhachuun qorannicha adeemsiseera. Dhumarrattis odeeffannoo kallattii adda addaan funaauuf, malleen odeeffannoo funaansa

kanneen akka bargaaffii, afgaaffii, daawwannaa dhaddachaafi sakatta'a galmeewaan gargaaramee himataa, himatamaafi ragoolee hanga kana fudhachuu danda'eera. Walumaa galatti, odeef-kennitoota dhiira (60) dubra (15) Ida'ama = (75) filachuun qoratichi qorannoo isaa kan geggeesse yoota`u, mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee mala iddatteessuu kaayyeffannoon filatee jira. Sababni mana hojii kana filateef, yeroo dhimmaaf mana hojii kana dhaqe qawwaa itti fayyadama Afaan Oromootiin walqabatee abbootiin dhimmaa yemmuu komatan arge irraa ka'uniifi dhimma kana irrattis qorannoon kanaan dura hojjatame kan hinjirre ta'uufi odeeffannoo ga'aa ta'e nan argadha jedhee waan yaadeefi.

3.3 Madda odeeffannoo

Maddi qorannoo kanaa madda odeeffannoo tokkoffaafi madda odeeffannoo lammaffaati. Madda odeeffannoo calqabaa jedhamanii kan beekaman odeeffannoo qaama dhimmi ilaalatu irraa karaa af-gaaffii, bar-gaaffiifi dawwannaa irraa funanamuudha. Haaluma kanaan maddi odeeffannoo tokkoffaa qorannichaa abbootii seeraa, abbootii alangaa, poolisootaafi abukaatoota mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti Afaan Oromootiin hojjataniifi himataa, himatamaafi ragoolee mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee keessatti dhiyaataniidha.

Kana malees maddi ragaa lammaffaa kanneen jedhaman immoo galmee himataafi himatamaa, kitaaboolee seeraa, labsiiwwanfi danbiiwwan adda addaati. Qabanni madda ragaa laachuu irrattii xiyyeeffannoon kennammeef, maddi ragaa tokko qofaa isaa odeeffannoo ga'aa ta'e kennuu dhiisuu waan danda'uuf.

3.3.1 Odeeffannoo Dhunfaa Hirmaatootaa

Qabxii kana jalatti odeeffannoo dhuunfaa odeef-kennitoota qorannoo kana keessatti hirmaatantu dura duubaan dhiyaate.

3. 3. 1. 1 Odeeffannoo Abbootii seeraa, Abbootii alangaa, Poolisiifi Abukaatoo

Odeeffannoo qaamoolee haqaa mirkaneessuu keessatti hirmaatan gabatee (1a) keessatti akka armaan gadiitti ibsamee jira.

Gabatee1a. Ibsa Ragaa Abbootii seeraa, Abbootii alangaa, Poolisiifi Abukaatootaa

La kk	Gosa Hojii	Saala			Sadarkaa banootaa			Gosa barnootaa			Muxannoo waggaan					Hojii					Umurii				
		Dhi	Dha	Ida'ama	Diigrii	Dippilooma	Sartafi	Seera	Sociology	H.R.M	0-10	11-20	21-30	31-40	41fi ol	20-25	26-30	31-35	36-40	41 fi ol					
1	Abbaa Seeraa	7	-	7	4	3	-	7	-	-	2	3	1	1	-	2	3	1	1	-					
2	Abbaa Alangaa	6	-	6	2	4	-	6	-	-	-	3	2	1	-	-	3	1	1	1					
3	Poolisii	5	2	7	-	5	2	4	2	1	-	1	5	1	-	-	2	4	1	-					
4	Abukaat -oo	4	-	4	2	2	-	4	-	-	-	2	1	1	-			1	1	2					
	Ida'ama	22	2	24	8	14	2	21	2	1	2	9	9	4	-	2	8	7	4	3					

Akka odeeffannoo gabatee (1a) keessatti dhiyaate mul'isutti: odeeffannoo ragaalee qorannichaa kennuu irratti kan hirmaatan abbootiin seeraa dhiira 7, abbaan alangaa dhiira 6, poolisii dhiira 5fi dhalaa 2 akkasumas abukkaatoota dhiira 4 kan hirmaatan yemmuu ta'u, gama sadarkaa barumsa isaanitiin immoo abbaa seeraa diigirii 4, dippiloomaa 3; abbootii alangaa diigirii 2, dippiloomaa 4; poolisii diippiloomaa 5, sartafiikeetii 2; abukaatoota diigirii 2, dippiloomaa 2 qooda fudhataniiru. Gosa barnoota itti leenji'aniin yeroo ilaallu namoonni 21 seera, poolisii keessaa namoonni 2 soshooljii, namni 1 immoo bulchiinsa humna namaa ta'uu odeeffannoon argame ni'ibsa. Muxxannoon isaan

akka waligalatti qaban waggaa 7 hanga 30 gidduu ta'uu hubachuun nidanda`ama. Afaan dhalootaan yeroo ilaalu immoo kan hundaatu Afaan Oromoo akka ta'e ragaan argame ni`agarsiisa.

3.3.1.2 Odeeffannoo Abbootii dhimmaa Qorannicha Keessatti Hirmaatan Gabatee (1b) Ibsa Raga Abbootii dhimmaa

Saala			Barnoota		Umurii				Dandeettii afaanii			Bakka jireenya		Dhimma dhufeef		
Dhi	Du	Ida`ama	Kan barate	Hinbarane	18 -25	26 -35	36 -55	56 ol	A/o qofa	A/Orfi A/A	A/Inglizii	Baadiyyaa	Magaala	Himataa	Himatamaa	Ragaa
38	10	48	36	12	11	14	14	9	47	1	-	28	20	16	16	16

Ragaan gabatee (1b) armaan olii kun akka agarsiisutti, abbootiin dhimmaa odeeffannoo qorannichaaf kennan dhiira 38 dhalaa 12 yeroo ta'an, haala barnoota isaanitiin odeeffannoo kennitoonni 36 kan baratan , 12 immoo kan hinbaranne yoo ta'an , bakka jireenya isaanitiin yeroo ilaallu, 28 baadiyyaa, 20 immoo magaala ta'uu agarsiisa. Umuriin isaanis giddugalaan waggaa 21 hanga 57 ta'uu odeeffannoon arganne nimirkanessa.

3.3.1.3 Odeeffannoo Dhuunfaa Itti gaafatamtoota Waajjira Haqaa, Mana Murtiifi Pooliisii Qorannicha Keessatti Hirmaatanii

Itti gaafatamtoonni waajjiraa dhiirri 3 qorannoo kana keessatti odeeffannoo kennuun hirmaatanii jiru. Bakki isaan irraa hirmaatanii: waajjira mana murtii, wajjira haqaafi wajjira pooliisii yeroo ta'an, sadarkaa barnootaatiin yeroo ilaallu walduraa duubaan namni

2 diigriifi namni 1 immoo diiploomaadha. Gama biraatiin, gosti barnoota isaanii immoo kan hundaatu seera ta'uu odeeffannoon argame nimul'isa.

3.4 Adeemsa Qorannoo

Qorataan duraan dursee mana hojii qorannoo itti adeemsisuuf karoofate dhaqee xalayaa deeggarsaa yuunivarsiitiin laatameef qaama dhimmi ilaalutti dhiyyeeffatee hojiitti galuuf eeyyama fudhate. Kana booda haasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessaa qorachuuf haal-duree mijeessuu, ragaalee waa'ee mataduree kanaa kaasan sakkatta'uu, odeeffannoo argame walitti qabuu, haala itti hojiirra oolu yayyabuufi qindeessuun murteessaadha. Kanaaf gaaffileen osoo hinbahin dura meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaanamu akka qophaa'u beekamaadha. Kunis gaaffileen qophaa'u sun sakatta'a barruufi kaayyoo qorannichaa faana yoo walqabate milkaa'ina qorannichaaf murteessadha. Kana gochuuf immoo gaaffileen qophaa'an haalaan xiinxaluun barbaachisaadha. Kanaaf, qoratichi gaaffilee baasuun osoo dirreetti hinbahiin dura gaaffilee qorannoo dirreef qopheesse gorsaa isaatti agarsiisuun bakka fooyya'u qabu erga fooyessee booda, gaaffileen qophaa'an kun odeeffannoo barbaachisu akka argamsiisuu dandaa'an erga mirkanaa'e booda dirreetti akka bobba'u ta'eera. Haaluma kanaan qoratichi mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee dhaqee ragaawwan qorannoo isaaf oolaan walitti qabachuu danda'eera.

3.5 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Odeeffannoo barbaadamu argachuuf malleen ragaa ittiin funaanuuf filataman afgaaffii, bargaa'ffii, daawwannaa'fi sakatta'a dokumantiiti. Qabanni qorataan malleen odeeffannoo ittiin funaanamu gara garaatti fayyadameefis, odeeffannoo mala tokkoon argamuu hindandeenye tooftaa birootiin bira gahamuu waan danda'amuufi.

3.5.1 Afgaaffii

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname keessaa tokko afgaaffiidha. Kaayyoon qoratichi afgaaffiitti fayyadameef, qoratichifi deebi kennitoonni qaamaan walarganii yaada isaanii bal'inaan walii ibsaa waan deebii deebisaniif, haaluma kanaan iddatto akkaayyoo fayyadamuudhaan itti gaafatamtoota wajjiroota sadii hirmaatoota afgaaffii kanaa taasisee kan filate yoo ta'u, isaanis: itti gaafatamaa wajjira mana murtii, wajjira haqaafi wajjira poolisiitiif, rakoollee fayyadama Afaan Oromoon walqabatee hojirratti isaan muudachuu danda'u addaan baafachuuf gaaffiin dhiyaateef saddeet yoo ta'u gaaffileen kunis, gaaffiilee banaafi odeeffannoo bal'aa argamsiisuu danda'aniidha. Kana malees, odeeffannoon itti gaafatamtoota wajjiroota sadeenii irraa funaaname turtii guyyaa sadii fudhachuun deebii quubsaa fi iddoo deebiin shakkisiisaa ta'eetti irra deebi'uun gaafachuun odeeffannoo qulqulluun argamee qorannoon gaggeeffameera.

3.5.2 Bargaaffii

Bargaaffiin ragaa baay'ee bal'aa ta'e tokko sasaabachuuf gargaara. Yaada kana ilaalchisee Dastaan (2002: 95) yemmuu ibsu,

Bar-gaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'ee argama. Kanaaf sababa ta'uu kan danda'us: yeroofi human qusata, eenyummaa odeef-kennitootaa waan hinibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf, odeef-kennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu dhiheessuuf, bakka bu'aadhaan dalagamuu danda'uufi qorataafi odeef-kennaa gidduu waliin dubbiin murteessaa miti jedha.

Kanumarraa ka'uun qoratichi Meeshaa funaansa ragaa kanatti dhimma bahuun odeeffannoo barbaachisu abbootii seeraa, abbaa alangaa, abukaatoota, ragoolee, himataafi himatamaa irraa kan funaannate bargaaffiidhaan. Toftaan kunis kan filatmeef baay'ina qaamolee haqa mirkaneessan (24) fi abbootii dhimmaa (48) ta'an irraa tooftaalee birootiin odeeffannoo funaanachuun ulfaataa waanta'eef, qorataan kun karaa salphaa ta'een yaada isaan itti fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii keessatti maal akka fakkaatu, karaan ibsachuu danda'an bargaaffii ta'uu waan amaneefi. Haaluma kanaan gaaffileen funaansa

odeeffannoo qaama haqa mirkaneessuuf dhiyaatan (14) yemmuu ta’u, isaan keessaa gaaffiin (11) banaa, gaaffiin (3) immoo cufaadha. Kana malees, abbootii dhimmaaf gaaffileen biroo (10) kan dhiyaatan yemmuu ta’u, isaan keessaa gaaffileen (8) cufaafi gaaffileen (2) immoo banaadha. Bargaaffileen gosa gara garaa lameen qaamolee haqa mirkaneessaniifi abbootii dhimmaaf dhiyaatan kun kutaalee sadi qabu. Isaanis kutaa yaada waliigalaa, kutaa odeeffannoo dhuunfaafi kutaa gaaffilee dhiyaataniidha. Dhumarrattis odeeffannoon bargaaffiin namoota baay’inaan (72) ta’aniif raabsame guutumaa guutuutti irraa funaanamee xiinxalamee dhiyaateera.

3.5.3 Daawwannaa

Daawwannaan raga bu’uraa qorannichaa cimsuu danda’an funaanachuuf, mala qaamaan argamuun yoomessa uumamaa keessatti hirmaachaa odeeffannoo funaanataniidha. Yaada kana Dastaan (2002: 90) irratti akka ibseetti, “daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordafaa waan arge tokko ragaa akka sassaabatu kan taasisuudha.”jedha.

Haaluma kanaan qoratichis meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun odeeffannoo barbaachisu kallattiin madda ragaa tokkoffaa irraa qaamaan mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti dhaddachi yeroo gageefamu argamee haaloota fayyadama haasbarruu mana murtii keessatti geggeeffamuu odeeffannoo funaannateera. Adeemsa kana keessattis qoratichi ji’a Amajjii hanga Camsaatti turtii yeroo ji’a shanii keessatti, dhaddacha hariiroo hawaasaa yeroo jaha (6)fi dhaddacha yakkaammoo yeroo afur(4) walumaagalatti yeroo kudhan (10) daawwachuun ragaa itti fayyadama haasbarruu mana murtii waliin walqabatan himataa kaasee hanga murtii argatutti sassabbachuu danda’eera. Walumaagalatti, qoratichi gaaffilee mirkaneefannaa qabxiwwan (8) qopheeffachuun wayita daawwannaaf dhaddacha seenu haala qabatamaa jiru ittiin daawwachuun mirkaneeffateera.

3.5.4 Sakatta'a Dookumantii

Meeshaalee funaansa ragaa kanatti gargaaramuun qoratchi kitaabolee seeraa kanneen akka seera yakkaa, hariiroo hawaasaa, seera maatii, labsii, qajeelfamoota, danbiiwwaniifi xalayoota adda addaa sakatta'uun haala itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessa jiruu xiinxalee jira. Kitaabileefi xalayoota fudhatee sakatta'e kana keessatti wantoonni irratti xiyyeeffatame kitaaba afaan kamiin barreeffame akka fayyaddamaniifi haala uumamsa jechoota seeraa irrattiidha.

3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun haasbarruufi haali fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maali akka fakkaatu qaaccesuuf kan gaggeeffameedha. Haaluma kanaan haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee ilaalchisee yaada qaamoleen seeraafi abbootiin dhimmaa kennan, ragaalee daawwanaa dhaddachaafi sakatta'a dookumantiin argaman bu'uura godhachuun; ragaaleen daawwanaa dhaddachaafi sakatta'a dookumantiin argaman mala akkamtaan qacceeffamanii jiru. Akkasumas ragaaleen af-gaaffii mobaayiliin waraabaman akkuma jirutti hunda isaa waraqaarratti garagalchuun qorannicha qulqullina dhabsiisa waan ta'eef, kaayyoo qorannichaa qofarratti hundaa'uudhaan yaadota irra deddeebii qabaniifi kaayyoon wal-hinqabanne hambisuun barreeffamatti jijjiiramee dhiyaateera.

Kana malees, qoratchi odeeffannoo bargaaftiin argaman erga kaayyoo qorannoo isaarratti hundaa'uun addaan baasee booda; ragaalee bifa afaaftiifi bargaaftiin funaanaman mala akkamtaafi hammamtaa fayyadamuun bakka tokkotti dhiyaatanii qacceeffamaniiru. Dhumarrattis odeeffannoo karaa hundaan madda adda addaarraa argaman walitti fiduun ibsi itti kennamee jira.

3.7 Naamusa Ogummaa (Ethical Consideration)

Qorataan tokko yemmuu qorannoo gaggeessu milkaa'ina qorannoo isaatiif jecha naamusa ogummaa eegee argamuu qaba. Naamusi ogummaa kunis kan of keessatti haammatu:

haala ufannaa naannoo (mana hojii) sanaa, iccitii iddoo hojiifi iccitii odeef-kennitootaa eeguun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qorataan kun naamusa ogummaa sanaa eegee erga dhiyaatee booda; calqaba odeef-kennitoota bira deemee nagaa wal-jijjiiruun kaayyoo qorannoo isaa ibseef. Qabanni qorataan tooftaa kanatti fayyadameef haawaasni mana murtii baay'ee sodaatu waan ta'eef sodaa tokko malee odeeffannoo isanirraa eegamu akka gumaachaniif yaadeeti. Kunis faayidaan isaa odeef-kennitoonni odeeffannoo kennuurraatti akka of hinqabneefi odeeffannoo Kennan immoo dhugaa jirurraa akka hinmaqsineef gargaara.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSAFI IBSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti ibsaafi xiinxala ragaalee haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee ilaalchisee ragaaleen madda tokkoffarraa daawwannaa dhaddachaa gaggeessuun, bargaaffiifi afgaaffiin funaanaman akkasumas, madda lammaffarraa kanneen akka: kitaaboolee seeraa, labsii, danbii, qajeelfamoota, galmee himataafi himatamaa sakatta'un argaman mataduree kana jalatti haala armaan gadii kanaan dhiyaatanii qaacceffamaniiru.

4.1 Qaacceessa Ragaalee Daawwannaan Argamanii

Manni murtii sirna yoomessa fayyadama haasbarruu mataa isaa danda'e qaba. Isaan keessaa muraasni kanneen akka, fayyadama afaan kabajaa, sirna ragaa dhageeffachuu, sirna kakuu, sirna gaaffii, dhageettii ibsachuu, fayyadama haasbarruu adabii salphisuufi cimsuu isaan gurguddaadha.

4.1.1 Fayyadama Haasbarruu Sirna Kabaja Kennuu Keessatti

Mana murtii keessatti haalli afaanitti fayyadamnu kan iddoo kani irraa adda waan ta'eef akkaataan abbootiin dhimmaafi qaamoleen haaqa mirkaneessan itti dubbatan adda. Addummaa kanas kan fide immoo aangoo abbaan seeraa iddoo sanatti qabuudha. Haaluma kanaan abbootiin dhimmaa mana murtii keessatti yemmuu abbaa seeratti dubbatan afaan kabajaa fayyadamuu qabu. Kunis afaan dubbii keessatti qofa osoo hintaane afaan barreeffamaa keessatti illee kan mul'atuudha. Abbootiin seeraa garuu afaan kabajaa abbootii dhimmaaf hinfayyadaman. Daawwannaa dhaddacharraatti taasifameen hubachuun akka danda'ameetti, abbaan dhimmaa kamiyyuu yeroo dhimmaaf mana murtii deemu dhimmoota isaa akkuma gara dhaddachaatti dhiyaateen "*Kabajamaa mana murtii yookiin kabajamaa abbaa seeraa*" jechuun dhimma isaa ibsata. Yeroo kana jedhus bakka akka dhaabbatu eeyyamameef gadi dhiisuun socho'uun, gara abbaa seeraatti dhiyaachuun haasaasuun yookiin haasa'un dhorkaadha. Jechi, dubbiin, dhaabbiin, uffaniifi kan kana fakkaataan hundi mana murtiiti keessatti seera mataasaanii

qabu. Afaan iddoo sanatti nuti fayyadamnu haqa argachuufi dhabuu irratti gahee guddaa qaba. Abbootiin dhimmaa adeemsa kana eeganii dhiyaachuun immoo dhimma filannoo hinqabneedha. Adeemsa kana raawwachu dhiisuun immoo yakka qofa ta'uu bira darbee adabbii cimaa fiduu danda'a. Kanaafu abbootiin dhimmaa mana murtii keessatti dhaddacharratti gaalee “*Kabajamaa mana murtii yookiin kabajamaa abbaa seeraa*” kan jedhu kanas yeroo adda addaa dhimma itti bahu. Innis: yeroo himata dhiyeefatan, yeroo ragaa dhageesiisan, yeroo falmiifi kkf hunda irratti jalqaba dhimma itti bahu. Yeroo xumuramus “*galatoomaa*” jechuun dhaddacha irraa bahu.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti mana murtii keessatti akkaataan abbootiin dhimmaa: itti dhaabbatan, itti dubbatan, haali itti uffatan hundi isaa sirna mataa isaa kan qabuudha. Kana immoo kan fide akkuma mataduree boqonnaa lama jalatti haasbarruufi aangoo jedhu jalatti ilaaluuf yaalametti aangoon fayyadama afaanii irratti iddoo guddaa qaba. Gaaffii maaliif abbootiin dhimmaa afaan kabajaa fayyadamuun dhimmoota isaa mana murtiitti dhiyeeffata jedhuuf, qaamoleen haqa mirkaneessan yemmuu deebisan qaajeelfama sirna dhaddachaafi haala aadaa hojii naannoo saniitu dirqamsiisa jechuun yaada isaanii kennaniiru. Qajeelfama mana hojii sanaa eeguufi eegisisuun gaarii ta'ee osoo jiruu, abbootiin dhimmaa fayyadama afaan bakka sanaarratti hubannoo gahaa hinqabne waan midhamaniif, qaamni dhimmi ilaalu osoo abbootii dhimmaaf dhaddacha seenun dura haala itti fayyadama afaan bakka sana irratti ibsi laatamee gaarii ta'a.

Haaluma wal-fakkaatuun barreeffama mana murtiif dhiyaatu keessattis afaan kabajaa fayyadamuun nijira. Kunis, iyyanni mana murtiitti dhiyaatu kamiyyuu ulaagaalee guutuu qabu qaba. Adeemsi kunimmoo dubbii ta'e barreeffama keessatti jechoota kabajaan dhiyaachuu akka qabu seera adeemsa falmiin kan murtaa'eedha. Akkuma dubbii keessatti “*kabajamaa mana murtii yookaan kabajamaa abbaa seeraa*” jedhan barreeffama keessattis, “*kabajaanan iyyadha*” yookiin “*kabajaanan gaafadha*” jechuun dhiyyeessuu qabu.

Kun immoo kan agarsiisu, afaan mana murtii keessatti fayyadamnu kan iddoo birootti fayyadamnu (afaan idilee) irraa gargar ta'uu isaati. Garaagarumaa afaanii kana ammoo kan uume yoomessa isaati. Abbootiin dhimmaa mana murtiin alatti yemmuu waliin dubbii abbootii seeraa waliin taasisan afaan kabajaa kana hinfayyadaman. Kan jechuun itti fayyadamni jechootaa ulfina kennuu kun iddoorratti kan hundaa`u ta`uu agarsiisa. Kunis sababni isaa kabaja hawaasni iddoo hojii sanaaf qabu mul'isuufi qaamoleen seera kabachiisan kamiyyuu nama hundaaf walqixa dhaabachuu isaanii mul'isuuf kan itti gargaraman ta'uu isaati.

4.1.2 Fayyadama Haasbarruu Adeemsa Sirna Ragaa Dhageeffachuurratti

Adeemsi fayyadamina afaanii sirna ragaa dhageeffachuu keessatti kan jalqaba raawwatamu sirna kakuuti. Sababni isaas namni ragaa bahu sun dhugaa dabsee qaama tokko deegaruun akka ragaa hinbane mala ittiin ittisan keessaa isa tokkoodha. Adeemsa ragaa dhagahuu keessatti kan jalqaba raawwatu ragooleen dhiyaatan haala amantaa isaanii irratti hundaa'un sirna kakuu erga gaggeessanii booda. Sirni kakuu erga xumuramee booda manni murtii ragoota irraa jecha fuudhuun dura haala waligalaa nama ragaa ta'ee dhiyaateetu guutama. Kun immoo kan of keessatti qabatu maqaa, umurii, teessoo, hojii, nama ragaa ta'ee dhiyaate sanaaf firummaa ykn jibba qabaachuu isaafi kan kan fakkaatan erga gaafatee hubatee booda waan beekuufi waan dhufeef mana murtiif akka ibsu karaa abbaa murtiin nitaasifama. Yeroo kana abbaan seeraa dhimma dubbatamu galmeeffachuun haalaan ibsuufi ibsuu dhabuusaa dubbii isaarraa adda baasa. Dhimmicha moo'uuf immoo ragaaleen dhiyaatan hundi dhimma sana haala tokkoon ibsuu qabu. Sababni isaas namoonni garagaraa waan qabatamaa malee soba haala tokkoon ibsuun hindanda'amu jedhamee waan amanamuufidha.

4.1.2.1 Fayyadama Haasbarruu Sirna Kakuu keessatti

Kakuun ilaalcha hawaasa keessatti wanta dhorkaadha jedhamee yaadamu tokko yoo raawwatanii argaman, dhimma sanaaf adabbii namarra gahu jedhamee amanama. Akka

galmee jechoota Afaan Oromoo (1996:334) hiikutti, “kakuun dhugaa dubbachuuf waadaa galuudha” jedha. Haaluma kanaan manneen murtii keessatti sirnoota dhugaa baasuuf raawwatan keessaa tokko sirna kakuuti. Sirni kakuu dhugaa baasuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf namni bu’uura seeraatiin akka kakatu dirqamamu kamuu, hiiktuu (turjumaana) afaanii dabalatee akkaataa aadaa, amantaafi dudhaa isa ibsuun danda’uun kakachuu qaba. Kakuun kan raawatu gaggeessaa dhaddachaa yookiin abbaa murtiitiin ta’ee, namooni kakatan akka sagaleen isaanii dhagahamuu danda’utti qofaa qofaatti kakachuu qabu. Haaluma kanaan manni murtii aanaa Hidhabuu Abootee namoota ragaa ta’anii dhiyaatan kana mallattoolee adda addaa qabsiisuun kan kakachiisan ta’uu isaa qorataan kun yeroo daawwannaa dhaddachaa hubateera. Fakkoomiin meeshalee qabatani kakatani haala armaan gadii kanaan qaacceeffamee dhiyaateera.

4.1.2.1.1 Xinxala Fakkoommii Mallattoolee Sirna Kakuu

Namoonni ragaa ta’anii mana murtii keessatti dhaddacharratti dhiyaatan yemmuu kakatanis akkaataa aadaafi amantaa isaanitiin: “daaraa, firii midhaanii, sibiila, dhagaafi lafa yookiin Kitaaba qulqulluufi quraana” qabatani kakachuu qabu.

‘daaraa’ yemmuu daaraa qabatani kakataanis akkuma mukti ibiddaan gubatee daaraa ta’u, anis yoon soba ragaa bahe waaqni nagubee akka daaraa kana naa haagodhu jechuun kakatu. Daaraan waan bu’aa hinqabne ta’uu isaa mul’isa.

‘sibiila’ sibiilli gogaa lubbuu hinqabneedha, kanaaf yoon soba ragaasise akka sibiila kanaa naahaagogsu jechuun ragaa bahu.

‘Dhagaa’ dhagaan socho’uufi dubbachuu hindanda’u. kanaaf soba yoon ragaa bahe akka dhagaa kanaa naa haataxisu jechuu isaati.

‘Firii miidhanii’ namni miidhaan malee jiraachuu hindanda’u. kanaaf yoon soba ragaasise waaqni ija midhaanii na hinagarsiisiin jedhanii du’a ofitti murteessu. sababni kanaan kakachiisan immoo namni miidhaan malee jiraachuu waan hindandeenyeef yoon

sobe firiin kun naa hinbiqilin jechuun yaada isaanii kennu, sababni kanaan kaksiiisaniif immoo uummanni oromoo harki caalu qonnaan bulaa waan ta'eef, firii midhaaniif kabaja guddaa waan qabuuf sobaan hinqabatu jedhamee yaadameeti.

'Kitaaba Qulqulluu'kitaabni qulqulluu hordoftoota amantaa kiristaanaa biratti meeshaa sagaleen waaqayyoo irratti barreeffame jedhamee waan ilaalamuuf namoonni sobaan kitaaba sana qabatanii hinkakatan yaada jedhuuf. Kaayyoon isaa garuu ragaa sobaa hanbisanii haqa mirkaneessuuf yaadameeti.

'Quraana' akkuma kitaaba Qulqulluu Quraani hordoftoota amantii islaamaa biratti meeshaa kabajamaafi ulfina qabu waan ta'eef namoonni amantii kana hordofan yemmuu ragaa ta'anii mana murtiitti dhiyaatan qabatanii akka kakatan taasifamu. Haaluma kanaan abbaanmurtii namoota otoo hinkaksiisiin dura namni kakatu sun maalitti akka amanu, kaayyoofi bu'aa kakuu hubachiisuudhaan, akkaataa qajeelfama sirna dhaaddachaa manneen murtii naannoo Oromiyaa lakkoofsa 6/2004 irratti hundaa'uun kakuu armaan gadii akka kakatan taasiisa.

*"Dhugaa malee soba hindubbadhu,
Yoon soba dubbadhe
Waaqni dhala naaf hin kenniin,
Yoo naaf kenne hinguddatiin,
Yoo guddate hindubbatiin,
Yoo dubbate hinmul'atiin,
Dhugaan dubbadha!
Dhugaa hinhaaluu!
Yoon dhugaa haale
Qe'ee koo bofti haadhaaluu
Qe'een koo qe'ee boyyee!
Dhalli koo dhala yuyyee haa ta'u
Dhugaa malee soba hin dubbadhu
Yoon soba dubbadhe,
Kanan dhale naaf hinguddatiin
Yoo guddate hindubbatin
Kanan facaase naaf hinmargin
Kanan nyaadhe naaf hin sifaayiin.
Dhugaa malee soba hindubbadhu
Yoon soba dubbadhe,*

*Nagahaan mana kootti nagalchiin,
Yoo nagalche nagahaan nabalchiin*

Kakuun haala kanaan kan raawwatu yoo ta’u, gaaleefi himoonni isaan fayyadamanii kakatan kun hawaasa keessatti maali akka mul’isu, haala armaan gadiin xinxalame dhiyaateera.

‘*Waaqni dhala naaf hinkennin*’. Akka hima kanarraa hubachuun danda’amutti namoonni yeroo kakatan jecha kana kan fayyadaniif, ilmoon Uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qabdi sababni isaas yoo rakkatan kan nama gargaaru, yoo du’an kan nama awwaaluufi kan nama waamisisu ilmoodha. Namni ilmoo hinqabne ilaalcha uumata biratti nama abaraamaa homaa hinqabneedha. Kanaafuu mana murtiittis sababni haala kanaan kakisiisan, dhugaan akka hindhokaneef jedhameeti. Inni kun faayidaan isaa namni kamiyyuu mana murtiitti haqa sirrii akka argatuuf yadameeti.

‘*Yoo naaf kenne hinguddatin*’. Kan jedhu kun immoo kan ibsu daa’imni dhalate sun yaa du’u jechuudha. Kunis faayidaan isaa namni ragaa bahu kamiyyuu dhugaa akka bahuuf yaadameeti.

‘*Yoo guddate hindubbatii*’. Jechuun immoo afaan isaa yaahidhamu (dubbachuu hindanda’ini) jechuudha. Kunis akkuma armaan dura ilaaluuf yaaletti namni finni isaa akka duudaa taatu waan hinbarbaneef dhugaa jiru akka himu yaadameeti.

‘*Yoo dubbate hinmul’atiin*’. Kana jechuun immoo bakka hiriyoonna isaa gama dinagdeen, barnootaan, beekumsaafi kan kana fakkaatanin gahan hingahin yookiin isaanin hinqixatiin jechuudha.

‘*Qe’ee koo bofti haadhaalu*’. Kana jechuun bofti uummata Oromoo birati haala gadhee ta’een hubatama. Kana malees yaadni kun kan ibsu bofti amala isaatiin onatti waan galuuf, ilmoon nadhaalu dhabamee qe’een koo ona yaata’u jechuu isaati.

‘Qe’een koo qe’ee boyyee’. Gaaleen kun kan ibsu booyeen bineensa balfamtuu ta’uu ishiifi iddoo tokko kan hinteenye adeemtuu ta’uu ishii mul’isuuf yaadameeti. Dabalataanis bineensi kun amantaan tokko tokko akka nyaatamuuf hinheymaneeeti kaa’a.

‘Dhalli koo dhala yuuyyee haata’u’ ergaan yaada kanaa immoo dhalli koo kan yaaduu hindandeenye janja’aa yaa ta’u jechuudha.

‘Kanan facaase naaf hinmargin’. Hiikni yaada kanaa uumanni Oromoo irra caalaan isaa qonnaan kan jiraatu waan ta’eef, midhaanin facaase yoon sobe naaf hinbiqilin jechuu isaati. Namni facaasee sanyiin marguufi dide ammo abaramaa kan waaqni itti jalate akka ta’eetti ilaalama.

‘Kanan nyaadhe naaf hinsifaayiin’. Yaadni jedhu kun yoon soba dubbadhe qabeenya biraa horachuu dhiisi innumtin qabu naaf hinqusatamin yookaan kanan nyaadhe naaf hinraga’in (garaabaa koo keessa hinturiin yookiin fayyaa kootiif hinta’ini) jechuu isaati.

‘Nagahaan mana kootti naa hingalchiin, yoo nagalche nagahaan naa hinbulchiin.’ Himni kun immoo kan calaqisiisu yoon soba dubbadhe osoo mana koo hingahin karaatti balaan narra yaaqaqabu, yoon gale illee rakkoon cimaa natty yaadhufu jechuudha.

Walumaagalatti kakuun akka mana murtiitti sababoota adda addaatiif gaggeefama. Isaan keesaa muraasni: yakkoota akka ajjeechaa, walganuu, sobaafi kan kana fakkaataan hawaasa keessatti yeroo uumaman akka aadaafi safuun ummataa hincabne kaksiiisuun ifa akka bahu taasisuuf raawwata. Gama birootiin, nama seera hawaasni tokko baafate cabse abaaruu yookiin akka kakatu gochuun dhibbaa xinsammuu fiduu ta’a. Kana ilaalchiise, Long Man (1987) kakuu yoo ibsu nama tokko irratti akka balaan dhaqabu gochuudhaaf miira aariin abaaruu jechuudha. Sirni kakuu faayidaa mataa isaa qaba. Kunis; aadaa ofii kabajuuf, dhaloota naamusa gaarii qabu horachuufi seera hawaasichaa kabajanii jiraachuuf gahee guddaa qaba.

Akka ragaan daawwannaa dhaddachaafi sakatta`a dokomeentii mana murtii Aanaa Hidhabuu Abooteerraa argame ibsutti, Sirni kakuu sababni gaggeeffamuuf dhugaan ifatti bahee mul`atee namni miidhame sun haqa akka argatuuf yaadameetiidha.

4.1.2.2 Sirna Fayyadama Haasbarruu Gaaffii Duraa Keessatti

Ragaan dhiyaate mana murtiif dhimma dhufeef erga ibsee xumuree booda, namni ragaa dhiyeeffate qabxii ijoo dhiyaate irratti ragaan sun akka ibsu wantoota barbaadu gaafata. Namni ragaa dhiyeessu yeroo kana keessatti gaaffii kallattii agarsiisu gaafachuu hindanda`u. Sababni isaas gaaffiin kallattii agarsiisu ragaan isaaf akka dubbatuuf karaa qajeelcha jedhamee waan laka`amuufidha. Kunis namni ragaa dhiyeesse nama ragaa bahuuf jecha akka inni dubbatu kallattii itti agarsiisuu hinqabu yaada jedhurraa ka`uuniidha. Ragaan dhiyaate jechi inni laachuu qabu jecha mataasaa ta`uu qaba. Gaaffii kallatti agarsiisu kan jedhaman isaan akkamii akka ta`an seeraan tumame hinjiru. Haata`u malee, gaaffiiwwan kun kan beekaman sagaleefi jechoota ittin dhiyaataniinidha. Akka raga daawwannaa dhaddacharraa argameetti yeroo baay`ee gaaffileen kallattii agarsiisan beekamoo ta`an kana armaan gadiiti. Isaaniis: ‘akkana *ture mitii?* *Himatamaan akkana godhe mitii?* Gaaffilee kanaafi kana fakkaataniif immoo namni ragaa bahuu dhufe deebiin deebisu beekamaadha. Deebiin isaas ‘*eeyyeen*’ yookaan ‘*Lakkii*’ kan jedhu ta`a. Inni kunimmoo yaada ragaa dhiyaate sanaa daangeessuu waan danda`uuf ragaan dhiyaate sun yaadasaa bilisaan akka hinibsine godha. Inni kun immoo haqa dabsuu danda`a jedhamee qamolee haqa mirkaneessaniin waan fudhatamuuf, yeroo baay`ee abbootiin alangaafi seeraa himataan gaffii gosa kanaa yemmuu gaafatu nidhaabsisu.

Haaluma kaanaan, namni ragaaf mana murtii dhaqe tokko waa`ee dhimma dhaqeeff sanaa dhugaarratti hundaa`uun waan beekuu hunda ibsuu qaba. Fakkeenyaaf abbaan seeraa gaaffii duraa, waa`ee lola ‘*obboo Tolaafi obboo Caalaa maal beekta?*’ Jedhee gaafachuu danda`a. Kana malees, ka`umsi lola kanaa maali akka ta`e? kaasuun gaaffiilee qorannoo poolisii kan ta`an irratti hundaa`un deebiisuu qabu. Gaaffileen kunneeniis: maliin akka rukute, eenyu akka isa rukute, yoom akka isa rukute, eessatti akka rukute, maaliif akka

rukute, akkamitti akka rukute, maali isaa akka rukute, uffata akkamii uffatee akka rukkutefi kan kana fakkaataan gaafachuu danda'a. Qorannoo kana keessatti namni ragaaf dhiyaate, gaaffilee ka'an kanaaf haala gahaa ta'een hasaan fayyadamuun ibsa bal'aa haala ifa ta'een kennuutu irraa eegama. Qabanni isaas ragaan dhiyaate sun hammam dhimma raawatame sana akka argeefi yaadni kenname dhugaa akka ta'e karaa ittiin adda baafataniidha. Kun immoo haqa sirrii kennuuf tooftaa itti fayyadamaniidha.

4.1.2.3 Sirna Fayyadama Haasbarruu Gaaffii Qaxaamuraa Keessatti

Gaaffiin qaxaamuraa kan dhiyaatu ragaan dhiyaate jechi inni dura kenne dhugaa ta'uufi dhiisuu isaa mirkaneefachuuf irra dedeebi'amee kan dhiyaatuudha. Kaayyoon isaas namni ragaaf jecha kennu dhugaa jiru osoo hindabsin waan jiru mana murtii akka hubachiisuuf yaadamee kan dhiyaatuudha. Gaaffiileen kallattii agarsiisan yeroo gaaffiin qaxaamuraa gaggeeffamu irratti dhiyaachuu nidanda'u. Gaaffiin qaxaamuraa baay'een isaanii gaaffii kallatti agarsiisudha jechuun nidanda'ama. Gama birootiin kan ragaan dubbate hundi dhugaa yookiin soba ta'uu isaa mirkaneessuuf gaaffiilee dhiyaatuudha. Gaaffiin qaxaamuraa kaayyoo dhiyaatuuf qaba. Kunis: ragaan dhufe sun nama dhufeef sana qofa deeggaruuf akka dhufetti agarsiisuuf, ragaa inni mana murtiitti dhiyeesse irratti wantooni walitti bu'an jiraachuu isaanii agarsiisuufi dubbiin ragaan mana murtiitti dura kenne sun dhugaa yookiin soba ta'uu addaan baafachuuf kan dhiyaatuudha. Kana malees, gaaffiin qaxaamuraa kan dhiyaatu jechi ragaan sun kenne dhugaa irraa kan fagaate ta'uufi manni murtii akka hinamanne tasiisuuf kan dhiyaatuudha. Gaaffiin gaafatamuus gaaffii kallattii agarsiisuun. Haaluma kanaan fakkeenya gaaffii qaxaamuraa yeroo dhaddachi mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti raawwatu ragaa qorataan dawwiin yaadannoo qabachaa achitti argamuun funaane irraa ilaaluun nidanda'ama. Fakkeenya gaaffiin abbaan seera ragaaf gaafa guyyaa 17-6-2008 dhiyeesse yemmuu ilaallu, fakkeenya:

- *Obboo Tolaan, obboo caalaa yeroo uleen rukutu argiteeta mitii?*
- *Uffanni inni gaafas uffate kootii gurraacha mitii?*
- *Uleen inni ittiin rukute shiboo qaba mitii?*

Gaaffii qaxxaamuraa kana keessattis deebiin deebi`u *'eeyyee'* yookaan *'lakki'* bira kan darbu miti. Qabanni abbaan seeraa haala kanaan gaafateef yaadni ragaan kenne kun soba moo dhugaadha jedhee addaan baafachuuf tooftaa itti gargarameedha. Yeroo baay'ee abbootiin seeraa gaaffiilee akkanaa sababni baay'isaniif namni ragaa ta'ee dhiyaate kun ragaa sobaa bahuun tokko fayyadee kan biraa miidhuu danda'a jedhanii waan amananiif irra deddeebi'anii gaaffilee kana dhiyeessu, inni kun immoo osoo abbootii seeraa hunda biratti haala walfakkaatuun gaggeeffamee murtii haqa qabeessa ta'e hawaasa kan kennuudha. Dabalataanis ragaa sobaa hambisuun haqa mirkaneessuuf kan dhiyaatuudha.

4.1.2.4 Sirna Fayyadama Haasbarruu Gaaffii Irra Deebii Keessatti

Gaaffiin irra deebii kan dhiyaatu nama ragaa dhiyeefateen ta'ee, namni ragaa dhiyeefate sun yeroo gaaffii qaxxaamuraa kan isaaf galuu dideerratti gaaffii gaafachuun akka hubatuuf kan dhiyaatuudha. Manni murtiis gaaffiin irra deebii yemmuu dhiyaatu, yaada gaaffii qaxxaamuraatti bitinaa'e walitti fiduuf kan itti fayyadamuudha. Kana malees, deebii gaaffii qaxxaamuraarratti kennaman kan ifa hintaane akka ifuuf gochuu danda'a. Fakkeenya:

- *“Eeyyeen yookiin immoo lakki yeroo jettu maal jechuu keeti?”*
- *“Uffata akkamii uffatee ture jette?”*
- *“Uleen isaa shiboo qaba yeroo jettu maal jechuu keeti?”*

Gaaffileen akkanaa yeroo baay'ee mana murtii keessatti sirna dhaddachaa irratti sababni irra deddeebi'anii ka'aniif ragaa bahaan sun dhimma dursee dubbate san irra deebi'ee dubbata moo irraa maqsee dubbata jedhanii mirkaneeffachuuf kan itti gargaramaniidha. Ragaa bahaan sun yoo irraa maqsee dubbate soba, yoo irra deebi'ee dubbate immoo dhugaa ta'uu isaa mirkaneeffachuufiidha. inni kun immoo haqa mirkaneessuu irratti gahee guddaa waan taphatuuf jabaatee itti fufuu qaba.

4.1.2.5 Sirna Fayyadama Haasbarruu Gaaffii Qulqulleeffannaa Keessatti

Abbaan seeraa murtii haqa qabeessa ta'e kennuuf jecha yeroo barbaachisaa ta'ee itti mul'ateetti yeroo kamiyyuu gaaffii kamiyyuu gaafachuu danda'a. Karaa dhimmicha qulqulleessuu danda'u hunda fayyadamuu danda'a. Kun ammoo gaaffii mani murtii dhimmicha qulqulleessuuf taasisuudha. Gosti gaaffii kana yeroo baay'ee kan dhiyaatu miira dheekamsaan waan ta'eef yeroo mirga namaa miidhu illee nimul'ata. Akkuma haqa mirkaneessuu keessatti gahe qabu, raga baatota waan sodachisuuf yeroo mirga isanitti bu'u waan mul'atuuf of eegannoo guddaan raawwatamuu qaba.

4.1.2.6 Sirna Fayyadama Haasbarruu Miira Ibsachuu Keessatti

Abbootiin dhimmaa mana murtii keessatti waliin dubbii adda addaa gaggeessu. Dubbiin naannoo kanatti taasisan immoo haala fayyadama dubbii galumsa hawaasa keessatti qabaniin kan raawwatuudha. Ergaan inni dabarsuus baay'ee bal'aadha. Hiika adda addaa itti kennuun ilaaluu dandeenya. Kana irraa kan hubannu itti fayyadamni afaanii hiika kan qabaatu haala galumsa isaatiin ta'uudha. Dhimmoota miira yookaan dhaggeettii isaaniin ibsachuuf abbootiin dhimmaa mana murtii keessatti fayyadaman akka armaan gadiitti ilaallu nidandeenya.

1. *“Kabajamaa mana murtii jiraan du'ee jira...”* (dhaddacha, 04-05-2008)

Dubbii kanakan dubbate nama haadha manaa isaa wajjiin sababa qabeenyaatiin walhimatanii waan qabu hunda akka itti hinfayyadamne dhorkaa sababa itti baasteen midhaan dhorkame dhahamu malee waa tokko hinqabnu jechuun rakkoo keessoo isaa kan ittiin ibsateedha. Kanas, hiika itti kennuun yeroo ilaallu, rakkoo olaanaa keessa jiraachuu ibsachuuf, maqaan lubbuun deema malee hamma nama du'eti gatii hinqabu, osuman qabuu beelaan rakkachaan jira, hamileen koo cabee jira, jechuun abbaan seeraa rakkinicha xiyyeeffannoo itti kennuun furmaata akka kennuuf kan dhiyeeffateedha.

2. “Goftaa koo Waaqni isinitti haa agarsiisu.....” (dhaddacha, 8-5-2008)

Dubbii kana immoo kan dhiyeeffate nama mana magaala bitatee ganame tokkootu dubbate. Kana jechuun immoo dhimma koo akka sirnaan naaf ilaaltaniif Waaqni ija dhimma koo ittiin hubatan isiiniif haa kennu, namni na hubachuu hindandeenye, ija namaatiin yoo ilaalame na jalaa dhokachuu danda’a. Kanaaf, waaqni kan dhookate isiniif haamul’isu jechuun ibsatu. Kun waan hubachiisuu barbaade sana akka Abbaan seeraa qalbiidhaan dhageeffatuuf karaa itti miira isaa qabuudha.

3. “Kabajamaa mana murtii ani midhaamtuu waaqaati...”(dhaddacha, 14-5-2008)

Dhimma kana mana murtiitti kan dhiyeeffate nama oboleewwan inni guddise sababa qabeenyaa nuu qooditiin mana murtiitti himanaan kan dubbataniidha. Dubbiin kun yeroo hiikamu, akka ilaalcha uummata oromootti waaqni uumaa namaati, waaqni qulqulluu yakka hindalagne, gara lafeessa, nama hinmiidhu jedhamee amanama. Kanaaf gochaan ittiin na yakkan kun kiyyaa miti, hojii koo maleen garaa koo qulqulluutti yakkame, kanaafuu ani dhukkuba namaan hinfayyineen qabame jira. Dhukkubi koo ammoo himata seeraan ala natti dhiyaate kana, rakkoon koo guddaadha kan namaan hiikamu miti. Dhimmi kun nama irraa osoo hinta’in waaqa irraa natti dhufe, Seeraan malee na himatan jechuun garaa mararsiifachuuf kan dhiyaateedha.

4. “Kabajamaa mana murtii yoon fira dhabe nan du’aa...” (dhaddacha, 25-5-2008)

Dhimma kana jedhee kan mana murtiitti dhiyeeffate namni ijoollee, obbolaafi fira baay’ee qabu, namicha firaafi ijoollee baay’ee hinqabneetti lola kaasanii yoo reeban yookaan reebuuf yoo yaalii godhan ko’eessi reebame sun mana murtiitti dhiyaatee jechama kanatti dhimma baha. Haaluma kanaan, yaadni kun kan agarsiisu kophummaa kiyya na argatanii natti taphatan jedhee mana murtii dhiyeeffachuun akka abbootiin seeraa garaa nahaniif gochuuf kan dhiyaateedha.

5. “*Kabajamaa mana murtii walalaa na argatanii nati taphatu...*”(dhaddacha 1-6-2008) Namni yaada kanatti fayyadame tokko sababa kaloo najalaa qotan jedhee mana murtiitti dhufee, abbaa seeratti yemmuu himatu maali beekti, eessatti nu himati yookaan maal na gooti jedhanii na tuuffatan jechuu isaati. Kana kan dubbatu nama har’aa boruu roorroon natti baaya’ate, jedhee yaadetu dhimma isaa hubachifachuuf itti fayyadame.

6. “*kabajamaa mana murtii dhugaan haa dubbatu...*” (dhaddacha 10-6-2008)

Dubbiin kun immoo nama seeraan ala dhugaa malee daangaa lafa kootii dabarte jedhanii na himatan jedhuun kan dubbatamedha. Yeroo kana keessatti dhugaan haadubbatu jechuun ibsate. Kana jechuun isaas, dhugaa kan qabu yoomiyyuu hindhabu, dhugaan afaan ta’e naaf haa dubbatu, dhugaan koo na jalaa hindhokatiin, dhimmi narratti dhiyaate soba, dhimmi koo garuu, soba hinqabu jechuuf kan dhiyeefateedha. Yaadni isaa dhugaa ta’uu mirkaanessuuf yaada kanaan falmii isaa jalqaba.

7. “*kabajamaa abbaa seeraa ani nan du’aaree? ...*” (dhaddacha 01-7-2008)

Dhimma kana immoo akkana jechuun mana murtiitti kan dhiyeeffate nama, nama madeesee mana murtiitti dhiyaate tokko, yaadni inni haala kanaan ibsuu barbadees ani dursee isa hingenye; inni na rukuutuudha dhufnaan qoodaan du’u jedhee dursee ofirratti rukkute jedhee abbaa seeraa yaada isaa hubachisuuf kan itti fayyadameedha.

8. “*kabajamaa abbaa seeraa dhugaan hinbadiin ...*” (dhaddacha 05-7-2008)

Kana immoo kan dhiyeeffate nama midhaan namaa gube jedhamee mana murtiitti dhiyaate tokkotu akka abbaan seeraa isaaf nahu yaadni kun soba ta’uu hubachiisuuf, hanguma feete sobaan na yaakitee na himatu illee, hanguma feete ragaa sobaa narratti funaantu illee, akkasumas dhugaa sobaan martee awwaaltu illee dhugaan booda muulachuu hinoolu. Yeroo tokko tokkoos mammaaksa “dhugaan niqallatti malee hincitu” jedhuti dhimma itti bahu. Kun kan mul’isu aadaa oromoo keessatti dhugaan iddoo guddaa qabaachuu isaati.

9. “Kabajamaa abbaa seeraa Seeratti iyyachuufan iyyadhe...” (dhaddacha 10-7-2008)

Kan kana dhiyeeffate immoo nama manni isaafi qabeenyi isaa jalaa gubatee dhimma isaa kanaaf furmaata barbaacha mana murtii deemeedha. Kana jechuun isaa immoo qabeenyi na jalaa gubateefi manni na jalaa gubate naaf deebi’u hindanda’u garuu namni kun miidhaa cimaa waan narraan ga’eef adabii cimaa akka itti naa laattan jechuuf kan dhiyeeffateedha.

Walumaa galatti abbootiin dhimma mana murtii keessatti jechamoota armaan olii kanatti bal’inaan kan fayyadaman ta’uu ragaan dawwannaa dhaddachaa irraa argame nimul’isa. Haata’u malee namoonni baay’een ergaa hubannoo kanaa haala salphaa ta’een hubachuurratti qaawwan bal’aa waan jiruuf, qaawwan kun immoo haqa dabsuu danda’a waan ta’eef qaamni dhimmi ilaalu xiyyeeffannoo itti kennuu qaba.

4.1.2.7 Sirna Fayyadama Haasbarruu Adabbii Salphisuu Keessatti

Mana murtii keessatti afaan itti fayyadmnu, haalli itti ibsannuufi dubannu murtiin aka nutti cimuufi salphatu gochuu keessatti gahee olaanaa qaba. Abbaan seeraa murtiin kennu seera jiruufi wantoota abbaan dhimmaa afaaniin dhiyeeffatu irratti hundaa’uniidha. Dhimmoonni adabbii cimsuufi salphiisuu kan raawwatan dhimma yakkaarratti. Daawwannaa dhaddachaa gaafa guyyaa 21-06-2008 yeroo gaggeeffamu kan abbaan dhimmaa tokko murtiin akka salphatuuf gaafate haa ilaallu.

Kabajamaa mana murtii ani ijjoolee haati irraa duute torbaafi abbaa dhukkubsataa gargaaruun qaba. Kana malees, kanaan dura rakkoo uumee himatamee hinbeeku Kanaaf, murtiin akka naaf salphatuun gaafadha. Jedhe.

Yeroo kana abbaan seeraa yakka inni raawwatee, ijoolleefi abbaa isarraa gargaarsa barbaadan giddu galeessa godhachuun murtii kenna. Kunis, abbaan murtii fakkeenya dhiyaate kanaan seera jiru qofa giddugaleessa godhatee murtii hinkennu, yaada abbootiin dhimmaa afaaniin rakkoo hawaasummaa qaban yeroo dhiyeeffataniis diiginsa

hawaasummaa uumamuu danda’u seera wajjiin walsimsiisuun murtii kennu. Kanaaf, dhaddacha yakkaarratti namni murtiin tokko itti murtaa’u akka salphatuuf gochuuf jechoota adabbii salphiisanitti fayyadamuu akka qabu daawwannaa dhaddachaa gaggeeffameen hubachuun danda’amee jira. Garuu inni kuni immoo rakkoon isaa namoota haala kanaan yaada isaanii dhiyeeffachuu hindeenyee fi haala kanaan yaada isaanii dhiyeeffachuu danda’an jidduutti dhima walfakkaataarratti garaagarummaan haqa argachuu waan fiduuf, qixa tokkoon ilaalamuu irratti dhiibbaa qaba. Kanaafuu, qaamni dhimmi ilaalu dhaddachaan dura haala fayyadamina afaanii adabii salphisuurratti abbootii dhimmaaf hubannoo kennuun barbaachisaadha.

4.1.2.8 Sirna Fayyadama Haasbarruu Adabbii cimsuu Keessatti

Gama birootiin, akkuma jechoonni adabbii salphiisan jiran kan adabbii cimsaniis jiru. Adabbiin tokko kan raawwatu seera irratti hundaa’ufi dhimmoota biroo akka adabbiin cimu taasiisan dabalachuun. Kun immoo adeemsi isaa abbaan murtii ragaa dhiyaate qoratee erga xumuree booda murtii kennuun dura abbaa alangaa, abukaatoofi himataa irraa yaada adabii cimsuu danda’an gaafachuun, yaada isaan kennan kana jiddugaleessa godhachuun murtii kenna. Fakkeenya fayyadama afaanii adabii cimsuurratti abukaatoon tokko gaafa guyyaa 12-06-2008 dhaddacharratti dhiyeesse ragaan daawwannaan argame akka armaan gaditti dhiyaate jira.

Kabajamaa mana murtii namni kun mamiila kiyya yeroo adda addaa doorsisuun, reebicha irratti raawwachaa kan ture ta’uu ragaan dhiyaate nimirkaneessa, kanaan duras yakkoota adda addaa raawwatee adabamee bahe. Ammas adabbii kanaan duraa irraa waan hinbaraneef sababa malee mamila kiyyarratti reebicha kana raawwate waan ta’eef yaada kana jiddugaleessa godhachuun adabbiin akka itti naaf cimu kabajaan gaafadha. jedhe.

Yeroo kanas abbaan seeraa adabbiin akka cimuuuf iyyata afaaniin abbaa dhimmaa irraa dhiyaateefi seera jiru akkasumas rakkoollee hawaasa keessatti inni fiduu danda’u ilaalcha keessa galchuun, adabbiin cimaa akka itti murtaa’u taasiisa. Akka ragaa dawwannaa fi

sakatta'a dookumantii armaan olii kana irraa hubanutti halli nuti afaaniitti mana murtii keessatti fayyadamnu adabbii nutti murtaa'u salphisuufi cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kanaaf ragaan sakatta'a dokimantiifi daawwannaa dhaddachaa irraa argame akka mul'isuutti sirna itti fayyadama afaanii adabbii cimsuufi salphisuu beekuun murteessaa ta'uu yaa agarsiisu, malee mana murtii keessatti abbootiin dhimmaa haala fayyadaminsa kanaa irratti hubannoo hinqabne yemmuu rakkatan bal'inaan nimul'atu. nni kun immoo haqa sirrii ta'e kennuu irratti hanqina waan qabuuf qaamni dhimmi ilaalu furmaata itti kennuu qaba.

4. 2 Qaaceessa Ragaalee Bargaffii Haala Fayyadama Afaan Oromoorratti: Abbootii seeraa, Abbaa alangaa, Poolisiifi Abukaatootaan Dhiyaatan

Qorannoo kana keessatti fayyadama Afaan Oromoo qaamolee haqaa beekuuf tattaaffiin godhamee jira. Odeeffannoon qaamoleen haqaa kennan kunis baay'een isaanii haga tokko kan walfakkataniidha. Haaluma kanaan, odeeffannoon qaamolee haqaa kana irraa argaman haala armaan gadii kanaan dhiyatani qaaccefamanii jiru

(1) Fayyadama Afaanii Qaamolee Haqaa

Haqa mirkaneessuuf afaan kamitti fayyadamtu yaada jedhuuf, Odeef-kennitoota 24 (%100) hirmaatan keessaa, deeb-kennitoonni 20(%83.33) Afaan Oromooti yeroo jedhan, deebii kennitoonni 4(%16.67) immoo hunda fayyadamna jechuun deebisanii jiru. Sababa Afaan Oromooti fayyadamana jedhan yeroo ibsan immoo, afaan hojii Naannoo Oomiyaa Afaan Oromoo waan ta'eef kan jedhu yeroo ta'u, namooni afaan hunda fayyadamna jedhan immoo, kitaabilee hedduu kan Afaan Amaariiffaafi Ingiliffaan maxxafaman fayyadamaa waan jiruuf Afaan Oromoon qofa fayyadamna jechuu hindandeenyu jedhanii yaadasaanii ibsanii jiru. Dabalataan immoo gaffii banaa, "Abbootiin dhimmaa afaan kamitti fayyadamuun yaada isaanii ibsatu? maaliif?" jedhee dhiyaateef deebii yemmuu kennan, Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooya'ee bahe labsii lakk.46/1994 kewwata 5 afaan hojii ilaalchisee "Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo

Oromiyaati; Kan barreeffamuus Qubee Afaan Oromoon ta'a jedha." Kanaafuu heera kana irratti hundaa'uun Afaan Oromooti jedhanii ibsan.

Yaada kanarraa akka hubannuutti afaan hojii naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo ta'uu akka qabu heeraan deeggaramee kan dhiyaate ta'uun, baay'ee gariifi kan jajabaachuu qabu yoo ta'u, kitabileen baay'een mana murtiitti keessatti dhiyaatan garuu kan Afaan biroo ta'uun immoo rakkolee adda addaatiif waan nama saaxiluuf qaamni dhimmi ilaalu xiyyeeffannoo itti kennuu qaba.

(2) Ga'umsa Afaanii Ilaalchisee

Mana murtii keessatti abbootiin dhimmaa Afaan Oromoo ga'uumsaan dubbachuun dirqamaa yaada jedhuuf; odeef-kennitoota 24(%100) hirmaatan keessaa, deebii kennitoonni 18(%75) ta'an eeyyeen yeroo jedhan, 6(% 25) kan ta'an immoo lakkii jechuun deebii kennanii jiru. Kana irraa kan hubannu afaan bakka hojii sanaa ga'uumsaan dubbachuun baay'ee barbaachisaafi iddoo olaanaa akka qabuudha. Ga'umsi afaan seeraa immoo irra caalaa barbaachisaa akka ta'eefi namoonni Afaan Oromoo ga'uumsaan dubbachuu hindandeenye dhimma isaanii sirriin ibsachuurratti rakkoo cimaan kan muudatu ta'uu hubachuun danda'ameera. Qaamooleen murtii haqaa kennan kamiyyuu, kan abbaan dhimmaa sun jedhu galmeefachuun murtii kennan waan ta'ef iddoo kamiyyuu caalaa Afaan Oromoo ga'uumsaan dubbachuun barbaachisaa akka ta'e hubanna. Ga'umsi afaanii mana murtii immoo kan barreeffamaas kan dubbiis jechuudha. Himanni barreeffamaan dhiyaatu kamuu ulaagaa guutuu qabu yoo guutuu baateefi falmiin gaggeefamu ga'uumsaan yoo falmamuu baate dhimmi dhiyaate kan kufu ta'a. kanaaf, odeeffannoon argame baay'inaan akka ibsutti Afaan Oromoo mana murtii keessatti ga'uumsaan fayyadamuun baay'ee murteessaa akka ta'e agarsiisa.

3. Fayyadama Afaanii Kitaabilee Seeraa keessatti

Haqa mirkaneessuuf, kitaabilee seeraa afaan kamiin barreeffameetti fayyadamtu yaada jedhuuf; deeb-kennitoota 24(%100) keessaa; deeb-kennitoonni 3 (% 12.5) ta'an

kitaabolee seeraa Afaan Oromoon barreeffaman fayyadamaa akka jiran yoo ibsan, deeb-kennitoonni 20(%83.33) immoo kitaaboolee seeraa Afaan Amaaraatiin barreeffaman akka fayyadaman yoo himan, deeb-kennaan 1 (%4.17) kitaabolee Afaan Ingiliiziitiin barreeffaman faayyadamana jechuun yaadasaa kennee jira. Kanaaf immoo akka sababaatti gaaffii banaa dhiyaateef irratti kan kaa'an, yeroo dheeraaf kitaabooleen haqni ittiin mirkana'aa tureefi ammas ittiin hojjatamaa jiru kitaaboolee Afaan Amaaraatiin maxxanfamaniin akka ta'e ibsaniiru. Gama birootiin kitaaboleen seeraa gabaarraatti jijjiiramani karaa qaama mootummaatiinis ta'ee, miti-mootummaan dhaabbanni jijjirree dhiyeessu dhabamuu lafa kaa'u.

Akka ragaan armaan olii kun nutti mul'isuutti Afaan Oromoo afaan reefu guddachaa jiru waan ta'eef, kitaabileen seeraa, labsiifi danbiiwwaan adda addaa haala gahaa ta'een jijjiiramani hinjiran. Kun ammoo, guddina afaanii keessattiifi afaanitti fayadamanii murtii haqaa kennuufi argachuurratti dhibbaa guddaa akka qabu agarsiisa. Kanaaf, qaamni dhimmi ilaalu keessattuu Inistitutiin Qorannoofi Leenjii Seera Oromiyaa dhimma kana gadi fageenyaan qoratee furmaata akka itti kennuu qabu ragaan kun nu hubachiisa. Dawwannaa dhaddachaafi sakatta'a dokimeentii gaggeeffameen akka ilaaluuf danda'ameetti, kitaaboleen seeraa yeroo ammaa hojjiira jiran kan haariiroo hawaasaa yeroo sirna Hayile Silaasee bara 1952 kan baheedha. Gama biroon odeefannoon afgaaffiin pirezadantiin mana murtii aanaa Hidhabu Abootee irraa argadhe akka ibsutti seera adaba yakkaa Afaan Amaaraa irraa gara Afaan Oromotti bara 2005 tumsa ogeessa seeraafi afaaniitiin hiikamuu isaa naaf ibsanii jiru. Dabalataanis pirezadatiichi akka ibsanitti kitabichi yeroo dhiyoo kan hiikame ta'uurraan kan ka'e duraan kan Afaan Amaaraatti fayyadamaa turuu ibsaniiru. Karaa birootiin dhaabbanni hiika jijjirraa afaanii hojjatuus qophaatti akka hinjirrees yaada kennaniin hubatamee jirra.

Afaan Oromoo afaan hojii erga ta'ee waggoottan hedduun haalakaa'amu malee gama afaan seeraatiin hiikoon kitaabolee hojjatame afur qofa. Isaaniis: Heera Mootummaa Federaalaa Ripabliika Itoophiyaa, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Seera

yakkaafi Seera maatii Oromiyaati. Hanga ammaatti kitaaboolee bara mootii Hayilasilaase baheen fayyadamuun hiikni (jijjiirraan) kitaabolee seeraatiif xiyyeeffannoon akka hinkenamne mul'ateera. Odeeffannoon qaamooleen seeraa kennan kun kan agarsiisu rakkinichi baay'ee bal'aafi dhibbaa guddaa akka qabuudha. Yeroo daawwannaa dhaddachaa akka hubatameetti, qamooleen haqaa seera hariiroo hawaasaa Afaan Amaaraan dubbisani hiikuun murtii akka kennaa jiran argameera. Kun ammoo, karaa hedduun dhibbaa akka qabuus qamooleen haqaa kun ibsanii jiru. Isaan keessaa muraasni akka fakkeeniyatti: murtii haqaa saffisaa ta'e kennuu dhabuu, murtiin manneen murtii kennan walfakkaachuu dhabuufi kan kana fakkaatan rakkooolee gama hedduun mul'ataniidha.

Kana malees, kitaabileefi labsiiwwan Mootummaan Naannoo Oromiyaa baase kun, gabaarra bal'inaan waan hinolleef, haala salphaan bitachuun fayyadamuu akka hindandeenye yaadi afgaaffii keessatti ka'ee jira. Kunis, hanqina guddaa waan ta'eef kan furmaata barbaaduudha. Walumaagalatti kitaaboleen seeraa haqa mirkaneessuuf tajaajilan hiikamu dhabuun rakkoo guddaa akka ta'e odeeffannoon argame kun ifa taasiiseera. Kun immoo naannoo Oromiyaatti afaan hojii Afaan Oromooti jechaa Kitabilee Afaan biroon barreeffaman fayyadamuun immoo hanqina guddaa waan ta'eef yaada furmaata barbaaduudha.

4. Madaallii Haala Fayyadama Afaanii Naannoo Mana Murtii

Haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessa jiru akkamiin madaaltu yaada jedhuuf odeef-kennitoota 24 (%100) keessaa, 20 (%83.33) mijataadha jedhanii yaada isaanii yemmuu teechisan, deebistoonni 4(%16.67) immoo rakkisaadha jedhanii jiru. Mijataadha, warri jedhanii deebisan sababni isaan dhiyeessan dhaddachi afaan dhaloota abbootii dhimmaatiin waan gaggeeffamuufi jechoota galuufii baatan gaafatanii hubachuu danda'u jedhanii yaada isaanii teechisaniiru. Kanaaf, turjumaanaan waan hingageefamneef ofii isaanitiif abbootiin dhimmaa, dhimma isaanii afaan dhalootaa

fayyadamuun mana murtiitti dhiyeeffatu haala kanaan mijataadha jedhanii jiru. Deebiistooni rakkiisaadha jedhanii deebisan immoo kitabileen baay'een Afaan Amaaraa irraa gara Afaan Oromootti waan hinhiikamneef kitabilee kana fayyadamnee haqa mirkaneessuun baay'ee ulfaata jedhanii yaada isaanii teechisaniiru.

Walumaagalatti ragaan kun kan agarsiisu afaan dhalootaatiin mana murtiitti fayyadamuun baay'ee mijataa ta'ee osoo jiruu, ta'us kitabileen baay'een haqa mirkaneessuuf itti fayyadaman kan Afaan Amaaraan jiran waan ta'eef kitabilee kana fayyadamuun haqa mirkaneessuun waan ulfaatuuf qaama dhimmi ilaaluun gara Afaan Oromootti jijjiiramuu akka qabu mul'iseera.

(5). Fayyadama Jechoota Haraa Qaamolee Haqaa Mirkaneessanii

Haqa mirkaneessuu keessatti jechoonni haaraan yeroo isiin muudatan haala kamiin hiiktu yaada jedhee dhiyaateef, odeef-kennitoota 24(%100) jiran keessaa, deebistoonii 7(%29.17) haala galumsa hima keessatti inni qabuun yeroo hiikan, deebistooni 4(%16.67) immoo afaan maddaa duraan jiru saniin kallatiin fayyadamuun yoo ta'u, deebistooni 13 (%54.16) immoo mala hundatti kan fayyadaman ta'uu agarsiisa.

Yaada armaan olii kanarraa akka hubanutti jechoota seeraa haaraa hiika barbaadan hiikuu keessatti galmee jechootaa Afaan Oromootiin qophaa'anii qaamolee haqa mirkaneessan kanneen akka: mana murtii, wajjira pooliisii, waajira haqaafi kkf bira akka hinjirreedha. Kun immoo, rakkoolee hedduuf kan nama saaxiluudha. Kunis namni kamiyyuu jecha akka isaaf galuufi hubatetti nihiika yoo ta'e haqa mirkaneessuuf rakkisaadha. Keessattuu jechooni naannoo qaamolee haqa mirkaneessan bira jiran immoo baay'ee walxaxaafi hiika barbaadaniidha. Jechoonni kunis yoo hiika dhaabbataa argachuu baatan qaamooleen seeraa tajaajila haqa qabeessa ta'e kennuu irratti, abbootiin dhimmaas tajaajila haqa qabeessa argachuu irrattiifi qaamolee haqaa gidduutti wal-hubachuufi waan tokko jedhe tokkoof galuu dhiisuu danda'a.

(6) Gahee Jijjiirraan Haqa Mirkaneessuu Keessatti Qabu

Jijjiirraan afaan biroo irraa gara Afaan Oromoo taasifamu haqa mirkaneessuu keessatti gahee hagarii qaba yaada jedhuuf, hirmaatota 24 (%100) keessaa, deebistoonni 18 (%75) ta'an baay'ee olaanaa yeroo jedhan, deebistoonni 4(%16.67) ta'an olaanaafi deebistoonni 2 (%8.33) immoo giddugaleessa jechuun deebisani jiru. Mana murtii keessatti jijjiirraan afaan biroo irraa gara Afaan Oromootti kan taasiifamu akka daawwannaa dhaddachaafi afgaaffii itti gaafatamtootaaf taasifame irraa hubachuun danda'ametti, mana murtiitti dhimmoota armaan gadiitiif jijjiirraan afaanii akka barbaachisu hubatamee jira.

- Yakkoota gosa adda addaa qulqulleessuuf
 - dirqisiisanii gudeeduu
 - reebicha gosa adda addaa
 - buttaa
 - nama sababa hinbeekamneen du'e reeffa isaa qorachiisuufi kan kana faadha.
- Dhimmoota hariiroo hawaasaa keessaa immoo kan Afaan Oromootiin ala hojjetaman kanneen akka:
 - waliigaltee bittaa gurgurtaa
 - ragaa qabiyyee lafa durii
 - ragaa fuudhaafi heerumaa
 - Sanadoota mootummaafi kan kana faa ta'uu danda' u.

Dhimmoota akkanaa kana qorachuu keessatti hiikoon afaanii gahee olaanaa qaba. Jijjiirraan afaan mana murtiitti taasiifamu immoo of eegannoon yoo hojjetame malee jireenya namaa balleessuufi miidhuu keessatti gahee olaanaa qaba. Haaluma kanaan hiikoo dhimma reebicha wajjiin walqabatu mana murtii Aanaa Hidhabuu Abooteef dhiyaate yeroo daawwannaa dhaddachaa qorataan argame ilaaluun madaaluun nidanda'ama. Dhimmi kun kan dhiyaate sababa dubartiin tokko reebichi humnaa olii

narratti raawwate jettee dhiyeeffate irratti hundaa’uun abbaan alangaa himatuu kanarra midhaan cimaa irra gahuufi dhiisuu isaa Hospitaalli Fiichee akka qulqulleessuuf xalayaa barreesseen hoospitaalichi gaaffii gaafatameef, deebii Afaan Ingiliffaan barreessee kanaaf hiiktuun afaanii hiikee dhiyeesse yemmuu ilaallu, xaalayichi Afaan Oromooti hiikamee barreeffame kun dogoggora hedduun kan guutameedha. Dogoggori kunneenis bal’inaan kan mul’atan: seeraan qubeessuu dhabuu, fayyadama sirna tuqaalee walaluu, haalli qindoomina jechootaa duraa duuba isaa eegee dhiyaachuu dhabuufi qub-guddeessatti sirnaan fayyadamuu dhabuudha. Kanas xalayaa Hoospitalli fiichee gaafa 01/06/2008 irraa hubachuun nidanda’ama. Xalayaa Hospitaalli Fiichee dhimma gaafatameef deebii barreesse dabalee “Efi F” ilaaluun hubachuun ni danda’ama. Dhimmi kun immoo furmaata argachuu akka qabu qorataan kun hubateera.

(7) Fayyadama Afaaniifi Miira Abbootii Dhimmaa

Dhimmoonni armaan gadii haala fayyadama afaanii mana murtii keessatti dhibbaa qabu moo hinqaban?	Deeb-kennitoota lakkoofsan	Deeb-kennitoota% n
Sodaa	14	58.33
Dhiphuu	6	25
Gammachuu	4	16.67
Ida’ama	24	100

Akka odeeffannoon gabatee armaan oliirraa argame ibsutti mana murtii keessatti dhimmoonni armaan olii afaan fayyadamuu irratti dhibbaa qabumoo? hin qaban jedhame gafatameef odeef-kennitoota jiran keessaa, sodaan dhibbaa qaba kan jedhan %58.33 yoo ta’an, dhiphuun immoo %25 akkasumas gammachuun %16.67 akka dhibbaa qabu ibsanii jiru. Akka odeeffannoon gabatee kanaa agarsiisuti itti fayyadama afaanii irratti sodaan sadarkaa olaanaan yoo dhibbaa qabu dhiphuuniis sadarkaa lamaffaarratti haala salphaa hintaaneen dhibbaa akka qabu ragaan kun ni’agarsiisa. Karaa birootiin gaaffii banaa dhiyaateef irratti sababoota dhimmoonni kun dhibbaa qabaniif haala ibsaniin kanneen armaan gadii kaa’anii jiru. Isaanis: haala itti fayyadama afaan seeraa walaaluu, maaltu

jedhama laata jechuun waan dhiphataniif, dhimma himataman ykn himatan sanaa yaaduun dhiphachuu, haala adeemsa sirna dubbii walaaluufi hawaasni mana murtii haala hintaaneen hubachuu faadha.

Haata'u malee afgaaffii itti gaafamtoota waajjiraatiif dhiyaate irraa hubachuun akka danda'ameetti abbootiin dhimmaa guyyaa duraa mana murtiiti dhiyaataniifi yeroo lamaa sadi erga dedebi'anii booda sodaafi dhiphuu walqixa hinqaban. Sodaafi dhiphuun dhiisaa deemuufi muuxannoon haala fayyadama afaanii akka dabalaa deemu odeeffannoon arganne nimul'isa. Kana immoo afaan adeemsaan baramaa kan deemamu ta'uufi yeroo sirna fayyadama afaan bakka itti fayyadamnu baraa yoo deemnu haalli itti fayyadamni keenyaa waan dabaluuf sodaaniifi dhimmoonni kana fakkaatan xiqqaachaa akka deemu ibsaniiru.

(8) Garaagarummaa Jechoota Haala Fayyadama Afaanii Keessatti

Haala fayyadama afaanii keessatti garaagarummaan jechoota dhaddacha irratti dubbatamuu, waliin dubbii keessan daangeessaa jiruu yaada jedhuuf, deeb-kennitoota 24 (%100) keessaa 14 (%58.33) eeyyeen yeroo jedhan, deeb-kennitoonni 10 (%41.67) lakkii jechuun deebii isaanii kennaniiru. Akka odeeffannoon argame kun ibsutti garaagarummaan jechoota dubbatamanii waliin dubbii kan dangeessuudha. Kun kan agarsiisu garaagarummaan afaanii kan jennuun kan akka loqoda naannoo adda addaa abbaan seeraa yookiin abbaan alangaa fayyadamu hamma takko, waliin dubbii isaanii akka daangeessuudha. Afaan Oromoo afaan barnootaafi kan hojii erga ta'ee haaturu malee looga naannolee adda addaa walitti fiduun waalteessuun tokkotti fayyadamuun bal'inaan bira hingeenye. Kan waalteffamanis yoo ta'e, haali itti moggaafamuufi hojjira oolu mataa isaatiin rakkoo bal'aa qaba.

Haaluma kanaan afgaaffii gaggeeffameefi daawwannaa dhaddachaattiin akka ilaalameetti jechoota haala garaa garaatiin fayyadamuun akka jiru hubachuun danda'ameera. Fakkeeynaaf jecha Amaariiffaan '*biyyin*' jedhu Abbootiin seeraa haala garaa garaatiin

fayyadamu abbootiin seeraa tokko tokko '*jala murtii*' jedhanii yeroo fayyadaman kaan immoo '*murtii*' yoo jedhan kanneen biroo '*murtoo*' jedhu. Ragaan kun kan agarsiisu, garaa garummaan haala fayyadama afaanii abbootii seeraafi abbootii dhimmaa gidduu qofa kan jiruu osoo hinta'in abbootii Seeraa gidduu mataa isaatiin haala jecha tokko inni tokko fayyadamuun, inni biroo akka hinfayyadamne agarsiisa. Kuni immoo jechoonni mana murtiiti fayyadaman dhabbi dhabuu kan mul'isu waan ta'eef qaawwan gama kanaan mul'atu kun cufamuu akka qabu qoratichi hubateera.

(9) Karaalee Jechoonni Seeraa Barataman Ilaalchisee

Abbootiin dhimmaa yeroo mana murtii dhufan karaan jechoota seeraa ittiin baratan qophaa'ee jiraa yaada jedhuuf, odeef-kennitoni hirmaatan 24 (%100) yemmuu ta'an, isaan keessaa deeb-kennitoonni 3 (%12.5) eeyyeen yeroo jedhan, 21(%87.5) immoo lakkii jechuun deebii kenanii jiru. Ragaan kun kan mul'isu abbootiin dhimmaa haala afaan seeraa irratti hubannoo itti argatan kan hinjireedha. Gaaffii kana ilaalchisee afgaaffii itti gaafatamtootaaf dhiyaate irratti akka ibsanitti guutummaan gutuutti waa'ee afaanii irratti wanti hojjatame hinjiru.

Walumaagalatti odeeffannoon afgaaffii, bargaaiffiifi daawwannaa dhaddachaatiin argaman akka mul'isaaniitti karaan hubannoo afaan seeraa abbootii dhimmaatiif kenaman akka hinjireefi kan jiran garuu hubannoo seeraa qofarratti ta'uu hubatameera. kuni immoo yeroo baay'ee abbootiin dhimmaa mana murtii keessatti itti fayyadama afaan sanaa irratti hubannoo gahaa waan hinqabneef yemmuu baay'ee rakkatan nimul'atu.

(10) Haala Fayyadama Afaan Oromoofi Dhaddacha Federaalaa

Afaan Oromootiin dhaddacha ijibaataa kan federaalaa irratti akka hingaggeefamne qajeelfamni daangeessu jiraa yaada jedhuuf, deeb-kennitoota 24 (%100) keessaa, odeef-kennitoonni 17(%70.83) Eeyyeen qajeelfamni dhorku jira yeroo jedhan, odeef-kennitoonni 7 (%29.17) ta'an immoo qajeelfamni daangeessu akka hinjirre ibsu. Odeef-

kennitoonni eyyeen jedhanii deebisan sababoota daanga'uf yeroo kaasan Afaan hojii mootummaa Federaalaa Afaan Amaaraa waan ta'eef dhaddacha ijibbaataa Federaalaa irratti Afaan Oromoon gaggeessuun akka hindanda'amne ka'u. Kanaafis akka fakkeeniyatti Heera Mootummaa Ripaabiliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa keewwata 5 lakkoofsa 2 irratti, "Afaan Amaaraa qooqa hojii mootummaa federaalawaa ta'a." jedha. Kanaaf, Afaan Oromootiin dhaddacha ijibaataa gaggeessuun hindanda'amu yeroo jedhan, odeef-kennitoonni qajeelfamni daangeessu hinjiru jedhan immoo abbaan dhimmaa afaan beekuun dhiyyeeffachuu kan danda'u ta'uufi manni murtii immoo baasii isaatiin turjumaana kan dhaabuuf ta'uu ibsaniiru.

Afgaaffii hogantoota mana murtii, waajjira haqaafi waajjira poolisiif gaafa 10-12/04/2008 dhiyaateef irraa hubachuun akka danda'ameetti immoo kun Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa waajjiin akka walitti bu'u ibsu. Kunis, Heera Mootummaa Naannoo Oromiya keewwata 64 lakkoofsa 2 qubee (a) jalatti waa'ee gurmaa'insaafi aangoo manneen murtii ilaalchisee "Manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhimmoota naannicha keessaa ilaalchisee aangoo ol aanaafi isa dhumaa kan qabu ta'ee, murtiin manni murtii waligala Oromiyaa kennuu kan dhumaati." jedha. Kanaaf ijibbaata irratti ijibaanni hinbaarbaachisu jedhu. Karaa birootiin sababa dhaddacha ijibaata Federaalatiin ummanni hiikoo afaanii galme baay'ee guddaa ta'e tokkoofi baasiwwan humnaa ol ta'eef saaxilamu jechuun ibsu. Kanaaf qorataan rakkooleen afaaniin walqabatani jiran kun furmaata kan barbaadan ta'uu agarsiisa.

4.3 Qaaccessa Odeeffannoo Bargaaffii Abbootii dhimmaa Haala Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Keessaa Ilaalchisee

Gabatee 2a - c. Haala Fayyadama Afaanii Abbootii dhimmaa.

2a	Dhimma keessan mana murtiitti afaan kamiin dhiyeeffattu?	Deeb-kennitoota lakkoofsan	Deeb-kennitoota% n
	Afaan Oromoo	45	93.75
	Afaan Amaaraa	2	4.17
	Afaan biroo	1	2.08
	Ida'ama	48	100
2b	Haala fayyadama afaanii mana murtiitti qabdan, wantooni daangeessan jiruu?	Deeb-kennitoota lakkoofsan	Deeb-kennitoota% n
	Eeyyee	30	62.5
	Lakkii	18	37.5
	Ida'ama	48	100
2c	Haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtiitti qabdan, akkamiin madaaltu?	Deeb-kennitoota lakkoofsan	Deeb-kennitoota% n
	Baay'ee gaarii	14	29.17
	Gaarii	16	33.33
	Xiqqaa	18	37.5
	Ida'ama	48	100

Akkuma Gabatee 2a irraa hubachuun danda'amutti abbootiin dhimmaa mana murtiitti dhimma isaanii dhiyeeffatan keessaa %93.75 ta'an Afaan Oromoo yeroo jedhan, %4.17 ta'an immoo Afaan Amaaraa yoo jedhan, %2.08 ta'an immoo kan biroo jechuun deebisanii jiru. Gabatee kana irraa akka agarutti dhimmoonni mana murtii aanaa Hidhabuu Abooteetti dhiyaatan kamiyyuu Afaan Oromootiin akka ta'eedha. Yaada kana mirkaneeffachuuf daawwannaa dhaddachaa gaggeefameeniifi sakata'a dokumantii adda addaa ilaalleen dhimmoonni mana murtiitti dhiyaatan afaan barreefamaas ta'e afaan dubbii Afaan Oromoo ta'uu agarsiisa. Kanas heera mootummaa naannoo oromiyaa keewwata 5 afaan hojii mootummaa naannoo oromiyaa Afaan Oromoo ta'uufi kan barreeffamus

Qubee Afaan Oromootiin jedha. Gama biroottiin labsiin manneen Murtii Oromiyaa irra deebi’anii hundeessuuf bahe labsii 141/2000 lakkoofsa 14 lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti, “Afaan Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Afaan Oromooti” jedha. Yaada kana irraa hubachuun akka danda’amuutti dhimmoonni kamiyyuu mana murtii naannoo oromiyaatti barreeffamaaniis ta’ee, falmii afaaniin dhiyaatu kamiyyuu Afaan Oromoon ta’uu agarsiisa.

Dabalataan, gabatee (2b) irratti haala fayyadama afaan mana murtiitti qabdan wantooni isiin daangeessan jiruu jedhamee gaaffii ka’eef deebistooni %62.5 ta’an eeyyeen yeroo jedhan, deebistooni %37.5 immoo lakkii jechuun deebisanii jiru. Haaluma kanaan gaaffii banaa sababni isaa hoo maali jedhamee dhiyaateef, qabxileen isaan kaa’an keessaa muraasni: hubannoo seeraa dhabuu, afaan bakka birootti fayyadaman irraa adda ta’uu, sirna itti fayyadama isaa walaaluufi kkf ka’anii jiru.

Kana malees, gabatee (2c) irratti haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtiitti qabdan, akkamiin madaaltu? Jedhee gaffii dhiyaateef irratti, deebistooni %29.17 baay’ee gaariidha yoo jedhan, odeef-kennitoonni %33.33 immoo gaarii yemmuu jedhan, deebistoonni %37.5 ta’an xiqqaadha jechuun deebisanii jiru. yaada kanarraa hubachuu akka dandeenyuutti madaallii isaan qabaniin haalli fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessa jiruu furmaata kan barbaadu ta’uu isaati.

Gabatee 3 Madaallii Hubannoo Jechoota Haaraa Mana Murtii Keessaa

Jechoota haaraa	Sirritan hubadha		Giddugaleesaan hubadha		Hubachuf natti cima		Ida'ama	Dhibeen-taan
	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%
Abukaatoo	25	52.08	15	31.25	8	16.67	48	100
Jecha kakuu	16	33.33	20	41.67	12	25	48	100
Amakeroo	12	25	16	33.33	20	41.67	48	100
Turtii yeroo	18	37.5	21	43.75	9	18.75	48	100
Sanada	9	18.75	13	27.08	26	54.17	48	100
Dhoorkaa	24	50	18	37.5	6	12.5	48	100
Dhaddacha	23	47.92	15	31.25	10	20.83	48	100
Gaaffii qaxaamuraa	21	43.75	18	37.5	9	18.75	48	100
Xalayaa waamichaa	40	83.33	7	14.59	1	2.08	48	100
Adabbii salphisuu	14	29.17	16	33.33	18	37.5	48	100
Adabbii cimsuu	12	25	17	35.42	19	39.58	48	100
Kisaaraa	44	91.67	4	8.33	-	-	48	100
Dubbii(dhimma) Fixaa	8	16.67	18	37.5	22	45.83	48	100
Ol iyyannoo	31	64.59	16	33.33	1	2.08	48	100
Ida'ama	297	44.2	214	31.84	161	23.96	672	100

Akka gabatee (3) armaan olii kun mul'isutti jechoota Afaan Oromoo naannoo mana murtiitti dubbataman ilaalchisee jechoota sirritti hubatan, giddugaleessaan hubataniifi hubachuuf itti cimu qorataan mirkaneeffachuuf abbootii dhimmaaf gaaffii dhiyeesseef irratti namoota hirmaatan keessaa deebiistooni %44.2 jechoota kana sirritti akka hubatan yemmuu ibsan, deebistoonni %31.85 ta'an immoo jechoota kana giddugaleessaan kan

hubatan ta'uufi deebistoonni %23.96 ta'ani immoo jechoota kana hubachuuf akka itti cimu ibsaniiru. Odeeffannoo argame kana irraa kan hubatamuu danda'u abbootiin dhimmaa naannoo mana murtii dhufan haali jechoota seeraa beekanii itti argaman yookiin itti hubatan akka hinjirreedha. Gaafannoo kana jalatti sababoota sirritti hubatani, giddugaleessaan hubatanifi hubachuuf maaliif akka itti cimu gaafatamanii deebii laatan irraa hubachuun akka danda'ameetti, warri jechoota kana sirriittifi giddugaleessaan hubanna jedhan sababoota himatanii, himatamaniifi ragaa ta'anii mana murtiitti dedebi'uu isaniitiin akka hubachuu danda'an yoo yaada kennan, deebistooni hubachuuf nuti cima jedhan immoo warra reefu gara mana murtii dhufaa jiraniifi jechoota kana waliin kan wal hinbarree ta'uu agarsiisa. Dabalataanis jechooni mana murtii yeroo baay'ee kan barataman naannoo mana murtii dhimmaaf yoo dhaqan ta'uu agarsiisa. Kun immoo dhibbaa guddaa qaba. Fakkeenya jechoota 'adabbii salphisuu'fi 'adabbii cimsuu' yoo ilaalle abbaan dhimmaa tokko himatamee murtiin yeroo itti murtaa'u abbaan seeraa yaada adabbii yeroo gaafatu dhimmoota addabbii isaaf salphiisu yoo beekuu baate hinkaasu. Kanaaf jechoota sana walaaluu isaarraan kan ka'e adabbiin itti cima jechuudha. Dabalataanis, jechooni seeraa karaan barataman akka hinjirre afgaaffii ittigaafatamtootaaf dhiyaateeniifi daawwannaa dhaddachaa gaggeefameen hubachuun danda'amee jira.

Walumaagalatti gabatee armaan olii irraa akka hubaneetti abbootiin dhimmaa afaan seeraatiin fayyadamuu irratti sababa hubannoo jechootaa hinqabneef rakkachaa waan jiraniif dhimmichi fala bal'aa kan barbaadu ta'uu agarsiisa.

Gabatee4a-b. Maddaallii Fayyadama Afaan Oromoo Dhaddacharratti

4a	Dhimmoota abbaan seeraa dhaddacha irratti dubbatu sirriitti hubattuu?	Deeb-kennitoota lakkofsan	Deeb-kennitoota % n
	Eeyyeen	28	58.33
	Lakkii	20	41.67
	Ida'ama	48	100
4b	Waliin dubbii abbaa seeraa waliin mana murtii keessatti qabdan haala kamiin madaaltu?	Deeb-kennitoota lakkoofsan	Deeb-kennitoota% n
	Olaanaa	12	25
	Giddugaleessa	30	62.5
	Xiqqaa	6	12.5
	Ida'ama	48	100

Akka Gabatee (4a) armaan olii kana irraa hubanutti gaaffii ‘dhimmoota abbaan seeraa dhaddacharratti dubbatu sirriitti hubattuu?’ jedhee abbootii dhimmaaf dhiyaate ilaalchisee abbootiin dhimmaa %58.33 eeyyeen sirriitti hubanna yeroo jedhan, abbootiin dhimmaa %41.67 immoo lakkii sirriitti hinhubannuu jechuun deebisanii jiru. Gaffii banaa lakkii yoo jettan sababasaa ibsaa jedhee dhiyaateef, abbootiin dhimmaa lakkii jedhan sababni isaan laatan rakkoolee dhunfaa, loqoda jechootaa abbootii seeraa, jechooni seeraa haaraa itti ta’uufi kan kana fakkaatan lafa ka’anii jiru.

Gabatee (4b) irraa akka hubannutti gaaffii ‘waliin dubbii abbaa seeraa waliin mana murtii keessatti qabdan haala kamiin madaaltu?’ jedhee abbootii dhimmaaf dhiyaateef, odeef-kennitoonni %25 olaanaa yoo jedhan deeb-kennitoonni %62.5 ta’an immoo giddugaleessa jedhanii yemmuu ibsan, deeb-kennitoonni %12.5 immoo xiqqaadha jechuun deebii isaanii kennanii jiru. Ragaa daawwannaa dhaddachaa gaafa 10-07-2008 oolerraa akka argameetti, abbootiin dhimmaa haasaa abbootiin seeraa dhaddacha irratti taasisan

guutumaa guututti hubachuurratti rakkoon akka jiru hubatameera. Kunis abbootiin seeraa yeroo beelama kennaan, yeroo falmsiisan, yeroo ragaa fuudhaniifi murtii kennaan irratti kan mul'ataniidha.

Fakakkeenya: Abbaan Seeraa beelama yeroo kennu.

Abbaan seera: Galmee keessan qorachuuf gaafa Ebla 10 sa'aatii 4:30 beelamneera.

Abbaan dhimma: Ebli kun kamii?

Abbaa Seeraa: `maazaa` jechuudha.

Abbaa dhimmaa: Galatoomaa!

Gama birootiin dhimmoonni baay'een lakkoofsaan ibsamu. Fakkeenyaaf, manni murtii galmee keessan eerga qorateen booda bu'ura S/D/F/L 33/2 tiin murtii armaan gadii kenne jira. Abbaan dhimmaa garuu lakkoofsi kun maal akka jedhu hinbeeku. Lakkoofsi dubbatamu immoo ergaa baay'ee bal'aa ta'e tokko dabarsa.

Fakkeenyaaf: Himanni kun bu'ura S/D/F/L92tiin dhugaadha. Kanaafi kan kana fakkaataan hedduutu jira. Dhimmoonni kanneen kun ogeessoota seeraa yoo ta'e malee abbaan dhimmaa bal'inaan hinbeku. Dhimmoota kana beekuuf immoo ogeessoota seeraa bira dhaquun barbaachisaadha.

Walumaa galatti waliin dubbiin mana murtii keessa jiru jechoota teekniikaafi lakkoofsaan kan guutaman waan ta'eef abbootiin dhimmaa sirriitti hubachuuf rakkoo kan qabu ta'uu ragaan kun ni agarsiisa.

(4) Fayyadama Afaaniifi Haaloota Mana Murtii Keessa Jiran.

Haalooni mana murtii keessa jiran haawaasni afaan isaa sirriin akka fayyadamu taasiisaa? gaaffii jedhuuf hirmaatota 48 (%100) keessaa, deebistooni 28 (% 58.33) ta'an eeyyeen yeroo jedhan, deebistoonni 20(%41.67) immoo lakkii jedhanii yaadasaanii kennanii jiru. Kanaaf sababa isaa yeroo duraa duubaan ibsan, eyyeen namoonni jedhanii deebisan mana murtii dhimmaaf yeroo dhufan dursa bakka haara galfii taa'uun sirna dhaddachaarratti hubannoo kennamuufi akkasumas abbaan dhimmaa tokko abbaa dhimmaa biroorraa

haala walgaafachuun akka walirraa baratan yeroo ibsan, lakkii kan jedhan immoo, hubannoon seeraa gama sirna dhaddachaa kennamu haa jiraatu malee, haala fayyadama afaanii irratti akka hinjire ibsu. Dabalataan rakkoon kun abbaa dhimmaa qofa osoo hinta'in qaamolee haqa mirkaneessaniif illee kitabilee seeraa kan Afaan Amaaraan barreeffaman waan fayyadamaniif murtii hatatamaa haqa qabeessa ta'e kennuuf haalli kan hinmijoofta ta'uu yeroo dawannaa dhaddachaaf qorataan kun mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee turetti hubateera. Dhimmi kun immoo qaawwa guddaa kan qabu waan ta'eef akka yaada qoratichatti fala kan barbaaduudha.

(5) Haala Jijjiirraan Afaan Biroorraa Afaan Oromootti Taasifamu

Gaaffii 'Dhimmoota jijjiirraa afaan biroorraa Afaan Oromootti barbaadu eenyutu isiniif hiikaa?' jedhee dhiyaateef irratti odeef-kenniitoota hirmaatan 48(%100) keessaa, deebistoon 7(%14.58) ta'an ogeessa seeraatiin akka hiikatan yemmuu ibsan, deebistoonni 3(%6.25) kan ta'an immoo ogeessa afaaniin jedhan, deebistoonni 34(%70.84) immoo namoota eeyyama hiikkaa qabaniin akka hiikataniifi deebistoonni 4(%8.33) kan ta'an karaa birootiin kan hiikkatan ta'uu agarsiisa.

Ragaa abbootii dhimmaa irraa arganne kun kan agarsiisu hiikni afaan naannoo mana murtii jiru bal'inaan kan raawwatu namoota kamiyyuu ta'aniis hiika afaanii irratti eeyyama warra qabaniin ta'uu akka qabu agarsiisa. Dabalataanis, afgaffii itti gafatamtoota wajjiraatiif gaggeeffameen hubachuun akka danda'ameetti manni murtii hiikaa afaaniirraatti sababa hanqina bajataatin ogeessa hiikaa kan hinramadamne waan ta'eef hiikni afaanii namoota eeyyama turjumanummaa qabaniin akka hojjatamu hubatamee jira. Haaluma walfakkaatuun, warri eeyyama qaban eessaa eeyyama akka argataniifi ulaagaa akkamitiin akka kennameef hubachuuf qorataan yaalii taasiseen eeyyama ga'umsa afaanii Biiron Barnoota Oromiyaa kan kennu yeroo ta'u, eeyyama hiika afaanii immoo waajjiri daldala aanaa irraa akka kennamuuf afgaaffiifi daawwannaa dhaddachaa gaggeeffameen hubachuun danda'amera.

(6) Miira Abbootii Dhimmaa Haala Fayyadama Afaaniirratti

Gaaffii yeroo abbaa seeraa fuldura dhaabbatu maaltu sitti dhagahama? jedhamee dhiyaateef, deeb-kennitoota hirmaatan 48 (%100) keessaa, deebistooni 34 (%70.83) ta'an sodaa yoo jedhan, deebistooni 14(% 29) ta'an immoo gammachuu jechuun deebii laataniru. Gaaffii banaa maaliif jedhee dhiyaateef walduraa duubaan yemmuu deebisan dhimmi kuni naaf murtaa'a moo natti murtaa'a laata jedhanii yaaduu, itti murtaa'e yookiin osoo hinmurtaa'niif dhufe yoo jedhamu hawaasa keessatti hiika adda addaa qabaachuu, abbaan seeraa maal naan jedha laata jedhanii yaaduu, Sirna adeemsa dhaddachaa walaaluufi beekumsa seeraa dhabuu faadha.

Walumaagalatti ragaan armaan olii kun kan mul'isu abbootiin dhimmaa yeroo mana murtii keessatti dhaddacha irratti dhiyaatan sodaafi darbee darbee immoo gammachuun kan itti dhagahamu ta'uusaati. Kun immoo haala fayyadama afaanii irratti dhibbaa mataasaa kan qabuudha.

4.4 Qaaccessa Ragaalee Dokumantii Irraa Argamanii

Qorannoo kana keessatti qoratichi odeeffannoo dawwannaa, bargaaiffiifi afgaaffiin taasiseetti dabalee qaaccessa ragaa dokumantii taasisee jira. Qaaccessa ragaalee taasisuuf; galmees himataa, himatamaa, xalayaa waamichaafi jijjiirraa haala fayyadamina Afaan Oromoo gama barreeffaman jiru qoratichi xinxaalee jira. Xinxaala kana keessatti qabxiin itti xiyyeeffate haala qubeessuu, haala fayyadama jechootaa, haala fayyadama himootaafi keeyyata Afaan Oromoon barreeffaman abbootiin dhimmaafi qaamoleen haqa mirkaneessan itti fayyadaman maali akka fakkaatu xinxaalamee jira.

4.4.1 Fayyadama Hanqina Qubee

Dogoggori qubee xaalayoota mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti argaman irratti baay'inaan argamu. Kanneen dogoggora qubee jalatti hammataman qubee guddaafi qubee xiqqaa iddoo malee fayyadamuu, dubbachiistuu iddoo malee dheeressuufi gabaabsuu, dubbifamaa bakka jabachuu qabuutti immoo laaffisuu faadha. Fakkeenyaaf

xalayaa (lakkoofsa galmee 12431) irratti hanqinaalee mul’atan yoo fudhannee ilaalle hanqinoonni jiran akka armaan gaadiitti ibsamani jiru.

1. Qubee Guddaafi Xiqqaa Iddoo Malee Fayyadamuu

- Abbaa Seeraa
- Abbaa Alangaa
- Asiruu badhadhaa

Jechoota tishoo lamaan kana keessatti qubeen “**Sfi A**” gurraacha’an kun seeraa malee qub-guddeessan barreeffaman. Dabalataanis maqaan dhunfaa Afaan oromoo keessatti qubee xiqqaan hinbarreeffamu. Jechi tishoo yemmuu barreeffamu jecha tokko waan ta’eef qubeen jalqabaa guddaa yoo ta’e kan itti aanu qubee xiqqaan barreeffamuun sirreeffamuu qaba. Jchoonnifi maqaan kun haala armaan gadiin sirreeffamuu qaba.

- Abbaa seeraa
- Abbaa alangaa
- Asiruu Badhaadhaa

2. Dogogora Dubbachiistuu Dheeressuufi Gabaabsuu

- Himataama
- Raga
- Manaa (lakkoofsa galmee 12431)

Jechoota kana fudhannee gaafa ilaallu dubbachiiftuun “**a**” iddoo tokko tokkootti seera malee dheerachuun iddoo tokko tokkootti immoo gabaabachuutu mul’ata. Inni kun immoo ergaa dabarsuu irratti rakkoo waan fiduuf dhimma xiyyeeffannoo barbaaduudha. Jechoonni kun yemmuu sirreeffamanii barreeffaman haala armaan gadii ta’uu qaba.

- Himatamaa
- Ragaa
- Mana

3. Dogogora Dubbifamaa Jabeessuufi Laaffisuu

“...raggonni dhuggaa dubachuudhaaf...” (galmee lakkoofsa 1243)

Gaalee kana keessatti jechoonni kunneen immoo yemmuu barreeffaman iddoo laafuu qabanitti jabaatanii, iddoo jabaachuu qabanitti immoo laafanii waan barreeffamaniif dogoggora qabu. Kun immoo ergaa darbuu barbaadame sana guutummaa guututti dabarsuu akka hindandeenye taasisa. Jechoonni kun yemmuu sirreeffaman haala kanaan ta’uu qabu. “...ragoonni dhuggaa dubbachuudhaaf...”

Walumaagalatti qorataan kun galmee kana sakkata’uun hanqinaleen kunneen walqunnamtii barreeffamaa irratti dhibbaa akka qaban addaan baafateera. Kun immoo haala kanaan kan itti fufu yoo ta’e guddina afaanichaa quucarsuu waan danda’uuf qaamni dhimmi ilaalatu furmaata akka barbaadu qoratichi gamanumaan ibsuu barbaada.

4.4.2 Fayyadama Jecha

Rakkoo fayyadama jechaatti kanneen ilaalaman walqabsiistuu ‘fi’ akka of dandanda’aatti fayyadamuu, fayyadama fufii, hanqina iftoomina jechoota tishoofi kan kana faadha.

1. **Wal-qabsiistuun** (fi) ulaagaalee hiikaa, caasaafi xinsagaa waan hingunneef, kophaa dhaabbatee barreeffamuu hindandeessu (Askale, 1998:335). Haata’u malee, barreeffamoota xalayaa mana murtii aanaa hidhabuu Abootee keessatti akka jecha tokkootti kophaa baatee yemmuu barreeffamutu mul’ata. Fakkeenyaaf “jecha amantaa **fi** waakkii isaa kenneera.” Lakkoofsa galmee (12583). Akkuma hima kanarraa hubannutti inni kun ulaagaa himaatin of dandeessee dabachuu waan hindandeenyeef, ergaa darbu irratti dhibbaa fiduu danda’a. himni kun yemmuu sirratee barreeffamu “ jecha amantiifi waakkii isaa kenneera.” Haala kanaan ta’uu qaba.

2. **Haala Fayyadama Fufii** (hin, ni, yaa) akka jecha of dand’aatti fayyadamuu akka Addunyaan (2011-17) ibseetti,

Dhamjechoonni kunneen amma fufii (maxxantuu) ta'anitti of danda'anii dhaabbachuu hindanda'an. Akkuma fufilee kanneen biroo, dura jechaatti fufamuun tajaajila kanaaf oolu. Haata'u malee, barreeffamoonni amma yonaatti afaanichaarratti dhiyaatan fufiilee kana jecharraa butanii yookaan qofaa dhaabani dhiyeessus-ibsus haala kanaan dhiyaachuu kan qabu jecha malee fufii miti.

Barreeffamoonni xalayaa mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee baay'een isaanii fufiilee kanneen jecharraa fageessanii itti fayyadamu. Fakkeenyaaf “ni barsiisa, yaa haalufi hin ittisne” (lakkoofsa galme 12583) kunis fufiilee duree kana jecharraa addaan baasanii fayyadamuun seera caasaa Afaan Oromoo kan cabsu waan ta'eef dhimma furmaata barbaaduudha. Fufiileen kun yemmuu sirreeffamanii barreeffaman haala kanaan ta'uu qabu. “ nibarsiisa, yaahaalufi hinittisne”

3. Rakkoo Fayyadama Gabaajee: xalayoosni mana murtiitti barreeffaman irra caalaan isaa jechoota gabajeetti yemmuu fayyadamtu mul'ata inni kun immoo qusannaa iddoof yadameeti malee seeraan qindeeffamee kan dhiyaate miti inni kun immoo hubannoo irratti dhiibbaa guddaa fida. Fakkeenyaaf jecha abbaa alangaa jedhu kana yeroo tokko A|A, A|Alangaa lakkoofsa galme (08398fi 12583) keessatti haala kanaan dhimma itti bahu inni kun gama tokkoon rakkoo dhabbi jecha gabaajee yemmuu ta'u, gama biroon immoo jechoonni kun abbootii dhimmaatin sirriitti hinhubataman kun immoo haqa mirkaneessuu keessatti waliin dubbii abbaa dhimmaafi qaamolee haqa mirkaneessan jidduutti waan daangessuu danda'uuf qaamni dhimmi ilaalatu furmaata kaa'uu qaba.

4.4.3 Haala Fayyadama Himaa

Himni qindaa'ina jechootaa yookaan gaaleewwanii (gaalee maqaafi xumuraa) ta'ee kan ergaa guutuu dabarsu, kan dhumarratti tuqaa, mallattoo gaaffii yookaan mallattoo raajeffannoo fudhatuudha. Akkasumas, kan dubbatoota afaanichaa biratti fudhatama qabu ta'uu qaba. (Beekaan, 2015). Gama himoota xalayaa mana murtii aanaa Hiidhabuu Abootee keessatti mul'atu yemmuu ilaallu hanqina sirna tuqaalee bal'inaan qaba. Fakkeenyaaf: “Galmeen kan bulee raga ittisaa himatamaa dhaguf himatamaan raga ittisaa

lama dhiyeeffateera” (lakkoofsa galmee 12431). Himni kun ergaa guutuu dabarsuu irratti hanqina qaba. Qabanni isaas hima kana keessaa mallattoon qoodduufi tuqaan waan habifamaniif ergaa guutuu dabarsuu hindanda’u. Dabalataanis himni kun hanqina qubeessuu niqaba. Garuu xiyyeeffannoon qorataa kanaa iddoo kanatti qubee dursee waan ilaaleef sirna tuqaalee qofaratti xiyyeeffatame. Himni kun yemmuu sirreeffamee barreeffamu, “ *Galmeen kan bule ragaa ittisaa himatamaa dhaguuf, himatamaan ragaa ittisaa lama dhiyeeffateera.*” ta’uu qaba.

4.4.4 Haala Fayyadama Keeyyataa

Keeyyanni walitti qindaa’ina himootaa yookaan tuuta himootaa ergaa tokko dabarsuudha. Keeyyanni kutaa barruu ta’ee kan himoota hedduu dhimma tokko ibsan of keessatti hammatuudha. (Oxford advance learner dictionary). Dabalataanis Addunyaan (2014-149) ulaagaalee keeyyata gaarii yemmuu ibsu, “ keeyyanni gaariin tokko ulaagaalee ittiin madaalamu qaba. Ulaagalee kana keessaa muraasni tokkummaa, wal-hidhiinsa, guutummaafi tartiiba ta’uu qaba” jedha. Haata’u malee gaafa xalayootafi galmee mana murtii aanaa Hidhabu Abootee fudhannee ilaallu, ulaagaa keeyyata gaarii kana nuuf hinguutani. Fakkeenyaaf (galmee lakkoofsa 6326, 12431fi 1258) fudhannee yoo ilaalle; rakkoo tokummaa yaadaa, wal- hidhiinsa, guutummaafi sirna tuqaalee, qub-guddeessaafi kan kana fakkaatan of keessa qaba. Kuni immoo ergaa darbuu qabu osoo hindabarsin akka karaatti hafu taasisa.

4.4.5 Haala Fayyadama Jijjiirraa

Gibbons (2001) jijjiirraa afaan seeraa ilaalchisee yaada kaa’een aangoon afaan bakka kanarratti qabuun ka’e jijjiirraan afaanii bakka kanaa baay’ee rakkisaafi of eegannoo guddaa kan barrbaadu ta’uu ibsa. Jechoota hiika guutuufi walmadaalaa ta’e afaanota jijjiiramutti dhabuun rakkachuu malu danda’a. namoonni jijjiiraniis haala xinqooqa afaan seeraa kan beekaniifi hubannoo seeraa kan qaban ta’uu qabu jedha. Haaluma kanaan mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti jijjiiraan afaan biroo irraa Afaan

Oromootti taasifaman dhimmoota yakkaa kanneen akka dirqisiisanii gudeeduu, reebicha, reeffa nama tasa du'ee sakatta'uufi sanadoota Afaan Oromootiin ala hojjetaman qorachuuf taasifama. Yemmuu jijjirraan kun taasifamu immoo of eegannoon yoo ta'e malee rakkoo furuu bira darbee rakkoo uumuu danda'a. Fakkeenyaaf rakkoon haala kanaan mana murtii aanaa Hidhabu Abootee keessatti mul'atu, jechoota mijatoo hintaane fayyadamuudha. Fakkeenyaaf (galmeel lakkoofsa 6326fi 488330) irratti argaman (x-ray (raajiifi raadiyoolojistiidhan) kan jedhaman kun abbootii dhimmaa biratti waan hinhubatamneef gama jijjiiratiinis rakkoo guddaan jiraachuu nu hubachiisa. Dabalataanis jechoota baay'ee Afaan ingiliffaarraa gara Afaan Oromoo fidanii waan itti fayyadamaniif gama tokkoon guddina afaanichaa kan qucarsuufi gama biroon immoo haqa dabsuu waan danda'uuf qaamni dhimmi ilaalu osoo furmaata itti kennee gaarii ta'a. (Akka waliigalatti ragoolee armaan oliitti ibsaman kana dabalee E- L) ilaaluun hubachuun nidanda'ama.

4.4.6 Haala Uumamsa Jechoota Haaraa Mana Murtiitti Keessatti

Afaan Oromoo afaan seeraa kan ta'e bara 1984 as akka ta'e beekamaadha. Yeroo kana keessatti jechooni afaan seeraa keessatti itti fayyadamnu haaraan moggaasa barbaadaniifi abbootii dhimmaas ta'ee qaama haqa mirkaneessuuf rakkoo waliin dubbiifi barreeffamaa ta'uun isaanii hubatameera. Akka sakata'a dookumantiifi daawwannaa dhaddachaa irraa hubatameetti jechooni haaraan karaalee adda addaatiin dagaaganii tajaajila kennaa jiru. Karaaleen kunneenis: egifannaa, suphuu, diigalaafi makoodha.

4.4.6.1 Ergifannaa

Afaan kamiyyuu afaan biraarraa sagalee, jechoota, darbee darbee caasaa seerlugaa amala ergifachuu qaba. Afaanonni sababni inni guddaan akka walirraa ergifatan taasise namoonni gamtaadhaan waan jiraatanif hawaasni afaan tokko dubbatu hawaasa afaan biraa dubbatu waliin walitti dhufeenya hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee waan godhuuf. Kanarraa kan ka'e hawaasni afaan tokko dubbatu sagaloota, jechootafi kan biroo kan afaanicha keessa hinjirre ni ergifata. (Geetaachoo, 2005:4).

Haaluma kanaan, haqa mirkaneessuu keessatti jechoonni hedduun Afaan Oromoon hinjirre ergisaan galanii akka jiran yeroo dawwannaa dhaddachaafi sakkata'a dookumantii hubachuun danda'amee jira. Fakkeenyaaf: jechoonni Afaan biroorraa Afaan Oromoo seenaan akka armaan gadiitti tarreeffamanii jiru.

- Sanada
- Amakiroo
- Kisaaraa
- Pooliisii
- Tiraafiikii
- Koomishinii
- Dimookiraasii
- Kotoorobaandii
- Ofiisara
- Cheekiliistii
- Odiitii
- Pireezedantii

Jeechoonni armaan oliitti tarreeffaman kana Afaan Oromoo akkuma jirutti afaan biroorraa fudhatee, haqa mirkaneessuuf itti gargaramaa jira. Gama biroon ergisaan osoo homaa itti hindabaliniifi hinhir'isiin kan raawwatu ta'uufi kun adeemsa jechooni haaraan gara afaan seeraatti itti makamaa jiran keessaa tokko ta'uu nutti agarsiisa. Kun immoo kitaabilee seeraafi abbootiin seeraa yemmuu bal'inaan haqa mirkaneessuuf itti tajaajilaman hubatamee jira. Jechoonni kun bal'inaan naannoo mana murtii keessatti waan mul'ataniif waliin dubbii abbootii dhimmaafi qaamilee haqa mirkaneessaan daangessuu waan danda'uuf qorataan kun akka hanqinaatti fudhatee jira.

4.4.6.2 Diigala /compounding/

Diigalli adeemsa haala jechooni garagaraa lama walitti dhufanii jecha haaraa tokko ittiin uumaan keessaa isa tokkoodha. Addunyaan, (2011:52), Mccarth (2002: 59-64) waabeeffachuun akka ibseetti maalummaa diigalaa yoo kaa’u, “Compounding is a process of joining two separate words to produce a single word in which one can find one different form and meaning from the combinatory words,” jedha.

Haaluma kanaan afaan seeraa keessatti jechoonni hedduun diigalaan uumamanii jiru. Jechoonni kunis garee jechoota adda addaa irraa uumamuu danda’u. Fakkeenya jechoota kanaas akka armaan gaditti ilaaluu dandeenya.

Maqaafi Maqaarraa

- Abbaa+ Alangaa
- Abbaa+ seera
- Heera + Mootummaa

Maqaa Uumame

- = Abbaa alangaa
- = Abbaa seeraa
- = Heera mootummaa

Maqaafi Maqaa Uumamteerraa

- Dhaddacha + Yakka
- Mana + Murtii

Maqaa Uumame

- Dhaddacha yakkaa
- Mana murtii

Maqaa Uumamteefi Gochimaa Uumamteerraa

- Adabbii + cimsuu
- Adabbii + Salphisuu

Maqaa Uumame

- Adabbii cimsuu
- Adabbii salphisuu

Maqaafi Gochima

- Jecha+ Kakuu

Maqaa Uumame

- Jecha kakuu

Akka fakkeenya armaan oliiirraa hubachuuf yaaletti jechooni hedduun naannoo haqa mirkaneessuu keessatti diigalaan uumamuu isaanii argina. Jechoota kana yeroo ilaallu jechoota ofdanda’anii hiika mataa isaanii kennan lama irraa uumamu isaanii agarsiisa.

4.4.6.3 Diigala Makoo (Hybrid Compounds)

Diigala makoo kan jennuun immoo jechooni of danda’an lama afaan garaa garaa lama irraa fudhachuun kan itti fayyadamnuudha. Jechooni haala kanaan uumamaniis sirna haqa mirkaneessuu keessatti tajaajila kennaa jiran hedduudha.

Jechoota Haaraa

- Ofiisara seeraa
- Qorannoo teekniikaa
- Seera tiraafikaa
- Buufata Poolisii
- Sirna dimookraasii

Afaan Irraa Maddan

- Afaan biroo /Afaan Oromoo
- Afaan Oromoo / Afaan biroo
- Afaan Oromoo/ Afaan biroo
- Afaan Oromoo/ Afaan biroo
- Afaan Oromoo/ Afaan biroo

Fakkeenya armaan olii irraa kan hubannu jechoota afaan garaagaraa lama irraa jechoonni haaraan akka uumamu danda’aniifi jechooni afaan biroo irraa ergifamanii fudhataman jechoota teekniikaa ta’uu nuti agarsiisa. Keessattuu naannoo dirreewwan hojii adda addaatti jechooni kun bal’inaan ni’argamu. Kanaaf jechoota afaan lama adda addaa digaleessuun fayyadamuun mataa isaatiin haala jechooni haaraa naannoo sirna haqaa keessatti itti uumaman keessaa isa tokkoodha. Jechoota Afaan Oromoon hinjirre haala kanaan uumanii fayyadamuun garii ta’ee osoo jiruu, jechoonni kun baay’inaan abbootii dhimmaan kessattuu warra hinbarane biratti hinhubataman. Hubatamuu dhabuun jechoota kanneenii immoo haqa dabsuu waan danda’uuf, dhimmi kun yaada furmaata barbaadu ta’uusaa gamanumaan qoratichi nihubachiisa.

4.4.6.4 Suphuu (Blending)

Adeemsi jechoonni mana murtii keessatti ittiin uumaman kan biraa suphuudha. Jechoota mana murtii keessatti haala kanaan uumaman keessa muraasa fudhannee yaa'ilaallu.

Fakkeenyaaf: Lakkoofsa + kaardii = Lakk- kaardii (dabalee 'H' ilaali.)

Lakkoofsa + galmee = Lakka galmee (dabalee 'I' ilaali)

Lakkoofsa + pirotokolii = Lakk-pirotokolii (dabalee 'f')

4.4.6.5 Gabaajeessuun

Sirna haqaa keessatti jechoota gabaajeen fayyadamuun baramaadha. Gabaajeewwan kanneen keessaa muraasni akka armaan gadiitti tarreeffamanii jiru.

Gabaajee

- A/F/S/Y
- A/F/S/S
- A/F/S/H/H
- S/A/Y
- S/D/F
- S/H/H
- Q/P

Jechoota Guutuu

- Adeemsa falmii seera yakkaa
- Adeemsa falmii seera siviilii
- Adeemsa falmii seera hariiroo hawaasaa
- Seera adaba yakkaa
- Seera deemsa falmii
- Seera hariiroo hawaasaa
- Qorannoo poolisii

Fakkeenya armaan olii irraa kan hubannu gabaajeessuun jechoota barreessuuf bakkaa dheeraa fudhachuu danda'an karaa gababaa ta'e ibsuuf tooftaa itti fayyadamnuudha. Yeroo baay'ee jechoota gabaajee kan fayyadaman abbootii seeraati. Kanas kan fayyadaman yeroo barreessan ta'uu sakata'a dokumantii gaggeefame irraa hubachuun danda'amee jira. Kana irraa kan hubannu jechooni karaa gabaajeetiniis sirna haqaa keessatti kan uumamuu danda'u ta'uu isaati. Haata'u malee, jechoonni naannoo mana murtiitti gabajeefi lakkoofsan wal-qabatanii dubbataman yookaan barreeffaman kunneen abbootii dhimmaatiin hubatamuu waan hindandeenyeef, qaamni dhimmi ilaalu keessattu

manneen murtii haamma danda'ameetti abbootii dhimmaaf hubannoo osoo kennanii garii ta'a.

Walumaagalatti boqonnaa kana keessatti haasbarruufi haali fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maali akka fakkaatu ragaaleen: daawwannaa dhaddachaa, afgaaffii, bargaaffiifi sakatta'a dokumantii gaggeeffameen argaman haala kanaan dhiyaatanii qaacceeffamanii jiru.

BOQONNAA SHAN: CUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti cunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu meeshaalee funaansa ragaa gosa adda addaatiin funaanamantu cunfamee dhiyaata. Kuniis, hojii qorannichaa irratti hundaa'uniifi yaadoota ka'an bu'ureeffachuun kan raawwatamu ta'a. Kana malees, haaloonni sirna fayyadama haasbarruufi Afaan Oromoo mana murtii keessa jiru maal akka fakkaatu adeemsa qorannichi keessa darbe cunfaa keessatti ibsama. Itti aansuun argannoofi yaboon qorannichaa duraa dubaan dhiyaatanii jiru.

5.1 Cuunfaa

Qorrannichi boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate yemmuu ta'u, boqonnaa tokko keessatti Afaan Oromoo afaan hojiiifi barnootaa erga ta'ee as dirreewwan hojii adda addaa keessatti haali fayyadama afaanii garaagaraa jiraachuu isaaniifi bakka itti fayyadamnu irratti hundaa'un garaagarumaan afaanii akka uumamu ibsamee jira. Kaayyoon qorannoo kanaas haasbarruufi haali fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maali akka fakkaatu qaaccessuun rakkoolee dhimmoota fayyadama afaanii waliin walqabataniifi afaan seeraa waliin hidhata qaban furmaata kaa'uuf akka gaggeeffamu ibsameera.

Boqonna lama keessatti immoo yaadrimeewwan haasbarruu, haala fayyadama afaanii waliin walqabataniifi sakatta'i barruu walfakkii gaggeeffameera. Kuniis, yaadawwan maalummaa afaaniifi fayyadama afaanitiin hidhata qabaniin yeroo ilaalaman sakatta'a barruu aantee keessattiis qorannoowwan kanaan dura sadarkaa digirii jalqabaafi eebba booda mata duree kana waliin hidhata qaban, haala fayyadama afaanii dhaabbileefi iddoowwan adda addaatti hojjataman ilaaluuf yaalameera.

Akkasumas boqonnaa sadaffaa keessatti malli qorannoo, iddattoo, funaansa ragaafi qaaccessi ragaa qindaa'ee jira. Mala qorannoo makoo (ammamtaafi akkamtaatiin) Fayyadaamuun qaamoolee barbaachisoo ta'an hirmaachiseera. Isaaniis: qaamolee haqa mirkaneessan digdamii afur, itti gaafatamtoota waajjiraa sadiifi himataa, himatamaafi

ragaalee keessaa walumaagalatti nama afurtamii saddeet irraa mala akkayyoo, eer-dabarsaafi carraa sirnawaati fudhachuun hojiirra oolee jira. Dhimma kana galmaan ga'uuf malleen funaansa ragaa adda addaa hojiira oolani jiru. Isaanis: bargaaaffii, afgaaaffii, daawwannaafi sakatta'a dokumantii adda addaati. Bargaaffiin qaamolee haqa mirkaneessanifi abbootii dhimmaa mana murtii dhufaniif rabsameera. Akkasumas afgaaaffiin itti gaafatamtoota waajjiraa sadi waliin taasifamee jira. Qabxiilee daawwannaaf qophaa'een, daawwannaa dhaddacha yeroo kudhan gaggeessuuniifi sakkatta'i dokumantii taasifamee jira. Boqannaa afur keessatti immoo iddoo ragaleen bifa gara garaan funaanaman bifa lakkoofsaafi jechaan qaacefamanii dhiyataniidha. Dhimmoonni waliigalaan qaacceessi irratti gaggeeffamees sirna fayyadama haasbarruu mana murtii, haala fayyadama afaanii qaamoolee haqaafi abbootii dhimmaa, rakkoolee itti fayyadama afaanii naannoo mana murtii, haala fayyadama kitaabilee seeraa, dhimmoota jijjirraa afaaniifi haala uumamsa jechoota mana murtii bu'ura godhachuun qaaceessuuf yaalameera. Bu'aan argannoo isaas haala armaan gadiitiin tarreeffameera.

5.2 Argannoo Qorannichaa

Haasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti hojiirra oolaa jiru sakkata'uun ibsuuf ragaaleen malleen funaansa odeeffannoo kanneen akka afgaaaffii, bargaaaffii, daawwannaa dhaddachaafi sakata'a dookumantiin argaman bu'ura godhachuun argannoowwan qorannichaa akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

- ❖ Abbootiin dhimmaa yeroo duraaf gara mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee dhufan, dhaddacharratti yoomessa fayyadama haasbarruu bakka sanaa walaaluu irraa kan ka'e yaada isaanii ibsachuuf kan rakkatan ta'uu hubatameera.
- ❖ Jechoonni haaraan naannoo mana murtiitti dhimma itti bahaman karaalee ergifannaa, suphuu, digalaafi gabaajeen uumamaa jiraachuufi jechoonni uumaman kun baay'een isaanii koree waaltinaan moggaaffamee afaan seeraatti akka hindabalamne hubatameera.

- ❖ Dhimmoonni baay'een mana murtii keessatti gabaajee fi lakkoofsaan waan ibsamuuf abbootii dhimmaan hubatamuu dhabuu.
- ❖ Dhimmoonni akka sodaa, gammachuufi dhiphuu fayyadama afaanii abbootii dhimmaa mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee irratti dhibbaa kan qaban ta'uu hubatameera.
- ❖ Mana murtii keessatti jijjiiraan afaan biroorraa Afaan Oromooti taasifamu dhimmoota yakkaa keessaa kanneen akka dirqisiisanii gudeeduu, reebichaa, nama sababa hinbeekamneen du'e reeffa isaa qorachiisuufi dhimmoota hariiroo hawaasaa keessaa immoo ragaa qabiyyee lafa durii, sanadoota adda addaa, waliigaltee bittaafi gurgurtaa, akkasumas ragaa fuudhaafi heerumaa Afaan Oromoon ala hojjataman qorachuuf kan taasifamu ta'uu isaa hubatameera. Jijjiiraan afaanii kan taasifamus namoota eeyyama turjumanummaa qabaniin ta'us, jijjiirraan taasifamu kun rakkoolee hedduun kan guutameedha. Akkaataan eeyyamni jijjiirraa afaanii itti kennamu hanqina kan qabu ta'uufi waajjiraaleen haqa mirkaneessuuf dhaabbatan caasaa jijjiirraa afaanii hojjatu kan mataa isaani dhabuu.
- ❖ Kitaabileen seeraa baay'een yeroo ammaa qaamoleen haqaa, haqa mirkaneessuuf itti tajaajilamaa jiran, kan Afaan Amaaraan barreeffaman waan ta'eef, Afaan Amaaraan dubbisani Afaan Oromoon murtii kennuun rakkoon isaa haqa saffisaa kennuu dhabuufi yakka walfakkaataa jidduutti abbootiin seeraa murtii gara garaa akka dabarsan kan godhu ta'uu hubatameera.
- ❖ Qaamni jijjiraa kitaabolee seeraa hojjatu seeraan hundaa'e kan hinjirre ta'uurraan kan ka'e, kitaabooleen seeraa kun jijjiraan isaani haahojjatamu osoo jedhamelee eenyu akka raawwatu seeraan murtaa'ee hinjiru.
- ❖ Hojii jijjiirraa afaan seeraa hojjachuuf galmeen jechootaa seeraa Afaan Oromootiin hojjatamee dhabamuu irraa kan ka'e, qaamoleen haqa mirkaneessan akka hubannoo isaaniitti hiikuun dhaabbatummaa jechoota seeraa dhorkuu isaani hubachuun danda'ameera.

- ❖ Barreeffamoonni xalayaa mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti argaman baay'een isaanii hinqina fayyadama qubeessuu, fayyadama jechootaa, fayyadama himootaafi keeyyataa qabu.

5.3 Yaboo Qorannichaa

Argannoowwan gurguddoo qorannichaa irratti hundaa'uun haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee ilaalchisee rakkoolee mul'ataniif yaboowwan ta'uu malan akka armaan gadiitti qophaa'anii jiru.

- ❖ Qaamoleen haqa mirkaneessan dhaddachaan dura haala abbootiin dhimmaa afaan seeraarratti hubannoo argachuu danda'an osoo mijeessanii.
- ❖ Kitabileeniifi barruuleen gagabaaboon hubannoo afaan seera abbootii dhimmaa cimsuu danda'an qaama dhimmichi ilaalatuun Afaan Oromoon qophaa'ee osoo sadarkaa gandaatti ergamee hawaasaaf leenjiin irratti kennamee.
- ❖ Dhimmoonni mana murtii keessatti gabaajeefi lakkoofsaan dhiyaatan kun hamma danda'ameetti osoo barreeffama guutuun dhiyaatanii.
- ❖ Jijjirraan afaan biroo gara Afaan Oromooti taasifamu haala qulqullina qabuun akka raawwatuuf eeyyamni kenninsa jijjiirraa afaan seeraa walta'iinsa ogeessota seeraafi afaaniin ta'ee gahumsa ogummaa afaaniifi seeraa irratti bu'ureeffatee osoo kennamee. Akkasumas waajjiraleen haqaa yeroo baay'ee jijjirraan afaanii biraa barbaadamu hiiktoota afaanii caasaa mootummaa keessatti dabalamee ogeessa dhimmichi ilaaltu waliin akka hojjatan osoo taasifamee.
- ❖ Qaamooleen haqa mirkaneessan abbootii dhimmaaf tajaajila saffisaa, haqa qabeessafi qulqullina qabu akka kennuu danda'aniif kitaabooleen seeraa Afaan Amaaraan barreeffaman kun gara Afaan Oromooti hiikamanii akka dhiyaataniif Inistituyutiin Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa osoo haala mijeessaa gaarii ta'a.

- ❖ Jijjirraan kitaabolee seeraa haahojjatamu osoo jedhamee kan hojjatu eenyu akka ta'e seeraan hinbeekamu. Kanaaf, Motummaan naannoo Oromiyaa dhaabbata hiika afaanii hojjatu eenyu akka ta'e addaan baasee seeraan osoo hundeessee.
- ❖ Inistituyutiin Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaafi Biroon Aadaafi Turiizimii Oromiyaa waliin ta'uun galmee jechoota seeraa qaamolee haqa mirkanneessaniif osoo qopheessanii.
- ❖ Barreeffamoonni adda addaa mana murtiif dhiyaatan kun yoo dogogora qabaatan haqa maqsuu waan danda'uuf qaamni barreeffamicha qopheesse mana murtiif dhiyeessuun dura osoo irra deddeebi'anii gulaalanii gaarii ta'a.
- ❖ Dhaabbanni dirreewwan hojii adda addaa itti fayyadama afaanii waliin walqabatee rakkoon yeroo uumamu furmaata kennuufi hunduu akka itti fakkaateetti jechoota haaraa uumuun akka itti hinfayyadamneefi haala dhabbataa ta'een aadaa hawaasaafi seera fayyadama aafanichaa bu'ureeffachuun akka raawwatu gochuun barbaachisaadha. Kanaaf qaamni dhimmichi ilaalatu keessaattuu, Biiron Aadaafi Turiizimii kutaan koree walitinaa dhimmichi kallattiin isa ilaallata waan ta'eef jechoonni uumaman kun afaan seeratti dabalamuun dura osoo xiinxalamani dhiyaatanii.
- ❖ Qaamoonni haqa mirkaanessaan akka dandeettii barreessuu isaanii cimsatan osoo dandeettii barreessuu irratti koorsiin afaanii leenjii hojii duraa irratti kennameefi.

Kitabilee Wabii

- Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.
- Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa: Yaadirmee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Efficiency Printing press.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee: EfficiencyPrinting press.
- Addunyaa Barkeessaa. (2014). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.
- Antilla, R (1972). *An Introduction to Historical and Comparative linguistics*: Macmalain Published Co. NewYork.
- Askale Lemma. (1998).*Some Points On Oromo Orthography*. In Interdisciplinary Seminar of Ethiopia Studies Firist Nazareth, pp. 323-337.
- Appel, R. and Muysken, P. (1987). *Language contact and Bilingualism*: London.Edward Arnold.
- Ayub Esma`el. (2008). “*Language Use of the Jamaican and Rastafarian Community In Shashamane A Sociolinguistical Study*” Addis Ababa University: unpublished MA Thesis.
- Baily, D. (1994). *Methods of Social Research*. (2nded.). New York: The Free Press.
- Beekan Gulummaa. (2015). *Tuujuba: Saayinsiifi Dandeettiwwan Afaanii*. Finfinnee.
- Best, J.(1981). *Research in Education*: New Delhi. Prentice Hall Inc.
- Bovee, C. and Arens, W. (1989). *Contemporary Advertising Chicago*: Irwin Hom Wood: Illinois.
- Brown, C. and Hatch E. (1995). *Vocabulary, Semantics and Language Education*.Oxford: Cambridge University Press.
- Brown, G and Yule, G. (1983). *Discourse Analysis*. Newyork: Cambridge university press.

- Caffee Oromiyaa (1994). *Seera Mootummaa Naannoo Oromiyaa*. Finfinnee: Mana Maxxansa Gutenbergi.
- Caffee Oromiyaa (1996). *Seera Maatii Naannoo Oromiyaa*. Finfinnee: Biraaniifi Salaam
- Caffee Oromiyaa (1999). *Labsii Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa*. Finfinnee: Biraaniifi salaam.
- Caffee Oromiyaa (2000). *Labsii Mana Murtii Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk.141/2000*. Finfinnee: Biraaniifi Salaam.
- Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Cook, G. (1989). *Discourse*. Newyork: oxford university press.
- Cook, G. (2010). *Translation in Language Teaching: An argument for Reassessment*. Oxford: Oxford University Press.
- Cooper, L, R and Nahum, F. (1976). “*Language in the Court*”. In *Bender, M.L.etal. (eds.) Language in Ethiopia*. London: Oxford University Press, 256-263.
- Cooper, L. and Horvanth, R. (1976). “*Language Migration and Urbanization.*” In: *Bender, M.L. etal. (eds). Language in Ethiopia*. London: Oxford University Press.
- Crystal, D. (1997). *A dictionary of Linguistics and Phmetics, (4th ed.)* Oxford, UK: Black Well.
- Crystal,D. (1997). *The Cambridge Encyclopedia of Language*. Great Britain: Cambridge University Press.
- Crystal. D. (1987). *The Cambridge’s Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambridge University press.
- Dastaa Dassaaleny. (2009). *Bu’uura Qorannoo*.Addis Ababaa: mana maxxansaa Boolee.
- Fairclough, N. (1992). *Discourse and Social change*. London: Black Well Publishing Ltd.
- Fairclough, N. (2003). *Analyzing Discourse: Textual Analysis of Social Research*. London: MPG books Ltd.
- Fasold, R. (1984). *The Sociolinguistics of Society*. Oxford: Basil Blackwell Publishers.

- Finch, G. (2003). *How to Study Linguistics: A guide to Understand Language* (2nd ed.). Great Britain: Palgrave Macmillan.
- Fishman, J. A. (1971). *The Relationship Between Micro and Macro Sociolinguistics in the Study of Who Speaks what Language to Whom and when*. In Pride, J. Brork: Oxford University Press.
- Flick, U. (2002). *An Introduction to Qualitative Research*, (2nd Ed.) .New Dehli: SAGE Publications Ltd.
- Gabii Tusuu (2007). “*Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo Hordofoota Amantii Islaamaa Biratti*” Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa(kan hinmaxxafamin)
- Galmee Jechoota Afaan Oromoo. (1996). *Wirtuu Qo’annooofi Qorannoo Afaanoota Itoophiyaa*. Finfinnee: Yunbarsitii Finfinnee.
- Geetaachoo Rabbirraa. (2005). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa. Kuraaz Internaashinaal.
- Genesee, F. (2004). *Portrait of The Bilingual Child*. In Reyes, I, *Functions of Code switching in school Children’s Conversations*. Bilingual Research Journal, 28(1). University of Arizona.
- Gibbons, J. (2001). *Language and Law*, in Daves. A and Elder, C, *Applied Linguistics*. UK: blakwell Publishing Ltd.
- Goldman-Rakic, P. S. (1998). *The prefrontal Landscape: Implications of Functional Architecture for understanding Human mentation and the central Executive*. In A.c. Roberts, W. T. Robbins et al. (eds), *The prefrontal cortex: Excutive and* (pp. 87-102). New York: Oxford University Press.
- Gorell, M.R. and Larid. (1967). *Modern English Hand book*, (4th ed.). London: prentice Hall Inc.
- Goshgarian, G (2001) . *Exploring Language*, (9th ed.). New York: Addison Wesley Educational Publishers, Inc.

- Grewendorf, G. and Rathert, M.(2009). *Formal Linguistics and the Law: Trends in Linguistics*. Walterde Gruyer: Berlin.
- Grosjean, F. (1982). *Life With Two Language: An Introduction to Bilingualism*. Cambridge: Harvard University Press.
- Gudykust, W. and Kim, Y. (2003). *Communicating with Strangers an approach to intercultural Communication*. New York: McGraw Hill.
- Halliday, M. A. K. (1994). *An Introduction to Functional Grammar (2nd edition)* London Arnold.
- Haugen, E. (1972). *The Ecology of Language: Essays by Einer Haygen, Collected by Anuwar S*. USA: Stanford University Press.
- Heutger, V.(2003). *Law and Language in the European Union: Journal of Multilingualism* 7, 3:11.
- Holmes, J. (1992). *An Introducation to Socio linguistics*. London and New York: Longman.
- Hodge, B. and Kress, G. (1993).*Language as Ideology (2nd ed.)*. London and New York: Routledge.
- Hudson, R. A. (1980). *Sociolinguistics (3rd ed.)* Cambridge: Cambridge University Press.
- Hudson, R. A. (1996). *Sociolinguistics(2nd ed.)* Cambridge: Cambridge University Press
- Katamba, Francis (1994). *English Words*. Routledge: London.
- Kraus, R. M. and Chiu, C. (1993). *Lamguage, Cognition and Communication*. CA: Santa Barbar.
- Levy-Brljia, Lucien. (1985). *How Natives Think (transl. Lilian A. clare, 3rd ed.)* princeton: Princeton University Press.
- Long Man Dictionary of Contemporary English, (1987). *Great Britain by Richard caly* Ltd.
- Lyons, J. (1981). *Language and Linguistics: An introduction*. Cambridge: Cambridge University Press.

- Makodid, V. (2007). *Communication and Miscommunication: A Pragmatic Study of Legal Discourse*. Kan Sai Gaidi: University Japan (Unpublished).
- Mana Maree Federeeshinii, (1987). *Heera Mootummaa Federaalaa*. Finfinnee: mana Maxansaa Biraanifi Salaam.
- Mana Murtii Waliigalaa (2004). *Qajeelfama Sirna Dhaddachaa Lakk.6*. Finfinnee.
- Matras, Y. (2009). *Language Content*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Marschak, J. (1965). *The Economics of Language Behavioral Science*, 10, 135-140.
- Mekacha, D.K. (1993). *The Sociolinguistic Impact of Kiswahili on Ethnic Community Languages in Tanzania: A case study of Ekinata*. Bayreuth: African studies.
- Mitikkuu Dhibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). Seerluga Afaan Oromoo (Orla 114), Hidhaa 2^{ffaa} xinjecha. Finfinnee.
- Mrsers-Socttn. (1997). “*We Just Mix: CS in a South Africa Townsn Interational Journal of the Society of Languages*. Moha. Ennaj and Joshua A. Fishman (eds.), 65-69 NewYork: Mouton de Gruyter.
- Motteram G. (2009). ‘*Social Computing and Teacher Education: An Agend for Course Development’ Innovation in Language Learning and Teaching*, vol.3, no.1, pp. 83-97.
- Muysken, Pieter (1999). *Three Processes of Borrowing: Borrowability Revisited. In Extra, Guus, and Ludo Verhoeven, (eds) Bilingualism and Migiration*. Berlin, Germany: Mouton de Gruyter.
- Muysken, Pieter (2000). *Bilingual Speech: A Typology of Code-Mixing*. Cambridge: CUP.
- Myers-Scotton, C (1993). *Social Motivations for Code switching*. Oxford: Clarendon Press.
- Newmark, P. (1988). *Approaches to Translation*. Landon: Cambridge University Press.
- Nida, E. an Taber, C. (1974) *The Theory and Practice of Translation*. Netherlands: The United Bible Societies.

- Owens, R, (ed). (1996). *The Translators Handbook*. Landon Bell and Bain Ltd: Glasgow.
- Radford, A. etal. (1999). *Lingustics: Introduction*. Cambridge: Cambridge University.
- Rosa, A. and Paul, A. (1996). *The Writer's Brief Hand Book*. Boston: Allyn and Bacon, Ontario
- Schiffrin, D. (1994). *Approaches to Discourse Analysis*. London: T.J Ltd Press, Padstow Corn Well.
- Seera Yakkaa. (1997). *Seera Yakkaa Rippaabiliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa*. Finfinnee: Mana Maxansaa Biraniifi Salaam.
- Spolsky, B. (1998). *Sociolinguistics*. New York: Oxford University Press.
- Stockwell, P. (2002). *Sociolinguistics: A Resource book for Students*. London and New York: Routledge.
- Stubbs, M. (1983). *Discourse Analysis: The Socio Linguistics Analysis of Natural Language*. Horshman: Unicus graphics L. t. d
- Takele Tadesse. (2000). *Ways and Principles of Developing New Words and Technical Vocabulary: The Case of Amaharic*. Addis Ababa: Addis Ababa University Press.
- Teubert, W. (2010). *Meaning, Discourse and Society*. Newyork: Cambridge University Press.
- Tierms, P. 1999. *Legal Language*. Chicago: Chicago University Press.
- Tiersma, P.and Solan, (2005). *Speaking of Crime: the Language of Criminal Justice*. Chicago and London: The University of Chicago Press.
- Todd, L. and Hancock, I. (19986) . *Internatonal English Usage*. London: routledge.
- Wallace, J. B. (1974): *The Level Retreat and Feeding Net of Macronema Carolina Banks*.(Trichoptera: Hydropsychidae):Haydro-biologia.
- Wareing, Sh. and Thomas, L. (1999). *Language, Society and Power. An Introduction*. London: Routledge.
- Warschaur, M. (2003). *Technology and Social Inclusion: Rethinking The Digital Divide*. Cambridge, MA: MIT press.

Wirtuu, (1995). *Barruulee Qormaata waaltina Afaan Oromoo*, Finfinnee Biroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa.

Wodak, R and Meyer, M. (2001). *Methods of Critical Discourse Analysis*: London: Sage Publications Ltd.

Wolff, E. (2000). “*Language and Society*”. In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) *African Languages: An Introduction*. Cambridge University Press.

Wooffit, R. (2005). *Conversation Analysis and Discourse Analysis: A Comparative and Critical Introduction*. London: SAGE Publications Ltd.

Yule, G. (1985). *The Study of Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Yule, G. (2010). *The Study of Language*. (4th ed.). New York: Cambridge University Press.

Yule, J. (2006). *The Study of Language* (2nd ed.). Cambridge: Cambridge University Press.

Zalaalam Amantee (2012). “*Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo: Beeksisa Taappeellaa Magaalaa Adaamaa.*” Yuunivarsiitii Addis Abaaba: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa. Kan hinmaxxafamin.

ሙሉነሽ በቀለ (1976):: “የቋንቋ አጠቃቀም በነገሌ ቦራና::” በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቤኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት:: አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ :: (ያልታተመ)

ትዕግስት አሰፋ (1982) :: “የፍርድ ቤቶች ሥነ-ልቦና አጠቃቀም::” በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቤኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት:: አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ :: (ያልታተመ)

ነጋሽ ቶላ (1978):: “የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ እስታዲዮም::” በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቤኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት:: አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ:: (ያልታተመ)

አመስገን ባሳዘነው (1978):: “የቋንቋ አጠቃቀም በዕድገት ጥጥ ፋብሪካ” :: በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቢ.ኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት። አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ :: (ያልታተመ)

አዲስ ታደሰ (1997):: “በኢትዮጵያ ውስጥ ከሀገር ጋራ ተያያዥነት ያላቸው ጽንሰ ሀሳቦች ስያሜና አሰያየማቸው”:: በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቢ.ኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት። አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ:: (ያልታተመ)

የፍትሐብሔር ሥነ ሥርዓት ሕግ (1952):: አዲስ አበባ:: ብርሃንና ሠላም ማተምያ ቤት::

የፍትሐብሔር ሕግ (1952):: አዲስ አበባ:: ብርሃንና ሠላም ማተምያ ቤት::

ደረጀ መንገሻ (1979):: “የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ ማረሚያ ቤት”:: በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቢ.ኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት። አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ:: (ያልታተመ)

Dabaleewwan

Dabalee "A"

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii

Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii

Af-gaaffii Itti Gaafatamtoota Waajjiraatiif Dhiyaate

Afgaaffiin kun gaaffiiwwan afaanii itti gaafatamtoonni waajjiraalee dhimma itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Hidhabuu Abootee keessatti maal akka fakkaatu qaaccuuf qophaa'edha.

Kutaa 1. Odeeffannoo Waliigalaa

Maqaa mana hojii _____ Saala _____ Umurii _____

Ganda _____ Gahee Hojii _____ Sadarkaa Barnootaa _____

Guyyaa gaaffiin dhiyaate _____

Kutaa 2. Afgaaffiin gaaffiilee bu'uuraa qorannaa kanaa: odeef-kennitootaaf dhihaate

1. Haqa mirkaneessuuf afaan kamitti fayyadamtu?
2. Abbootiin dhimmaafi ragooleen afaan kamitti fayyadamuun yaada isaanii ibsatu?
3. Adeemsa hojii keessatti rakkooleen itti fayyadama afaanii abbooti dhimmaafi ragoolee biraa isiin qunaman jiruu?
4. Namoota itti fayyadama afaaniirratti hubannoo hinqabneef deegarsa akkamitu godhamaaf?
5. Afaan Oromoo afaan haqa ittiin mirkaneessan ta'uusaatti yaada maal qabdu? Ciminaafi hanqina naannoo kana jiruu maali jettu?

6. Hiikni afaan biroorraa gara Afaan Oromootti hiikamu mana murtii keessatti eenyuun raawwatu? Jechoonni teekinikaa ogummaa xiyyeeffatan haalaan hiikamuu?
7. Abbootiin dhimmaa Afaan seeraa akka baraniif haalli mijate jiraa?
8. Qajeelfamni itti fayyadamni Afaan Oromoo hanga mana murtii waliigala Oromiyaa qofatti jedhu jiraa?

Galatoomaa!

Dabalee B

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii

Muummee: Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii

Bargaaffii Abbootii seeraa, Abbaa alangaa, Pooliisiifi Abukaatoota Mana Murtii

Aanaa Hidhabuu Abootee Hojjataniif Qophaa'e.

Kutaa 1.Yaada Waligalaa

Gaaffiiwwan armaan gadii qorannoo Haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee qaaccessuuf kan qophaa'aniidha. Kaayyoon qorannichaas, qorannoo itti guuta digirii lammaffaaf kan wixineeffame ta'ee, argannoon qorannichaa immoo haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti maal akka fakkaatu hubachiisuun yoo hanqinni mul'ate yaada furmaataa kennuufiidha. Qoratichi, deebii isin laattan hundaaf duraan dursee isin galateeffachaa, deebiin isin laattan kamiyyuu akka dogongorratti akka hin ilaalamne isin hubachiisuun barbaada. Kanaaf, deebiin isin amanamummaan laattan bakka ga'umsa qorannoo kanaatiif iddoo guddaa qaba. Deebii keessan irratti maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.

Galatoomaa !

Kutaa 2. Odeeffannoo Waliigalaa

Gaaffiiwwan haala waliigalaatti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti ilaalattu. Kanaaf, gaaffiiwwan kanneen qabxii isiiniif kennamerratti hundaa'uun akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa hojii qabatamaa amma keessa jirtan bu'uura godhachuun gaffii malattoo 'x' gochuudhaan deebii keessan kennaa.

1. Saala Dhiira Dhalaa
2. Sadarkaa barnootaa: Sartafikeetii Diploomaa Digirii MA
3. Haala hojii: Abbaa seeraa Abbaa alangaa Poolisii Abukaatoo

4. Umurii: 20-25 26-30 31-35 36-40 41fi ol

5. Gosa barnoota ittiin leenjifame _____

6. Muuxannoo hojii _____

Kutaa 3.Bargaaffii

A. Gaaffiiwwan armaan gadii haala waligala itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti ilaallatu. Kanaaf, gaaffiiwwan kana qabxii isiniif kennamerratti hundaa’uun, akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa haqa mirkaneessuu amma keessa jirtan bu’uura godhachuun deebii keessan kennaa.

1. Haqa mirkaneessuuf Afaan kamitti fayyadamtu ?

Afaan Oromoo Afaan Amaaraa Afaan Ingilifaa Hunda

2. Abbootiin dhimmaafi ragooleen afaan kamitti fayyadamuun yaada isaanii ibsatu?

Maaliif _____

4. Mana murtii keessatti Afaan Oromoo ga’umsaan dubbachuun dirqamaa?

Eeyyeen Lakkii

5. Haqa mirkaneessuu keessatti kitaabolee seeraa afaan kamiin barreeffameetti fayyadamtu?

Afaan Oromoo Afaan Amaaraa Afaan Ingliffaa Hunda

6. Itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessa jiru haala kamiin madaaltu?

Mijataadha Rakkisaadha

7. Haqa mirkaneessuu keessatti jechooni haaraan yeroo isiin muudatan haala kamiin hiiktu?

Galmee jechootaatti fayyadamuun Haala galumsa isaatiin

Akkuma jirutti fudhachuun Hundumaa fayyadamuun

8. Hiikni afaan tokko gara afaan birootti taasifamu haqa mirkaneessuu keessatti gaheen inni qabu hagam ?

Baay'ee olaanaa Olaanaa Giddugaleessa Xiqqaa

Sababni isaa osoo ibsamee.

9. Dhimmoonni armaan gadii haala fayyadama afaan mana murtii keessatti dhiibbaa qabu moo hinqaban?

a. Sodaa _____

Maaliif ? _____

b. Dhiphuu _____

Maaliif? _____

c. Gammachuu _____

Maaliif _____

d. Wantoonni biroo yoo jiraatan yaa ibsaman _____

10. Itti fayyadama afaanii irratti rakkooleen kan akka jechootaa, garaagarummaa afaanii waliin dubbii keessan daangeessan jiruu?

Eeyyeen Lakkii

11. Gaaffii lakkoofsa 10 deebiin keessan eeyyeen yoo ta'e wantoota waliin dubbii keessan daangeessaan

ibsa _____

12. Abbootiin dhimmaafi ragooleen jechoota seeraa karaan ittiin baratan qophaa'eef jiraa?

Eeyyeen Lakkii

Sababoota isiinitti fakkaatu ibsa _____

13. Afaan Oromootiin dhaddacha ijibbaataa kan federaalaa irratti akka hingaggeeffamne qajeelfamni daangeessu jiraa?

Eeyyeen Lakkii

Sababni isaa osoo ibsamee _____

14. Adeemsa haqa mirkaneessuu keessatti rakkoolee itti fayyadama afaaniirraatti agartan tarreessaa _____

15. Afaan Oromoo Afaan seeraa ta'ee ittiin hojjatamaa jira. Yeroo kana keessatti ciminaafi hanqina adeemsa kana keessatti isiin qunnaman naaf ibsaa.

Dabalee C

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii

Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii

Bargaaffii Abbootii dhimmaafi Ragooleef Haala Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abooteetti qophaa’e.

Kutaa1. Yaada Waliigalaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii qorannoo haala fayyadama Afaan Oromoo qaaccessuuf qophaa’aniidha. Kaayyoon qorannichaas, qorannoo itti guuta digirii lammaffaaf kan wixineeffame ta’ee, argannoo qorannichaatiin immoo haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti maal akka fakkaatu qaacceessuun hubachiisuu danda’amurratti yoo hanqinni mul’ate yaada furmaataa kennuuf. Qoratichi, deebii isin laattan kamiyyuu akka dogoggoraatti akka hin ilaalle isin hubachiisuu barbaada. Kanaaf, deebii isin amanamummaan laattan, bakka ga’umsa qorannoo kanaatiif iddoo guddaa qaba. Deebii keessan irratti maqaa keessan hin barreessinaa.

Galatoomaa!

Kutaa 2. Odeeffannoo waliigalaa

1. Saalaa dhiira dhalaa
2. Umurii 18-25 26-35 36-55 56 ol
Afaan tokkoffaa _____ Afaan lammaffaa _____
Afaan sadaffaa _____
3. Haala Barnootaa Kanbarate Kan hinbaratiin
4. Bakka Jireenyaa Magaalaa Baadiyyaa
5. Dhimmi isaa; Himataa Himatamaa Ragaa

Kutaa 3. Bargaaffii

Gaaffiiwwan armaan gadi haalli waliigala Itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti maal akka fakkaatu agarsiisuu irratti xiyyeeffata. Kanaaf, gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa amma qabatamaan mana murtii keessatti argiitan bu’uura godhachuun deebii keessan kennaa.

1. Dhimma keessan mana murtiitti afaan kamiin dhiyeeffatu?

Afaan Oromoo Afaan Amaaraa Kan biroo

2. Itti fayyadama afaanii mana murtii keessatti qabdan wantoonni daangeessan jiruu?

Eeyyeen Lakkii

Deebiin keessan “eeyyen” yoo ta’e sababa isaa osoo ibsitanii

3. Itti faayyadama afaan mana murtii keessatti qabdan haala kamiin madaaltu?

Baay’ee gaarii Gaarii Xiqqaa

Sababa isaa osoo ibsitanii

4. Jechoota armaan gadii dubbiisuun “sirritan hubadha” “gidugaleessaanan hubadhaafi” “hubachuuf natti cima” jechuun gabatee armaan gadii keessatti mallattoo √ guutuun agarsiisi.

Jechoota	Sirritan hubadha.	Gidugaleessaanan hubadha.	Hubachuuf natti cima.
Abukaatoo			
Jecha kakuu			
Amekroo			
Turtii yeroo			
Sanada			
Dhorkaa			
Dhaddacha			
Gaaffii qaxxaamuraa			
xalayaa waamichaa			
Adabbii salphiisuu			
Adabbii cimsuu			
Kisaaraa			
Dubbii fixaa			
Ol iyyannoo			
Ijibaata			

Jechoota gabatee armaan olii keessatti tarreeffaman irratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadii kana deebisi.

a. Sirritan hubadha yoo jette, sababa isaa osoo ibsamee

b. Hubachuuf na rakkisa yoo jette sababa isaafi furmaata isaa osoo ibsite

c. Jiddu galeessaan hubadha yoo jette sababni isaa osoo ibsamee

5. Dhimmoota abbaan Seeraa dhaddacha irratti dubbatu sirriitti hubattuu?

Eeyyeen

Lakkii

Lakkii yoo jettan sababa isaa

6. Waliin dubbii Abbaa Seeraa waliin mana murtii keessatti qabdan haala kamiin madaaltu?

Olaanaa

Giddugaleessa

Xiqqaa

Sababni isaa yaa ibsamu.

7. Haaloonni mana murtii keessa jiran hawaasni afaan isaa seeraan akka itti fayyadamu taasiisaa?

Eeyyen

Lakkii

Sababni isaa osoo ibsamee.

8. Hiika afaan biroo gara Afaan Oroomotti ta’u eenyuutu isiiniif hiika?

Ogeessa seeraa Ogeessa afaanii Nama eeyyama hiikaa qabu Kanbiroo

9. Yeroo abbaa Seeraa fuldura dhaabbattan maaltu isinitti dhagahama? Sodaamoo gammachuudha?

Sodaa

Gammachuu

Maaliif _____

10. Haala fayyadama afaaniin walqabatee mana murtii keessatti akka rakkootti kan argitan ibsaa.

11. Rakkoo haala itti fayyadama afaaniin walqabatee mana murtii keessa jiraniif furmaata ta’uu danda’u jettu

ibsi. _____

Dabalee D

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii

Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii

Cheek-Listii Daawwannaafi Sakatta'a Dookimantii Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abooteef Qophaa'e.

Kutaa1. Sirna Fayyadama Haasbarruu, Jechootafi Haala Jijjiirraa Mana murtii

1. Afaan ulfina kennuun waan namatti dhagahame, galateeffachuufi mormii ittiin dhiyeeffachuu yoomiifi eessatti dhiyaata?
2. Jechoota kakuu yoomiifi akkamitti fayyadamuu?
3. Gaaffiin qulqulleeffannaa eenyuufi yoom dhiyaata?
4. Gaaffiin ragaa baatota ilaalatu eenyuuniifi yoomi dhiyaata?
5. Gaaffiin qaxxaamuraa haala kamiin dhiyaata ?
6. Gaaffiin irra deebii yeroo akkamiifi maaliif dhiyaata?
7. Hiikan afaan biroo irraa Afaan Oromootti taasifamu dhimmoota akkamiifi eenyuun taasifama?
8. Jechoonni haaraan mana murtii keessatti haala akkamiin uumamu?

Ibsa

A. Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunvarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatin ta'uu isaa, akkasumas wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____